# DAMBII ITTIIN BULMAATAA MANA MARII DHIMMOOTA ISLAAMUMMAA NAANNOO OROMIYAA

## SEERA MAJLISAA OROMIYAA LK. 2, 2016

**FINFINNEE, OROMIYAA**

**FULBAANA, <u>2016</u> (1445 HIJRAH /2023 A. L. A.)**

بسم الله الرحمن الرحيم

**Maqaa Allaah, Abbaa Rahmataa, (Gooftaa) Mararfataatiin**

**SEENSA**

Akka biyya keenya Itiyoophiyatti Naannoon Oromiyaa baay'ina ummata Muslimaafi bal'ina lafaatiin naannoolee biyyattii mara kan caaltu, Muslimoota biyyattii walakkaa ol kan hammatte; ulamoota, beektotaafi hayyoota Muslimoota gurguddoo Islaamummaaf wareegama kaffalan heduu biyyattiifi addunyaadhaaf kan gumaachite; gaggeessitoota gurguddoo, dargaggootaafi dubartoota qabsaa'oo hedduu biyyattiif gumaachuu isee ilaalcha keessa galchuudhaan;

Hiriira nagaa Muslimoonni Itoophiyaa bara 1966 geggeessanitti aansuudhaan Majlisni Bitootessa 28 bara 1967 (Bara Hijiraa Rabii'ul Awwal 12 bara 1395tti) akka Muslimoota hunda hammatee tokkummaan tajaajiluuf maqaa "Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Itoophiyaa" jed-hamuun hawaasa Muslimaatiin ifatti hundeeffamee bara 2012 labsii lak. 1207/2012 irratti bakka bu'oota ummata R.F.D. Itoophiyaatiin labsamuufi mul'ata Majlisichi bara dhaloota isaa bocate, galmaawwan inni xiyyeeffate, kaayyoowwan inni wixineeffateefi duudhaalee inni qabatee ka'e qabatama yeroo waliin walsimsiisuudhaan humna fooyya'aadhaan raawwachuuf yaaduudhaan;

Yaanni gaariin kun akka milkaa'uuf walakkaa jaarraa darbee kana keessa kallattii majlisni irra deeme, bu'aa ba'ii inni keessa darbeefi rakkoolee muudatan abbummaadhaan qorachuudhaan ci-minaafi laafina isaa adda baasanii hawaasa Muslimaa bal'aa adeemsa isaa irratti hirmaachisuudhaan furmaata dheeraa hunda hammate kennamuun dhimma yaachisaa yeroon itti hin kennamne ta'uu amanuudhaan;

Qabsoon ummanni Muslimaa dhaabbata isa madaaluufi sabaafi sablammii hunda haqaan tajaajilu argachuuf taasise, kan wareegama guddaa kafalee itti milkaa'eefi hawaasni Muslimaa biyyattiis carraa kanatti fayyadamuuf Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Biyyoolessaa uumuu issaa bu'ura godhachuudhaan;

Dambii ittiin bulmaataa Manni Marichaa fooyyessee baaseefi fedhii hawaasa Muslimaa yerootti jiruufi fuuldurattis dhufu bu'ura godhachuudhaan, Muslimoonni Oromiyaa hunduu karaa bakka bu'oota amantii isaaniitiifi ulamoota isaanii ga'eeyyiitiin aangoo heerri mootummaa Naannoo Oromiyaafi R.D.F Itoophiyaa keeyyanni 27(2) fi dambiin majlisa biyyoolessaa keeyyanni 26/2 fi Labsiin lak. 1207/2012 keeyyata 6(2) kan qaama seerummaa majlisa gulantaa hundaatiif kennuuf ba'an irratti hundaa'uudhaan Majlisni Oromiyaa seera isaa fooyya'aa "Dambii Ittiin Bulmaata Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa", yookaan "Majlisa Oromiyaa" kana baaseera.

**BAAFATA** **FUULA**


SEENSA b

BOQONNAA TOKKO: TUMAALEE WALIIGALAA 7
Keeyyata 1: Mata Duree Gabaabaa 7
Keeyyata 2: Hiika Jechootaa 7
Keeyyata 3: Moggaasa 9
Keeyyata 4: Qaama Seerummaa 10
Keeyyata 5: Mirgootaafi Dirqamoota Dabarsuu 10
Keeyyata 6: Asxaa 10
Keeyyata 7: Teessoo Waajjiraalee Majlisaa 11

BOQONNAA LAMA: QAJEELFAMOOTA BU'URAAFI KAAYYOOWWAN
Keeyyata 8: Qajeelfama Bu'uraa 11
Keeyyata 9: Mul'ata Majlisichaa 12
Keeyyata 10: Ergama Majlisichaa 12
Keeyyata 11: Duudhaalee Ijoo 12
Keeyyata 12: Kaayyoofi Gocha Ijoo 13
Keeyyata 13: Ol'aantummaa Ummata Muslimaa 14
Keeyyata 14: Mirgaafi Dirqama Ummata Muslima Naannichaa 15
Keeyyata 15: Bu'urri Muslimaa Qulqulluu Ta'uu 16
Keeyyata 16: Qajeeltoo Islaamaafi Olaantummaa Seera Islaamaa 16

BOQONNA SADII: MURTEEWWAN WALIIGALAA
Keeyyata 17: Sirna Seera Hiikuu 16
Keeyyata 18: Afaan Hojii 16
Keeyyata 19: Seera Majlisaa Maxxansuu fi Raabsuu 17
Keeyyata 20: Bara Hojii Bakk bu'ootaa 17
Keeyyata 21: Haala Gurmaa'insa Caasaa Majlisaa 18
Keeyyata 22: Miseensota Majlisa Godinaa Fi Moggaasa Isaanii 18
Keeyyata 23: Daangaa Aangoo Gulantaalee Majlisaa 18
Keeyyata 24: Caasaalee Addaa 19
Keeyyata 25: Aangoo Seera Baasuu Gulantaalee Majlisaa 19

BOQONNAA AFUR: GURMAA'INA MAJLISA OROMIYAA
Keeyyata 26: Gurmaa'insa Caasaa Bulchiinsa Majlisa Naannoo 20
Keeyyata 27: Hundeeffama Yaa'ii Waliigalaa Majliisa Naannoo 21
Keeyyata 28: Ulaagaalee Miseensummaa Yaa'ii WaliigalaaNaannoo 21
Keeyyata 29: Aangoofi Ga'ee Hojii Yaa'ii Waliigalaa Naannoo 22
Keeyyata 30: Sirna Walga'ii Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Naannoo 23
Keeyyata 31: Sirna Walga'ii Yaa'ii Waliigalaa Ariifachiisaa 24
Keeyyata 32: Hundeeffama Koree Oditii fi Inispekshiinii 24
Keeyyata 33: Aangoofi Gahee Hojii Koree Oditiifi Inispekshiinii 25
Keeyyata 34: Hundeeffama Koree Hojiraawwachiistuu Majlisichaa 25
Keeyyata 35: Ulaagaalee Miseensummaa Hojiraawwachiistuu Majlisa Naannoo 26
Keeyyata 36: Aangoofi Gahee Hojii Hojiraawwachiistuu Naannoo 27


Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

Keeyyata 37 Walga'iiwwan Hojiraawwachiistuu 28
Keeyyata 38: Wantoota Miseensummaa Hojiraawwachiistuu keessaa Nama Baasan 28
Keeyyata 39: Gurmaa'inaafi Ga'ee Hojii Miseensota Hojiraawwachiistuu Majlisichaa 29
Keeyyata 40: Filannoo Pirezdaantii Majlisa Naannoo 29
Keeyyata 41: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Pirezdaantii Majlisa Naannoo 29
Keeyyata 42: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Dursa I/A Pirezdaantii Naannoo 30
Keeyyata 43: Aangoofi Itti Gaafatamummaa I/A Pirezdaantii Naannoo 31
Keeyyata 44: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Barreessaa Olaanaa Naannoo 31
Keeyyata 45: Waajjira Pireezidaantii Naannoo 32
Keeyyata 46: Waajjira Dursa I/A Pirezdaantii Naannoo 32
Keeyyata 47: Waajjira I/A Pirezdaantii Naannoo 33
Keeyyata 48: Waajjira Barreessaa Olaanaa Naannoo 33
Keeyyata 49: Boordii Gorsituu 33
Keeyyata 50: Hojigeggeessaa 34
Keeyyata 51: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Hojigeggeessaa 34
Keeyyata 52: Sababoota Hojigeggeessaan Ittiin Geggeeffamu 36
Keeyyata 53: Itti Aanaa Hojigeggeessaa 36
Keeyyata 54: Waajjira Hojigeggeessaa 37
Keeyyata 55: Ramaddii Hojii Waajjira Hojigeggeessaa 37
Keeyyata 56: Gumii Araaraafi Itti Waamama Isaa 38
Keeyyata 57: Aangoofi Hojii Gumichaa 38

BOQONNAA SHAN: GURMAA'INA

Keeyyata 58: Qajeeltoo Bu'uraa 39
Keeyyata 59: Hundeeffama Yaa'ii Ulamoota Mana Marichaa 39
Keeyyata 60: Ulaagaa Miseensummaa Yaa'ii Ulamaa 40
Keeyyata 61: Haala Miseensummaa Yaa'ii Ulamaa Keessaa Nama Baasu 40
Keeyyata 62: Aangoofi Gahee Hojii Yaa'ii Ulamaa Mana Marichaa 41
Keeyyata 63: Koree Fatwaafi Waajjira Yaa'ii Ulamaa Oromiyaa 43
Keeyyata 64: Aangoofi Gahee Hojii Waajjira Yaa'ii Ulamaa 43
Keeyyata 65: Gurmaa'ina Yaa'ii Ulamaa Oromiyaa. 43

BOQONNAA JA'A: MAJLISA GODINAAFI MAGAALAA

Keeyyata 66: Gurmaa'ina Caasaa Majlisa Godinaa/Magaalaa 44
Keeyyata 67: Yaa'ii Waliigala Majlisa Godinaa / Magaalaa 44
Keeyyata 68: Aangoofi Ga'ee Hojii Yaa'ii Waliigala Majlisa Godinaa/ Magaalaa 45
Keeyyata 69: Baay'inaafi Ulaagaalee Miseensummaa Hojiraawwachiiftuu 46
Keeyyata 70: Aangoo fi Ga'ee Hojii Hojiraawwachiiftuu Godina/Magaalaa 47

BOQONNAA TORBA: MAJLIISA AANAA/ KUTAA MAGAALAA

Keeyyata 71: Gurmaa'ina Caasaa Maliisa Aanaa/Kutaa Magaalaa 48
Keeyyata 72: Ulaagaalee Miseensummaa Hojiraawwachiiftuu Aanaa/Kutaa Magaalaa 48
Keeyyata 73: Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Aanaa/ Kutaa Magaalaa 49
Keeyyata 74: Aangoofi Ga'ee Hojii Yaa'ii Waliigala Majlisa Aanaa/ Kutaa Magaalaa 49

Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa
المجلس الأعلى للشئون الإسلامية في اقليم أوروميا

## BOQONNAA SADDEET: MAJLIISA GANDAA/ ARADDAA


Keeyyata 75: Gurmaa'ina Caasaa Bulchiinsa Gandaa/ Araddaa 50
Keeyyata 76: Miseensota, Aangoofi Hojii Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Gandaa/Araddaa 51
Keeyyata 77: Ulaagaa Miseensummaa Majlisa Gandaa 53


## BOQONNAA SAGAL: GURMAA'INSA CAASAA MAJLIISA MASJIDAA


Keeyyata 78: Hundeeffamaafi Ulaagaalee Miseensummaa Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Masjidaa 53
Keeyyata 79: Aangoofi Gahee Hojii Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Masjida 54
Keeyyata 80: Walga'iiwwan Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Masjidaa 55
Keeyyata 81: Gurmaa'ina Majlisa Masjidaa 55
Keeyyata 82: Aangoofi Hojii Majlisa Masjidaa 56


## BOQONNAA KUDHAN: FILANNOO


Keeyyata 83: Filannoodhaaf Nama Kakaasuu 57
Keeyyata 84: Haala Raawwii Filannoo Hayyootaa 57
Keeyyata 85: Haala Raawwii Filannoo Ulamootaa 59
Keeyyata 86: Wantoota Kaadhimamummaa Nama Hanqisan 59
Keeyyata 87: Akkaataa Dhiheessa Komii 59
Keeyyata 88: Haqama Qabxiin Filannoofi Irradeebii Filannoo 60
Keeyyata 89: Sirna Amantaan Bakkabu'aa Irraa Dhabame Itti Deebifamu 60
60


## BOQONNAA KUDHATOKKO: SIRNA SEERRI MAJLISICHAA ITTIIN FOOYYEFFAMU


Keeyyata 90: Yaada Seera Majlisichaa Fooyyessu Maddisiisuu 61
Keeyyata 91: Fooyyessa Idilee Mirkaneessuu 61
Keeyyata 92: Tumaalee Murteessoo Sirna Fooyyessa Addaa Barbaadan 62
Keeyyata 93: Kaayyolee Murteessoo Sirna Fooyyessa Addaa 63
Keeyyata 94: Sirna Fooyyessa Addaa 63


## BOQONNAA KUDHALAMA: TUMAALEE ADDA ADDAA


Keeyyata 95: Miseensummaa Majlisaafi Buusii Miseensummaa 63
Keeyyata 96: Madda Galii Majlisaa 63
Keeyyata 97: Faayidaa Addaa Hoggantoota Kabajaan Geggeeffamanii 63
Keeyyata 98: Yeroo Dambichi itti Ragga'u 64

# BOQONNAA TOKKO: TUMAALEE WALIIGALAA

**Keeyyata 1: Mata Duree Gabaabaa**

Dambiin Majlisa Oromiyaa kun dambii Majlisa Federaalaa bara 2015 keessa labsii lak. 1207/2012 hojiitti hiikuuf fooyya'ee bahe keeyyata 26/2 irratti hundaa'uudhaan "Dambii ittiin bulmaata Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa" ykn gabaabinaan "Dambii Majlisa Oromiyaa" jedhamee waamamuu danda'a.

**Keeyyata 2: Hiika Jechootaa**

Yoo haalli galumsaa hiika biraa kennisiiseef malee seera majlisaa kana keessatti

1. "Labsii" jechuun Labsii Mana Marii Bakka Bu'oota Ummata R.D.F.I lakkoofsa 1207/2012 irratti majlisaaf ykn Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa gulantaa hunda irra jiraniif qaama seerummaafi beekamtii kennuuf ba'e jechuudha.
2. "Dambii" jechuun Dambii Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa bara 2016 fooyya'ee bahe jechuudha.
3. "Majlisa" jechuun maqaa waloo Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa federaalaa kaasee hanga masjidaatti gulantaa hundarratti gurmaa'ee jiruuti.
4. "Majlisa Oromiyaa" jechuun Mana Marii ol'aanaa Dhimmoota Islaamummaa naannoo Oromiyaa jechuudha.
5. "Caasaa bulchiinsaa" jechuun yaa'ii waliigalaa kan naannicha keessatti aangoo olaanaafi masjida naannoo isa sadarkaa dhumaa irra jiru dabalatee caaseffama mootummaa Naannoo Oromiyaatiin hanga gandaatti diriirfameen walfaana kan diriirfame ta'ee bulchiinsa godinaa ykn Godina addaa, Magaalaa, Kutaa Magaalaa, kan Aanaa ykn Aanaa addaa fi kan Gandaa of keessatti hammata.
6. "Ganda/Araddaa" jechuun caasaa bulchiinsa Mootummaa isa dhumaa kan Aanaa gaditti, Majlisa masjidaatii olitti argamuudha.
7. "Yaa'ii Waliigalaa" jechuun yaa'ii bakka bu'oota ummata Muslimaa bal'aafi ulamoota irraa filataman, akkasumas bakka bu'oota qooda fudhattoota Muslimaa akka miseensaatti hammatee gulantaa majlisaa hundarratti dambii kanaan gurmaa'ee gulantaa jiru hundatti aangoo ol aanaa kan qabuudha.
8. "Hojiraawwachiiftuu Majlisaa" jechuun koree olaanaa dhimmoota mana marichaa itti gaafatamummaan hogganu, to'atuufi raawwachiisu ta'ee yaa'ii waliigalaatti aanee aangoo olaanaa kan qabu jechuudha.
9. "Boordii Gorsituu" jechuun garee namootaa kanneen ogummaafi hojii adda addaa ilaalchisee pirezdaantiifi miseensa hojiraawwachiiftuu gorsan jechuudha.
10. "Masjida" jechuun dhaabbata ibaadaa (Rabbiin gabbaruu) imaamaafi mu'azzina dhaabbataa qabu naannicha keessatti argamu hunda, salaata waqtii shanan irratti Muslima hundaaf banaa ta'ee majlisaan, dhaabbata adda addaatiin, waqfiidhaan ykn kanneen namoota dhuunfaatiin bulan hunda ni hammata.

11. "Majlisa masjida naannawaa" gulantaa majlisaa sadarkaa gadii isa dhumaafi kan hawaasatti dhihoo ta'ee caasaa aanaafi gandaa ykn araddaa gaditti argamuufi hirmaannaan Muslimaa kallattiin itti geggeeffamu, Muslimoonni naannoo masjida tokkoo jiraatan yaa'ii waliigalaa keessatti hammatamaniidha.

12. "Bakkeewwan ykn dhaabbilee Islaamawaa" jechuun masjida, madrasaa, waajjira dhimmi Islaamaa itti geggeeffamu, manneen Qur'aanaa, waqfii, dirree salaata Iidaa, wiirtuu qorannoo, qu'annoofi aadaalee Islaamawaa, zaawiyaa baadiyyaa, Hariimaa, khalaawii, dhaabbilee misoomaa ykn qabiyyee hawaasa siivikii kanneen Islaama bu'ura godhatan, god-hambaa Islaamaa, afooshaa Islaamawaa, miidiyaalee Islaamaa, dirree bashannanaa Islaamawaa, mana murtii sharii'aa, afooshaa gargaarsaa, bakka awwaalchaafi bakkeewwan kana fakkaatan hunda ni hammata.

13. "Muslima" jechuun nama amantii Islaamaa hordofuufi arkaana Islaamaa qeebale ta'ee keessumaa gabbaramaan dhugaa Allaah qofa ta'uu fudhatee Nabiyyiin Muhammad [saw] ergamaafi nabiyyii Rabbii isa dhumaa ta'uu amaneefi ragaa ba'e hunda hammata.

14. "Muslima Itoophiyaa" jechuun Muslima ta'ee nama lammummaa Itoophiyaa qabu ykn dhalataa Itoophiyaa ta'e ykn maatii Itoophiyaa irraa dhalate ykn nama dhalataa Itoophiyaa ta'e irraa dhalate ta'ee tajaajila majlisaa argachuu ilaalchisee Muslima Itoophiyaa kan Itoophiyaa keessas ta'ee biyya alaa jiraatu hunda ni dabalata.

15. "Muslima Oromiyaa" jechuun Muslima Itoophiyaa kan Naannoo Oromiyaa keessa jiraatu jechuudha.

16. "Jamaa'aa" jechuun hawaasa Muslimaa masjida irraa eegalee gulantaa majlisaa hundarra jiraataniidha.

17. "Bakka bu'aa Muslimootaa" jechuun bakka bu'aa Muslimootaa kan miseensi yaa'ii waliigalaa gulantaa majlisa masjida naannoo ykn jamaa'aan hundi miseensa ofii keessaa filatu ta'ee majlisa gulantaa hundaa irratti yaa'ii waliigalaatiin filatamee miseensa yaa'ii waliigalaa majlisa federaalaa ykn majlisa Oromiyaa ta'ee kan filatame jechuudha.

18. "Filatamtoota Ummataa" jechuun bakka bu'oota ummataan filataman kanneen masjida naannoo isaanii kan itti sagadan keessatti miseensa ta'anii galmaa'anii buusii ji'aa maallaqaan ykn humnaan kaffaluuf fedhii qaban jechuudha.

19. "Afayaa'ii" jechuun nama yaa'ii waliigalaatiin filatamee yaa'ii waliigalaa hogganuudha.

20. "Fatwaa" jechuun ibsa Islaamawaa gaaffilee amantii kanneen hawaasicha keessatti ka'aniif maddoolee amantichaa bu'ura godhatanii, akkasumas barsiisa Islaamaa sirriitti fayyadamuudhaan aalimaan ykn aalimootaan (hayyoota Islaamaatiin) kennamuudha.

21. "Waqfii" jechuun sirna kennaa Islaamawaa namni dhuunfaa ykn dhaabbanni ykn waldaan tola oolu kamuu qabeenya isaa ykn bu'aa qabeenya isaa irraa argamu fayyadamtootaaf ykn sirnoota fayyadamuu dursanii murtaa'aniif akka tajaajiluuf kennamuudha.

22. "Zakaa" jechuun kennaa dirqamaa qaama ibaadaa ta'e kan Muslimni kamuu karaa seera qabeessaan qabeenya oomishate kanneen socho'aniifi hin sochoone hanga, sirnaafi yeroo



Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa
المجلس الأعلى للشئون الإسلامية في اقليم أوروميا

sharii'aan murteesse keessatti qaamolee haqa godhataniif kennamuudha.

23. "Sadaqaa, hibaa, wasiyyaa" jechuun sirna arjooma qabeenyaa ykn kennaa Islaamawaa dirqama hin taane kan Muslimoonni dhuunfaanis ta'ee gareedhaan yeroo lubbuun jiran keessa ykn erga du'anii akka raawwatamuuf jecha tajaajila hojii gaarii, kaayyolee namoomaafi kan kana fakkaataniif akka oolu kennaniidha.

24. "Mootummaa" jechuun yoo kan biyya biraa ta'uun ifaan ibsame malee mootummaa federaalaafi naannoo kan R.D.F.Itoophiyaatiin dhaabbate yoo ta'u bulchiinsa Finfinneefi Dirredhawaa, akkasumas imbaasii R.D.F.I biyya alaatti argamu ni dabalata.

25. "Rippaablika" jechuun Rippaablika dimokraatawaa federaalawaa Itoophiyaa jechuudha.

26. "Heera mootummaa" jechuun heera mootummaa Naannoo Oromiyaafi R.D.F.Itoophiyaati.

27. "Mootummaa Naannoo Oromiyaa" jechuun bulchiinsa naannoo dabalatee caasaa godinaa ykn magaalaa irraa jalqabee hanga gandaatti kan amma heera mootummaa naannichaatiin caqasamaniifi kanneen adeemsa seera qabeessaan gara fuulduraatti uumamanii miseensa caasaa bulchiinsa naannoo Oromiyaa ta'aniidha.

28. "Muftii" jechuun aalima beekumsa Qur'aanaafi Hadiisaa gadi fagoo qabu, naasikhaafi mansuukha, Usuulaafi maqaasida sharii'aa, Aammiifi Khaassii, Ijmaa'aafi Qiyaasa, seerlugha Arabiffaa adda baasee beeku ta'ee gaaffilee isaaf dhihaataniifi taateewwan haaraa uumamaniif deebii kan kennu, akkasumas ulaagaalee muftii kan ulamoonni Fiqhii keessatti ibsan kan guuttate ta'ee qaama aangoo kanaa qabuun beekamtiin kan kennameefiidha.

29. "Hojigeggeessaa Olaanaa" jechuun itti gaafatamaa hojii kan bu'ura dambii ittiin bulmaataa kanaafi qajeelfama raawwii qacarriifi muudama mana marichaatiin muudamu ykn qacaramu ta'ee hojiraawwachiiftuutti aanee dhimmoota bulchiinsaafi hojiilee guyyaa guyyaa mana marichaa kan raawwatu jechuudha.

**Keeyyata 3: Moggaasa**

1. "Manni marii ol'aanaan Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa" maqaa gabaabaan "Majlisa Oromiyaa" kan jedhamu naannoo Oromiyaa keessatti Islaamummaafi Muslimoota ilaalchisee caasaa majlisa naannichaa keessatti aangoofi itti gaafatamummaa dhimma amantii guutuu kan qabu ta'ee, dhaabbata ummata Muslimaa bulchiinsa amantii olaanaa ta'ee dambii kanaan gurmaa'eedha.

2. "Majlisni caasaalee bulchinsaafi hoji raawachiiftuu dambii Majlisa Federaalaafi kan Oromiyaa kanaan Naannoo Oromiyaafi caasaalee bulchiinsa isaa keessatti ijaaraman, gulantaalee bulchiinsaa keessatti argamanitti dhimma Islaamaa fi Muslimoota ilaallatu taayitaa dambii majlisaa kanaan daangeffame keessatti bulchiinsa amantaa olaanaa kan aangoo amantii fi itti gaafatama guutuu qabu ta'ee gurmaa'eera.

3. Lammiileen Muslimootaa guutuu naannichaa keessatti argaman masjida naannoo mana jireenya isaaniitti argamutti miseensa dhaabbataa ta'anii galmaa'uudhaan yaa'ii waliigalaa



Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa
المجلس الأعلى للشؤون الإسلامية في اقليم أوروميا

akka ta'aniif "Manni Marii Jiraattota Muslimaa masjida naannoo" caasaa majlisaa isa dhumaa kan gadii ta'ee dambii majlisaa kanaan kan dhaabbate yoo ta'u Muslimoonni naannoo masjinni hin jirre jiraatan immoo "Mana Marii jiraattota Muslimaa naannoo masjida dhabeeyyii" fakkii sanaatiin bakka bu'aa majlisa dhumaa ta'ee yeroodhaaf akka tajaajilu aangoo wal fakkaatuun ijaarameera.

**Keeyyata 4: Qaama Seerummaa**

1. Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa naannoo Oromiyaa irraa jalqabee kanneen hanga gulantaa gadiitti jiraniifi dhaabbileen gara fuulduraatti hundeeffamaniifi waajjirri isaanii dameen hundinuu bu'ura labsii lakk. 1207/2012tiinfi hojiirra oolmaa labsii kanaatiif dambii Majlisa Federaalaafi Oromiyaatiin ba'uun qaama seerummaa ni qabaatu.
2. Sanadniifi dhimmi chaappaan dhaabbatichaa, asxaaleen isaa, beeksisas ta'ee maqaan dhaabbatichaa irratti dubbatamu hunduu maqaa dhaabbata isaanii dambii majlisaa kanaan isaaniif tumame qofa fayyadamu.
3. Dambiin Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa kun dhimma Muslimoota naannoo Oromiyaa ilaalchisu hunda irratti seera olaanaadha. Namoonni dhuunfaafi dhaabbileen Islaamaa kamuu dambii kana kabajuu dirqama qabu. Qajeelfamni hojiirra oolmaa dambii kanaa ilaalchisee ba'u kamuu dambii kana yoo faallesse fudhatama hin qabu.
4. Gulantaa Majlisaa kamirrattuu caasaan majlisaa Mana Marii tokkoon ala jiraachuu hin danda'u. Innis majlisa ummatichaan filatameefi caasaa gubbaa isaa jiruun beekamtiin kennameef qofa; qaamni kanaan ala "ani majlisa" jedhu, kan dhaabicha arrabsu ykn dhaabni Islaamaa dambii kanaaf hin ajajamu jedhu yoo jiraateef seera biyyattii rogummaa qabuun kan itti gaafatamu ta'a.

**Keeyyata 5: Mirgootaafi Dirqamoota Dabarsuu**

1. Bu'ura labsii lakk. 1207/2012 akkuma majlisni biyyoolessaa bifa haaraan gurmaa'e, mirgoonniifi dirqamoonni "Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa" duraanii hunduu kan irra deebiin dambii majlisaa kanaan bakka buufametti dabarfameera.
2. Bulchiinsi Mana Marii dhimmoota Islaamummaa duraan gulantaa hundarra ture mirgootniifi dirqamoonni tokkummaafi hammattummaa hin faallessine kamuu bulchiinsa majlisa gulantaa isaaniitti dambii majlisaa kanaan dabarfameera. Dambiiwwan duraanii garuu shaaramaniiru.
3. Kanaan dura seeronni ba'aniifi adeemsa hojii keessa darbame keessatti mirgiifi bu'aan waa'ee yaa'iiwwan dhimmoota Islaamummaa ykn mana mariiwwan duraanii ilaallatanii mootummaadhaan baafamaniifi kennaman akka mijaa'een caasaaleefi dhaabbilee adeemsa dambii majlisaa kanaan bakka buufamaniif ni tajaajilu.

**Keeyyata 6: Asxaa**

1. Majlisni Oromiyaa asxaa mataa isaa kan kaayyoo, duudhaafi mul'ata majlisa



Mana Marii Waliigalaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

biyyoolessaafi naannichaa ibsu ni qabaata.

2. Asxichi qabiyyee armaan gadii ni qabaata:
   2.1 Qubeellaa geengoo keessa suuraa masjidaa minaaraa sadii qabutu jiraata.
   2.2 Suuraa Qur'aanaa qabaachuu wajjin suuraa masjidichaa geengoo gubbaa irratti "Bismillaahi Arrahmaan Arrahiim" kan jedhu Arabiffaan irratti barreeffame.
   2.3 Mirgaafi bitaa suuraa Qur'aanaatti mataa qamadiitu jira.
   2.4 Ramaddiin asxichaa halluu magariisa qabaata.
3. Hiika asxichaa:
   3.1 Qubeellaan geengoon addunyaa guutuu kan akeeku yoo ta'u Islaamni amantii addunyaa guutuu ta'uu akeeka.
   3.2 Minaaraaleen masjidaa immoo ka'umsiifi bu'urri Islaamaa cimaan masjida ta'uu, ibaadaafi bakki ibaadaan itti geggeeffamu hunduu Rabbiin qofa gabbaruudhaan kan geggeeffamu ta'uu akeeka.
   3.3 Suuraa Qur'aanichaa irratti barreeffamni Arabiffaa hiika "maqaa Rabbii akkaan mararfataa akkaan rahmata godhaa ta'eetiin" jedhu qabu taa'uun Islaamni hortee namaafi uumama hundaaf seera Rabbii marartee qabu ta'uu akeekuun Islaamni jaalala hunda hammate, obbolummaa namoomaafi waliin ta'uudhaaf dursa addaa akka kennu akeeka.
   3.4 Mataan qamadii kan mirgaafi bitaa Qur'aanaatti faallaa waliitti argaman Oromiyaan dachii badhaatuu ta'uu, Islaamni amantiifi misooma walitti qabee guddina irratti xiyyeeffatee kan socho'u ta'uu, suuraan isaa guddaan amaluma isaa uumamaa kan misoomaafi nageenya maddisiisu akka ta'e akeeka.
   3.5 Minaaraawwan sadan masjiidolee qulqulluu sadan (Ka'abaa, Masjida Nabawiifi Masjid Al- Aqsaa) agarsiisu.
4. Naannoo Oromiyaa hunda keessatti majlisni gulantaa kamiituu asxaa majlisa Oromiyaa kan fayyadamu ta'a.

**Keeyyata 7: Teessoo Waajjiraalee Majlisaa**

1. Teessoon waajjira Majlisa Oromiyaa ol aanaan Finfinnee ta'a. Teessoon majlisa godinaa, magaalaa, godina addaa, aanaa, aanaa addaafi gandaa immoo magaalaa gudditti bakka caasaa sanaa ta'a. Majlisni masjida naannoo immoo mooraa masjidichaa keessatti ta'a.
2. Jiraattonni Muslimaa masjida hin qabne immoo bakka hojii majlisa naannoo itti raawwatan biiroo ykn mana galmee ykn bakka isaan fakkaatu mijaa'aa dhiheenyatti ykn naannootti argamu fayyadamuu danda'u.
3. Majlisni Oromiyaa sadarkaa idiladunyaatti hojii halaal hojjata waan ta"eef yeroo hojiif barbaachiseefi haalli jiru mijaa'aa ta'ee argametti hojimaata hordofee biyya alaatti waajjira banachuu ni danda'a.

## BOQONNAA LAMA: QAJEELFAMOOTA BU'URAAFI KAAYYOOWWAN

**Keeyyata 8: Qajeelfama Bu'uraa**

Manni Marii olaanaan Dhimmoota Islaamummaa naannoo Oromiyaa dhaabbata hawaasa



Mana Marii Waliigalaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

Muslimaa kan amantii Islaamaa tiksuufi dhimmoota amantii olaantummaan kan hogganu, tokkummaafi gamtaa ummata Muslimaa cimsuudhaan haala ummanni Muslimaa amantii isaa bilisummaan raawwatuufi babal'isu harka caalu ulamoota ga'umsa qabaniin kan hogganamuudha. Walumaa galatti majlisichi qajeelfamoota hojimaata armaan gadii bu'ura godhatee hojii isaa raawwata.

1. Qur'aanaafi hadiisa, ijmaa'aafi qiyaasa irratti hundaa'ee fi hordofee hojjachuu,
2. Loogii siyaasaafi kanneen biroo kam irraayyuu qulqullaa'ee hojii amantii hojjachuu,
3. Amaloonniifi duudhaaleen Islaamaa hawaasa keessatti akka gadi dhaabbataniif fakkeenya ta'ee hojjachuu.
4. Itti gaafatamummaa dambii majlisaa kanaan itti kenname ba'achuufi hawaasa bal'aa tajaajiluuf jecha gulantaa majlisaa sadarkaa hunda irra jiran biratti sirna qajeelfamaa giddugaleessa hin taane/decentralization hordofee caasaalee isaa cimsuu.
5. Miira bakka bu'aa oomishaa deemuutiin hojii raawwachuu (Succession).
6. Hawaasni Muslimaa hordoftoota amantii biroo wajjin hariiroon isaan qaban bu'ura wal kabajuu irratti kan hundaa'e ta'uu fudhachuu,
7. Hojiilee carraaqqii ummata biyya keenyaa guutuu gaafatan keessatti akka hawaasni Muslimaa fakkeenya ta'ee ga'ee dursaa qabaatu dandeessisuu,
8. Tokkummaan Islaamaa kan hin jeeqamneefi, beekumsaafi hubannoo gadi fagoo gurmeessuun hawaasa Muslimaa gadi fageessee yaadu kan duudhaalee Islaamaa milkii guddaadhaan dhalootaa dhalootatti dabarsu yaada argamsiisuutiin socho'uudha.

**Keeyyata 9: Mul'ata Majlisichaa**

Mul'anni Majlisa Oromiyaa Hawaasa Muslima naannichaa dammaqaa, tokkummaa isaa eegee Islaamaan jiraatu eeyyama Rabbiitiin uumamee arguudha.

**Keeyyata 10: Ergama Majlisichaa**

Sirna bulchiinsaa barnoota Islaamaatiin hogganamu kan amala gaariifi dandeettii bu'ura godhate diriirsuudhaan hawaasa Muslima naannichaa gurmaa'e, itti gaafatama baadhatu, bilchina sammuu qabu, kan amantiin, hawaasummaafi diinagdeen dagaage, misoomaafi nageenya biyyattii irratti sirriitti hirmaatu uumuudha.

**Keeyyata 11: Duudhaalee Ijoo**

Majlisni hojii isaa duudhaalee armaan gadii irratti hundaa'ee hojjata:

1. Ikhlaasa: bu'aa addunyaa caalaa Aakhiraa dursuu,
2. Tajaajilaa ta'uufi fedhii qabaachuu: miira tajaajilaatiifi fedhii irratti hundaa'een tajaajila kennuu,
3. Wal qixxummaafi haqa raawwachuu: ummata Muslimaa wal qixxummaafi haqaan tajaajiluu
4. Ogeessumma: adeemsa hojii fi tajaajila filatamaadhaan hojii geggeessuu
5. Wal gargaaruufi obbolummaa: miira walii yaaduu, walii galteefi obbolummaa Islaamaatiin hojjachuu
6. Amanamummaa: ummata Muslimaa obsaafi amanamummaan, miira amaanaa eeguutiin tajaajiluu
7. Hammataafi hirmaachisaa: haala qoqqobbii irraa bilisa ta'een Muslimoota hundaawuu bifa hammataafi hirmaachisaa ta'een hojii dhaabbatichaa geggeessuu

8. Iftoominaafi itti gaafatamummaa: miira iftoominaafi itti gaafatamummaatiin tajaajila kennuudha

9. Fakkeenyummaa: hoggansaafi sochii da'ãwaa fi khidmaa keessatti namoota birootiif fakkeenya ta'anii hojjachuudha

**Keeyyata 12: Kaayyoofi Gocha Ijoo**

Majlisni akka dhaabbata bulchiinsa amantiitti kaayyoofi gochaawwan armaan gadii qaba:

1. Muslimoota Oromiyaatiif tajaajila amantii kennuu
2. Muslimoota jidduutti hojii obbolummaa Islaamaa, waliif yaaduufi tokkummaa ijaaruu dandeessisu hojjachuu
3. Tajaajila imala hajjiifi umraa ariifataafi loogii irraa kan qulqullaa'e godhuu
4. Dhaabbilee barnoota Islaamaa, manneen kitaabaafi madrasaalee sadarkaa oolmaa daa'immaniitii kaasee hanga Yunivarsitiitti ijaaruu, akka ijaaraman gargaaruu, akkasumas sirna barumsaa sirrii bocuudhaan aalimoota oomishuufi hawaasa Muslimaa tajaajiluu
5. Masjiidolee ijaaruufi ijaarsisuu, bulchiinsa isaanii hogganuu, sagantaafi sirna da'awaa ijaaruu, daa'iiwwanii fi imaamota leenjisuu, ga'umsa kennuufi cimsuu
6. Mirgiifi faayidaan amantii Muslimoota Oromiyaa akka kabajamuuf mootummaa wajjin qindaa'anii hojjachuu
7. Akka amantiin Islaamaa biyya keenya keessa babal'atuuf hojii da'awaa irratti hojjachuu, dhuunfaafi dhaabbilee karaa seera qabeessaan hojii da'awaa irratti hirmaatan gargaaruu
8. Sochii misoomaa baay'ee kanneen akka barumsaa, faayinaansii, jireenya hawaasaafi kkf biyyi keenya geggeessaa jirtu keessatti hirmaannaan hawaasa Muslimaa akka daran cimuuf hojii hubannoo uumuu duudhaalee Islaamaa bu'a qabeessa barnoota amantii Islaamaa irratti hundaa'e hojjachuu
9. Adeemsa kenniinsa ykn raawwii da'awaa naannoo Oromiyaa keessa jiru hogganuu, qajeelfamootaafi kallattiiwwan kaa'uu
10. Dhaabbilee amantichaa, masjiidoleefi bakkeewwan awwaalchaa argamsiisuufi kanneen jiran seera qabeessa akka ta'an gochuu fi akka ciman gochuu
11. Galii kaayyolee isaa raawwachiisuuf barbaachisan argamsiisuuf hojii galii maddisiisuu kan sharii''aafi labsiin majlisaaf beekamtii kenne eeyyaman hojjachuun majlisa cimsuu
12. Rakkooleen uumamaa ykn namtolcheen kanneen sochii hawaasaa qindaa'e gaafatan ykn dhukkubni ulfaataan fayyaa ummataa rakkoof saaxilu biyya keenya keessatti yoo uumame hawaasni Muslimaa dirqama lammummaa isaa akka ba'atuuf hojii qindoominaa akka fakkeenyaatti fudhatamu hojjachuu
13. Nageenyaafi misooma ilaalchisee dhaabbilee amantii biroo wajjin wal kabajuufi wal gargaaruun hojjachuu; akkaataa wal dhabbii hiikan barsiisuu, Muslimoota bakka bu'ee hojii walii galtee hojjachuu
14. Muslimootaafi Miti-Muslima jidduutti nageenyiifi wal danda'uun akka cimu gochuu
15. Hambaalee Islaamaa kunuunsuu, dhaabbilee qorannoofi qu'annoo Islaamaa hundeessuu, hojii qorannoofi qu'annoo geggeessuu, kan qaamolee birootiin hojjatamangargaaruu
16. Waldaalee Islaamummaa ilaallatan kan dargaggootaa, dubartootaa, hayyootaa, barattootaa, daldaltootaafi jaarmiyaalee hawaasummaafi tola ooltummaa kana fakkaatan dhaabbilee naannichaa irratti ykn gulantaalee dabareen jiran keessatti bakka bu'ummaan hundeessuu, akka hundaa'an gargaaruu, hojii humna ijaaruu irratti hojjachuu, dhaabbilee Islaamaa tola

oolaniif deeggarsa gochuu

17. Wiirtuun dhiqaa janaazaa kan hawaasa Muslimaa tajaajiluu danda'u akka dhaabbatu gargaaruu, sirni awwaalchaa shariiaa akka hordofu gochuu, dhaabbilee hojii akkasii hojjatanii wajjin qindoominaan hojjachuu, bakki awwaalchaa hawaasa Muslimaa tajaajiluu danda'u akka qophaa'u gargaaruu, qopheessuufi tajaajila kennuu
18. Duudhaalee, aadaafi amalootii Islaamaa barsiisuu
19. Dambiifi qajeelfama sassaabbii zakaa baasuu, Zakaa sassaabuu, sirnaan bulchuufi qoodaa haqaa gochuu
20. Hiyyeeyyii, Daa'imman maatii hin qabne, kanneen rakkoof saaxilaman, manguddoolee, dubartoota abbootiin manaa irraa du'an, kanneen rakkoo qaamaa qabaniifi hawaasa gargaarsa addaa barbaadan gargaaruufi akka gargaaraman gochuu
21. Sirni dinagdee duudhaalee Islaamaa bu'ureffate akka baballatu haalli mijaa'aan akka uumamu carraaqqii gochuudhaan akka Muslimoonni naannichaa misooma dinagdee keessatti wal qixxummaan hirmaatan mirkaneessuu
22. Akka tajaajilli halaalaa babal'atuuf dambii qajeelfamaa baasuu, hordofuufi raawwachiisuu
23. Oomishaalee dureeyyii adda addaatiin oomishamaniif waraqaa ragaa halaalummaa tajaajilaa kennuu, dhaabbilee barnoota Islaamaatiif (manneen barnootaa, kolleejjii) beekamtiifi waraqaa ragaa kennuu, bashannanni halaalaa akka babal'atu gochuu,
24. Miidiyaa qunnamtii ummataatiif tajaajilan hundeessuu, qajeelfama komminikeeshinii fi miidiyaa majlisaa qopheessuu
25. Bu'ura aangoofi ga'ee hirmaannaa Manni murtii Sharii'aa Oromiyaa Majlisa naannichaatiif kenneetiin qaadota loogii tokko malee qulqullinaan calalanii dabarsuu
26. Akka ummanni Muslimaa bu'aa mana murtii shariiaa baree itti fayyadamu hubannoo uumuu
27. Abbootii murtii mana murtii sharii'aa naannoo Oromiyaatiif hojii humna ijaaruu kennuu, dandeettii humna raawachiisummaa isaanii guddisuu, raawwii isaa deeggaruu
28. Qaama dhimmi mana murtii sharii'aa ilaaluu wajjin akka labsiifi hojimaanni isaa foyya'u ni hojjata
29. Hubannoo, gorsaafi tajaajila sirna maatiifi sirna gaa'ilaa irratti ummata Muslimaa hubachiisuuf hojjachuu
30. Dhaabbata fatwaa hundeessuu, ulaagaaleefi safartuu ga'umsa ulamootaa fi du'aatotaa qopheessanii waraqaa ragaa ga'umsaa kennuu
31. Hojiilee biroo kaayyolee isaa wajjin walitti dhufeenya qaban hojjachuu

**Keeyyata 13: Ol'aantummaa Ummata Muslimaa**

Muslimoonni naannichaa dhimma amantii isaaniitiin wal qabatee majlisa irratti abbaa aangoo ol' aanooti.

1. Muslimoonni abbaa aangoo amantichaa ol aanaa ta'uun adeemsa seera majlisaa kanaan kaa'ameen sadarkaa isa gadi aanaa kan kallattiinis ta'ee alkallattiin itti hirmaataniin murtiin isaanii hojiiwwan bakka bu'ootaafi aalimoota isaaniitiin raawwatamuun hojiirra oola.
2. Majlisni naannoo immoo yaa'ii waliigalaa gulantaa isaa irratti aangoo majlisa biyyoolessaatiin qabameen alatti dhimma Islaamaa naannoo ta'an kanneen qabiyyee



Mana Murtii Waliigala Dhimmoota Ummummaa Naannoo Oromiyaa المجلس الأعلى للشؤون الإسلامية في إقليم أرومو

biyyoolessummaa hin qabne irratti abbaa aangoo ol aanaa gulantaa sanaati.

**Keeyyata 14: Mirgaafi Dirqama Ummata Muslima Naannichaa**

1. Muslimoonni naannoo Oromiyaa dhimmoota Islaamummaa isaanii irratti mirgootaafi bu'aalee armaan gadii ni qabaatu:-
    1.1. Masjida naannoo isaatti argamus ta'ee daangaa naannichaa keessatti argamu kam keessattuu hojii ibaadaafi gocha amantii raawwachuu
    1.2. Dhaabbata naannoo isaatti argamu majlisa jala jiru ulaagaa guuttatee fayyadamuu
    1.3. Majlisa gulantaaleefi caasaa adda addaa irratti hirmaachuufi ulaagaa guuttatee yoo argame filachuufi filatamuu, akkasumas yaadaafi ilaalcha majlisa cimsuuf tajaajilan Walga'ii irratti dhiheessuu ykn barreeffamaan ibsuu
    1.4. Hojii misoomaa kan majlisa naannootti hojjatamu irratti yeroo ulaagaa guute humnaafi dandeettii qabuun qacaramee hojjachuu
    1.5. Tajaajila amantichaa kamuu seera qabeessaan majlisa irraa argachuu
    1.6. Yeroo ulaagaa guuttatee argame waraqaa eenyummaa majlisichaa argachuu
    1.7. Gaaffiiwwan amantiitiif ulamootaan fatwaa argachuu
    1.8. Kaayyoleen majlisaa raawwatamuu, qajeelfamni isaa hojiirra ooluu, dambiifi sirni isaa kabajamuufi seeraan hojiirra ooluu isaanii hordofuufi mirga odeeffannoo argachuufi mirgootii biroo kanaan hariiroo qaban ni qabaata
2. Ol aantummaan ummata Muslimaa keeyyata 13 irratti mirkaneeffame akkuma eegametti ta'ee hawaasni Muslimaa hunduu waloofi dhuunfaadhaan dirqamoota armaan gadiitu irra jira:
    2.1. Majlisa masjida naannoo miseensummaadhaan itti galmaa'etti buusii ji'aa kan miseensummaa kafaluu;
    2.2. Sochii hunda hammataafi hojii misoomaa majlisni gulantaa hundaa geggeessu irratti gargaarsa beekumsaa, humnaa, meeshaa, maallaqaafi du'aa'iin gargaaruun, keessumaa waamicha hirmaannaa nageenyaa, misoomaafi bu'ura gargaarsa hawaasaa dhaabbataafi jijjiiramaa ta'e irratti hirmaachuu;
    2.3. Hanga humni eeyyameen ibsaafi Walga'ii amantii, hawaasummaafi barnootaa majlisni qopheessu irratti hirmaachuufi, hubannoofi odeeffannoo argate warra hin argaminiin ga'uu;
    2.4. Gochaafi jecha hin malle kan qoodamaafi wal dhabbii bu'ura sharii'aa hin qabne jidduu hawaasa Muslimaatti argamsiisu irraa of qusachuu;
    2.5. Mirgaafi bu'aa obboleessa isaa kanneen akka amantii, lubbuu isaa, kabajaa, qabeenyaafi sammuu isaa tiksuu;
    2.6. Seera majlisaa kana, sanada waadaa tokkummaafi wal gargaarsa aalimootaafi qajeelfamoota biroo akkasumas ajaja seera qabeessaan hoggansa majlisaa, ulamaafi imaama masjidaa kamiinuu kennamu hanga sharii'aa hin faallessineen kabajuufi hojiirra oolchuuf gargaaruu.

**Keeyyata 15: Bu'urri Muslimaa Qulqulluu Ta'uu**

1. Namni Muslimaa ykn jamaa'aan kamuu Muslima ykn Jamaa'aa qulqulluufi gaariitti lakkaa'ama ykn tilmaamama.
2. Muslimni ykn dhaabbanni Muslimaa kamuu yoo ragaan faallaan irraa argamee qaama sharii'aadhaan aangoon kennameefi aangoon isaa haala mamii tokko hin qabneen murteeffame fuulduratti dhihaatee seera mirgi deebii kennuufi dhaggeeffatamuu isaaf eegamuun sirnaan qoratameefi mirkaneeffatamee bifa sirrii ta'een qaamni ulamaa sharii'aa bu'ura godhatanii fatwaa itti kennaniin alatti tilmaamni qulqullina Islaamawaa isaa akkuma eegameen tura.

**Keeyyata 16: Qajeeltoo Islaamaafi Olaantummaa Seera Islaamaa**

Miseensi dhaaba majlisaa, tajaajiltoonniifi Muslimni kanneen caasaaleefi dameelee majlisaa kam keessattuu argaman gochi isaan hojjataniifi murtiiwwan isaan dabarsan kamuu qajeelfama Islaamaa bu'uraafi murtiiwwan dambii majlisaa kanaan kan wal faallessu ta'ee yoo argame kufaa (void) ta'a; hojiirras hin oolu.

## BOQONNA SADII: MURTEEWWAN WALIIGALAA

**Keeyyata 17: Sirna Seera Hiikuu**

1. Adeemsa hojimaata majlisaa ykn gocha bulchiinsaa amantiin hariiroo qabuun wal qabatee seerri diigameera jechuudhaan himannaan hiika seeraa Muslimootaan ykn miseensa majlisaa kamiinuu sirna eeggatee yoo dhihaate dambii kana irratti hundaa'uudhaan gumiin araaraa hiikaafi ibsa itti kennee murtiif yaa'ii ulamaatti ni dhiheessa.
2. Gaaffii hiikkaa keeyyata xiqqaa 1 keessatti dubbatame ilaalchisee qajeelfama ifaa inni ittiin dhihaatuufi keessummeeffamu gumiin araaraa qopheessee murtiidhaaf yaa'ii waliigalaatiif dhiheessa.
3. Adeemsa hiikkaa seeraa keeyyata xiqqaa 1 jalatti tumame keessatti qajeelfamoota seerotniifi waliigalteewwan idilee ittiin hiikaman waliin walsimsiisuufi wal fudhachiisuun hiikuuf tattaaffiin barbaachisaan taasifamuu qaba.
4. Dhimmoota amantii (gaaffilee) adeemsa hojii majlisaa idileetiin ala ka'an irratti aangoon fatwaa kennuufi dabarsuu kan yaa'ii ulamaati.

**Keeyyata 18: Afaan Hojii**

1. Afaan hojii Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa Afaan Oromooti; garuu garaa garummaa Afaaniitiin loogiin kamuu hin jiraatu.
2. Kan keeyyata kana keeyyata xiqqaa 1 jalatti tumame akkuma eegametti ta'ee qunnamtii federaalaafi naannolee biyyattii waliin majlisichi qabuuf jecha Afaan Amaaraa, Arabiffaafi Ingiliffa fayyadamuu ni danda'a.
3. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 2 irratti kan ibsame akkuma jirutti tahee abuurota piroojektoota majlisaa, gabaasa qorannoofi hojiilee beeksisaa afaan addunyaa lamaaniifi



Mana Marii Waliigalaa Islaamummaa Naannoo Oromiyaa ... Islamic Council

afaanota biroo bal'inaan ummata bira dhaqqabanitti fayyadamuufi hariiroo ummata biyyoolessaa ittiin fufsiisuu ni danda'a.

**Keeyyata 19: Seera Majlisaa Maxxansuu fi Raabsuu**

1. Muslimni hunduu mirgaafi dirqama isaa akka baruufi caasaa majlisaa gubbaa hanga dakaa jiru keessatti sirna diriirsuun itti gaafatamummaafi iftoomina hojii mul'isuuf akka gargaaruuf seerri Majlisa Oromiyaa maxxanfamee gatii maxxansaa kan hin caalleen ummata Muslimaatti gurguramee bal'inaan wal ga'uu qaba.
2. Seerri majlisaa kun akka barbaachisummaa isaatiin afaanotii adda addaatti ni hiikama. Yoo hiikkaa Afaan Oromoofi kanneen afaan birootti hiikaman jidduutti garaa garummaan argame waraabbiin Afaan Oromoo dursa argata.

**Keeyyata 20: Bara Hojii Bakk bu'ootaa**

1. Akkaataa seera majlisa biyyoolessaatiin kaa'ameen filatamaan gulantaa majlisaa hunda irra jiru, kana jechuun yaa'iin waliigalaa, hoji raawwachiiftuun, koreen gorsituufi koreen to'annoo kanneen biroos barri hojii isaanii waggaa shan yoo ta'u filannoon bakka bu'ootaa waggaa shanitti yeroo tokko geggeeffama. Garuu koreen oditiifi inispekshiinii yaa'ii waliigalaa haaraa wajjin baatii ja'a ykn waggaa tokko hojjatee ka'ee haaraan kan filatamu ta'a.
2. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 1 keessatti kan murteeffame miseensi hoggantootaa olaanoon marsaa hojii lamaa ol walitti aansee gulantaa tokko irratti filatamuu hin danda'u.
3. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 1 keessatti kan murteeffame akkuma jirutti ta'ee sadarkaa majlisaa hunda irrattuu barri hojii yaa'ii ulamaa waggaa shan yoo ta'u filannoon ulamaas waggaa shan keessatti yeroo tokko ta'eemiseensi fatwaa garuu waggaa torbatti geggeeffama.
4. Yeroon filannoo sa'aatii Ramadaanaa ykn hajjiitiin wal irra bu'uudhaan ykn sababa humnaa olii qabatama qabu cimaan yoo ta'e malee barri hojii keeyyata xiqqaa 1 fi 2'n tumame ykn filannoon bakka bu'ootaafi ulamootaa sababa kamiinuu dheerachuu ykn hambifamuu hin danda'u
5. .Ramaddiin bajata majlisaa baasiiwwan kamuu dura dhimmoota filannootiif dursa kennuu qaba.
6. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 3'n kan tumame akkuma jirutti ta'ee sababni dirqisiisaan waggaa tokko dura kan beekamu yoo ta'e filannoo dheeressuun kan danda'amu yeroo isaaf karoorfame ji'a sadiin dursee filannichi geggeeffamuun kan hin danda'amne yoo ta'ee argame qofa.
7. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 1 fi 3 irratti hundaa'uudhaan filannoon kan inni dheereffamu sababichi yoo xiqqaate yaa'ii waliigalaa 4/5ffaa (afur shanaffaadhaan) ogga deeggarame ta'ee kan inni dheeratus yeroo waggaa tokko hin caalle qofaaf ta'a.
8. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 3 irratti hundaa'uun rakkoo humnaa olii kan jedhamu:
   8.1 Rakkoon nageenya biyyattii fi ummata ishee jeeqe yoo jiraate;

8.2 Akka biyyoolessaatti rakkoon uumamaa ykn namtolcheen jiraatee labsiin yeroo ariifachiisaa dachii biyyattii tokko sadaffaa aguugu kan labsame yoo ta'u;

8.3 Filannoo siyaasa biyyoolessaa waliigalaa R.D.F.Itoophiyaatiin wal irra bu'ee keeyyata xiqqaa 5 kana irratti hundaa'uudhaan dursuun kan hin danda'amne ta'ee yoo argame; ykn

8.4 Seerri biyyoolessaa ykn naannoo kan filannicha yeroo karoorfame keessatti geggeessuun hin danda'amu jedhu yoo ba'e qofa.

9. Dhimma filannoo kan hogganuufi dhimma filannoo raawwachiisuu irratti qajeelfama bal'aa kan baasu koree raawwachiiftuu filannoo ta'a.

**Keeyyata 21: Haala Gurmaa'insa Caasaa Majlisaa**

Manni marii dhimmoota Islaamummaa ykn caasaan majlisaa masjida naannoo ykn Masjida dhabeeyyii irraa jalqabee hanga Oromiyaa ga'utti, tartiibaan akka armaan gadiitti caaseffameera:

1. Majlisa Masjidaa ykn Masjida dhabeeyyii,
2. Majlisa Gandaa ykn araddaa
3. Majlisa aanaa, aanaa addaa ykn kutaa magaalaa
4. Majlisa godinaa ykn godina addaa ykn magaalaa,
5. Majlisa Naannoo Oromiyaati

**Keeyyata 22: Miseensota Majlisa Godinaa Fi Moggaasa Isaanii**

Maqaan Majlisa Oromiyaa inni guutuun "Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa" yoo ta'u gulantaaleen godinaa, godina addaa, aanaa, aanaa addaa, gandaa fi masjida naannawaa kanneen sadarkaa mana marii naannichaatii gadi jiran akka duraa duuba isaaniitiin bakka caasaan ykn gulantaan majlisichaa itti argamu godina, godina addaa, aanaa, aanaa addaa, gandaa fi naannoo masjidaa ykn masjida dhabeeyyii boodarra fiduudhaan Islaamummaa kan jedhu isa dursee kaa'amee ittiin waamama yoo ta'u boca moggaasaa dirqama ta'e armaan gadii hordofa:

1. Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Godina /Godina addaa /Kutaa Magaalaa /Aanaa/Aanaa addaa/Ganda____;
2. Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Jiraattota Masjida naannawa______;
3. Mana Marii Dhimmoota Islaamummaa Jiraattota Muslimaa Masjida dhabeeyyii naannoo _______.

**Keeyyata 23: Daangaa Aangoo Gulantaalee Majlisaa**

Aangoon majlisa federaalaa addattii fi majlisootii naannoo waliin waloon kanname akkuma jirutti ta'ee majlisni naannoo Oromiyaa daangaa aangoo armaan gadii niqabaata:

1. Majlisni Oromiyaa naannicha keessatti Islaamummaafi Muslimoota ilaalchisee dhiibbaa fi jiddu seentummaa tokko malee aangoofi itti gaafatama amantii guutuu kan qabuudha; haaluma kanaan majlisoonni gulantaa hundaa daangaa hojii isaani irratti dhiibbaa fi jiddu seentummaa tokko malee hojjatu.



Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

2. Majlisni naannoo Oromiyaa sadarkaa idil adunyaatti waggaa digdamaa (20) oliif hojii mirkaneessa halaalaa hojjataa ture waan ta'eef ammas sadarkaa idil addunyaatti kan cimsee itti fufu ta'a.
3. Tumaan keeyyata kana keeyyata xiqqaa 1 jalatti tumame Yaa'ii Waliigalaa Majlisa naannawaa bu'ura hojiraawwachiiftuun Majlisa Oromiyaa qoratee dhiheessuun qoodinsi aangoofi hojii casaa majlisaaf kennuu kan isa hin daangessine ta'ee qajeelfamni hojimaata isaa qaama hojiraawwachiiftuutiin kan qophaa'uta'a.
4. Dhaabbilee barnoota amantaa sadarkaa naannootiif beekamtii ni kenna.
5. Dhimmoota kunuunsa hambaalee humna majlisa gulantaa gadiitii ol ta'an irratti majlisa gadii ykn federaalaa wajjin waloodhaan ni raawwata.
6. Dhimmoonni majlisaa ittigaafatamummaafi aangoo Majlisa Oromiyaa jala seenuun isaanii dambii federaalaa, dambii kanaafi yaa'ii Majlisa Oromiyaatiin murtaa'an, akkasumas aangoo waloo Majlisa naannoo fi Majlisa godinaa ykn magaalaa ta'uun dambii kana keessatti tumame irraa kan hafan aangoo Majlisa godinaalee fi magaalaa jala seenu.
7. Waldhabbiifi falmiin hammaataan godina/magaalaa keessatti uumamee majlisni godinaa/magaalaa ofii isaaniitiif hiikuu yoo dadhaban akka inni kallattii hin barbaachifnetti hin deemne, akkasumas karooraafi qajeelfama jiru hojiirra oolchuu yoo dadhaban majlisni naannoo jidduu seenee rakkoo sana ni hiika.
8. Caasaaleen majlisaa gulantaa hundarra jiranis rakkoo isaanii bifa wal fakkaatuun hiikkatu.

**Keeyyata 24: Caasaalee Addaa**

1 Seera majlisaa kanaan tumaan majlisa godinaatiif tumame hunduu majlisoota godina addaa ykn bulchinsa magaalaa sadarkaa godinaatti jiraniifiis ni tajaajilu.

2 Akkasumas seera majlisaa kanaan tumaaleen aanaaf tumame aanaa addaa ykn kutaa magaalaa sadarkaa bulchinsa aanaatti jiranii ni ilaallata.

3 Muslimoonni naannoo masjinni hin jirre jiraatan maqaa gandaa ykn zoonii sanii fayyadamuudhaan mana marii dhimmoota Islaamummaa masjida hin qabne kan caasaa masjidaa bakka bu'u gurmeessu yoo ta'u, seera majlisaa kanaan tumaan majlisa jiraattota masjida naannootiif tumame hunduu caasaa masjida dhabeeyyiifis ni tajaajilu.

**Keeyyata 25: Aangoo Seera Baasuu Gulantaalee Majlisaa**

1. Yaa'iin waliigala majlisa Naannoo Oromiyaa seera majlisa biyyoolessaa bifa hin faallessineen dambii ittiin bulmaataafi qajeelfamoota biroo naannicha keessatti hojiirra oolan aangoo baasuu ni qaba.
2. Yaa'iin waliigala majlisa godinaa ykn godina addaa/magaalaa dambii bulmaataa Majlisa Naannoo Oromiyaatiin tumame hojiirra oolchu.
3. Yaa'iin waliigala majlisa godinaa/magaalaa sadarkaa godinaa bifa dambii ittiin bulmaata federaalaafi majlisa Oromiyaa hin faallessineefi bifa tokkummaa ummata Muslimaa hin tuqneen qajeelfama raawwii hojii baasuu aangoo qaba.
4. Yaa'iin waliigala majlisa aanaa ykn aanaa addaa qajeelfamoota yaa'ii waliigala godinaatiin baafamu aanicha keessatti hojiirra oolchuuf karoora raawwii hojii baasuu aangoo qaba.

5. Yaa'iin waliigalaa majlisa gandaas akkasuma qajeelfamoota yaa'ii waliigalaa godinaatiin baafamee kallattii aanaatiin isaan dhaqqabe gandicha keessatti hojiirra oolchuuf karoora raawwii hojii baasuu aangoo qaba.
6. Yaa'iin waliigalaa masjidaa karoorawwaniifi ajajawwan yaa'ii waliigala majlisa gandaatiin/aanaatiin baafaman aangoo hojiirra oolchuu kan qaban ta'anii seera olii hundaayyuu bifa hin diigneen dhimmootii koree bulchiinsa masjidaa filachuu, muudama imaamaafi ramaddii mu'azzinaa ilaallatan irratti qaama murtii kennu dhumaati.

## BOQONNAA AFUR: GURMAA'INA MAJLISA OROMIYAA

**Keeyyata 26: Gurmaa'insa Caasaa Bulchiinsa Majlisa Naannoo**

Caasaan bulchiinsa Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa gurmaa'ina ijoo armaan gadii qabaata:

1. Yaa'ii Waliigalaa
   - Oditiifi Inispekshiinii
   - Gumii Araaraa
   - Pireezidaantii
2. Hojiraawwachiiftuu Mana Marii Oromiyaa
   - Boordii Gorsituu
   - Yaa'ii Ulamaa
   - Muftii Oromiyaa
   - Boordii Zakaa
3. Pirezdaantii
      - Waajjira Pirezdaantii
   - Dursaa Itti Aanaa Pirezdaantii
      - Waajjira I/A Pirezdaantii
   - Itti Aanaa Pirezdaantii
4. Barreessaa Olaanaa
      - Waajjira Barreessaa Ol'aanaa
   - Itti Waamamtoota (Bakkabu'oota Ummataa)
5. Hojigeggeessaa
      - Waajjira Hojigeggeessaa
   - Daarectoraatii Karooraa, Hordoffiifi Madaallii
   - Daarektoreetii Bulchiinsaafi Faayinaansii
   - Tajaajila Seeraa
   - Tajaajila Oodiitii Keessaa
   - Itti Aanaa Hojigeggeessaa
   - Daarektoreetii Da'waafi Madaallii Ga'umsaa;
   - Daayirektoreetii Hajjiifi Umraa;
   - Daayirektoreetii Dhimma Halaalaa;
   - Daayirektoreetii Masjidootaafi Waqfiiwwanii;
   - Daayirektoreetii Galiiwwaniifi Misooma Diinagdee;

- Daayirektoreetii Gurmaa'inaa, Dubartoota, Dargaggootaafi Dhaabbilee Islaamaa;
- Daayirektoreetii Barnootaafi Leenjii;
- Daayirektoreetii Komunikeeshinii;
- Daayirektoreetii Nageenyaafi Hariiroo Diyaaspooraa.
- Daayirektoreetii Hawaasummaa, Qorannoofi Bulchiinsa Hambaalee.

**Keeyyata 27: Hundeeffama Yaa'ii Waliigalaa Majliisa Naannoo**

1. Yaa'iin waliigala majlisa Naannoo Oromiyaa, ummata Muslimaa naannichaatti aanee naannicha keessatti abbaa aangoo ol aanaa ta'ee dambii kanaan hundaa'eera.
2. Barri hojii isaa waggaa shan ta'a.
3. Adoolessa 11 bara 2014 irraa eegalee waggoota 3f walitti aansuun hoggantoota majlisa godinaalee (magaalota sadarkaa godinaa dabalatee) sadii sadii, hojiraawwachiiftuu naannichaafi ulamoota fatwaa 15tu miseensa Yaa'ii Waliigalaa naannoo Oromiyaa ta'anii itti fufu.
4. Filannoo sana booda geggeeffamuun hirphi miseensa yaa'ii waliigalaa kanneen armaan gadii ta'a:
   - 4.1. Bakka bu'oota ulamootaa tokko tokko godinaafi magaalota irraa filatamanii gara naannoo dhufan;
   - 4.2. Bakka bu'oota hayyootaa tokko tokko godinaafi magaalota irraa filatamanii gara Oromiyaa dhufan;
   - 4.3. Miseensa hoji raawwachiiftuu Majlisa Oromiyaa hunda;
   - 4.4. Dura bu'aa majlisaa, itti aanaafi barreessaa godinaalee/magaalaa naannichaa;
   - 4.5. Ulamoota koree fatwaa naannichaa 15 yaa'ii ulamaatiin filataman.
   - 4.6. Mana murtii sharii'aa Waliigalaa Oromiyaa irraa nama lama;
   - 4.7. Manguddoota beekamoo naannichaa irraa nama shan;
   - 4.8. Gamtaa waldaalee Islaamaa naannichaa irraa miseensa nama lama;
   - 4.9. Waldaalee dargaggoota naannichaa irraa miseensa nama lama;
   - 4.10. Waldaalee dubartoota naannichaa irraa miseensa lama;
   - 4.11. Gamtaa jama'aa barattoota dhaabbilee barnoota ol aanoo naannicha keessatti argamanii irraa miseensa lama;
   - 4.12. Gamtaa waldaalee daldaltoota Muslima naannichaa irraa miseensa lama;
   - 4.13. Gamtaa waldaalee daa'iiwwan naannichaa irraa miseensa lama;
   - 4.14. Gamtaa hayyoota naannichaa irraa miseensa lama.

**Keeyyata 28: Ulaagaalee Miseensummaa Yaa'ii WaliigalaaNaannoo**

Miseensonni ulamaafi filatamtoonni bakka bu'oonni Muslimootaa godinaalee irraa dhufanii miseensa yaa'ii waliigala Oromiyaa keessatti dorgomuufi hammatamuudhaaf ulaagaalee armaan gadii guuttachuu qabu:

1. Muslima yoo xiqqaate godina irraa ergame keessa waggaa lamaafi isaa ol jiraataa ture ta'uu qaba.
2. Ummata Muslimaa tajaajiluuf fedhii kan qabu;

3. Majlisa masjida naannoo jiraatuutti buusii miseensummaa kan kafale;
4. Yoo xiqqaate masjidaa kaasee hanga godinaatti kan filatame ta'uu;
5. Islaamaafi Muslimootaaf amanamaa ta'ee kan taqwaa (sodaa Rabbii) qaba jechuutti yaadamu;
6. Kan Majlisni Godina/Magaalaa isaa tajaajila inni ummataaf kennutti amane.
7. Gulantaa majlisaa kamirrayyuu itti gaafatamummaan taa'ee rakkoo amalaatiin kan hin ari'amne ykn hawaasa Muslimaatiin himannaan qabatamaan irratti dhihaatee tarkaanfiin disippiliinii cimaan kan irratti hin fudhatamin;
8. Ga'umsa ogummaa ykn kennama ykn ilmii (beekumsa diinii) kan qabu;
9. Amala gaariifi hawaasa keessatti diinii tajaajiluun kan beekame;
10. Barattoonni qofti osoo hafan umuriin isaa yoo xiqqaate waggaa 30 kan ta'e;
11. Hojiiwwan amantichaa kanneen bu'uraa seeraan hojjatu;
12. Miseensa kn muudama paartii siyaasaa kamiyyuu ykn miseensa paartii mootummaas kan hin taane;
13. Miseensi yaa'ii waliigalaa tokko yoo miseensa paartii siyaasaa ykn paartii mootummaa ta'ee argame paarticha gadilakkisuuf fedhii hin qabaanne miseensummaa yaa'ii waliigalaa irraa ni gaggeeffama.
14. Namni sababa miseensummaa mana marii ulamaa miseensa yaa'ii waliigalaa ta'e yoo miseensummaa isaa lakkise malee caasaa gaggeessa hojii majlisichaa keessatti qacaramuu hin danda'u.

**Keeyyata 29: Aangoofi Ga'ee Hojii Yaa'ii Waliigalaa Naannoo**

Yaa'iin waliigala majlisa naannoo Oromiyaa aangoofi hojii armaan gadii qaba:

1. Muslimoonni naannichaa aangoo amantii isaanii ol aanaa kallattii bakka bu'oota isaanii, aalimoota isaaniifi qooda fudhattootaatiin hojiirra kan oolchan ta'ee dhimmootii Islaamummaa ilaalchisee qaama aangoo ol aanaa ta'ee ummata Muslimaa tajaajila.
2. Sadarkaa naannootti dhimmootii hawaasa Muslimaa ilaallatan irratti ni mari''ata; murtiis ni dabarsa.
3. Afayaa''ii, hojiraawwachiiftuu, gumii araaraa, oditiifi inispekshiinii majlisa naannoo miseensa isaa keessaa ni filata; ni to'ata; ni kaasa; gabaasa dhaggeeffata; ni gamaaggama; murtii barbaachisaas ni kenna. Garuu oditiifi inispekshiiniin miseensa keessaa ykn alaa ta''uu danda''a; ulaagaan isaa cimaan ogummaadha.
4. Seera majlisichaa bifa adeemsa boqonnaa torba keessatti murteeffameen yaada seera majlisaa fooyyessu ni maddisiisa; ni fooyyessa; ni jijjiiras.
5. Imaammata, tarsiimoowwan, dambiiwwaniifi kkf kanneen hojiraawwachiftuudhaan qopheeffamee itti dhihaate ni mirkaneessa; ni haqa; ni fooyyessa.
6. Yaa'iin waliigalaa godinaaleefi magaalota hundattuu hundeeffamuufi hojiiwwan sadarkaan jiran bu'ura seeraatiin raawwachuu isaanii ni mirkaneeffata.
7. Karoora hojii, gabaasa raawwatiinsa karooraafi bajata waggaa bara bajataa kanneen

caasaalee isa jalaatiin dhaabbata isaaniitiif dhiheeffame ni gamaaggama; ni to'ata; ni mirkaneessa. Kallattii hojii ni kaa'a. Qajeelfamas ni kenna.

8. Gabaasa tajaajila oditiifi inispekshinii alaa xiinxalee murtii barbaachisaa kenna.
9. Piroojektii hojiifi yaada misooma adda addaa hojiraawwachiiftuudhaan qoratamee dhihaate xiinxalee murtii barbaachisaa ni kenna.
10. Kaayyoowwan dhaabbatichaa hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneessa.
11. Miseensa mana marii ulamootaallee dabalatee miseensota hanqina amalaafi badii raawwatan tarkaanfii disippiliinii bulchiinsaa isa dhumaa hanga sadarkaa ari'uu ga'u ni fudhata; akkasumas dhimmootii kutaa seeraatti dhihaachuu qaban adda baasuun waan malu murteessa.
12. Miseensi yaa'ii waliigalaa sababa du'aa, umurii, lakkisuutiin, ari'amuudhaan ykn sababa kamiinuu yaa'ii waliigalaa yoo lakkise bakka warra geggeeffamee ce'umsa hojii ni taasisa; bakka miseensa hir'atanii adeemsa seera majlisaa kana keessatti tumameen akka bakka buufaman taasisa.
13. Akka tajaajilli wal fakkaataan mirgaafi bu'aawwan eegsise hawaasichaaf kennuun danda'amuuf qajeelfamoota majlisa godinaatiin baafaman qabatama godinichaa itti dabaluudhaan tarsiimoowwan, dambiiwwaniifi qajeelfamoota sadarkaa naannoofi federaalaa irratti ba'aniin kan wal hin faallessine ta'uu ni mirkaneeffata; oditiifi inispekshiiniidhaan yoo gabaasni faallessuu isaa dhihaate qoratee ni murteessa.
14. Majlisni godinaalees dambiiwwaniifi qajeelfamoota kanneen kabajanii dirqama isaanii ba'achuu ni hordofa; ni to'ata; dogoggorri akka sirraa'u ni godha.
15. Hojiiwwan biroo kaayyoo hundeeffama majlisa biyyoolessaafi naannoo wajjin hariiroo qaban ni raawwata.

**Keeyyata 30: Sirna Walga'ii Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Naannoo**

1. Wal ga'iin yaa'ii waliigalaa idilee waggaatti yeroo tokko yoo ta'u ji'a Adoolessaa jalqaba keessa geggeeffama.
    1.1. Sababni humnaa olii jiraachuun yoo Walga'ii waloo afayaa'ii, koree hojiraawwachiiftuufi oditiifi inispekshiiniitiin mirkanaa'e yeroo tokko qofaaf yeroon yaa'ii waliigalaa hanga ji'a sadii dheereffamuu ni danda'a.
    1.2. Sababni humnaa olii jedhame sababoota filannoo dheeressan keeyyata 20(8) keessatti tumameefi kan kana fakkaatan dabalata.
2. Walga'ii yaa'ichaa keessatti hirmaattota sagalee qaban keessaa harki walakkaa ol yoo argaman yaa'ichi guutuu ta'a.
3. Yaa'ichi kan hogganamu Afayaa'iin yoo ta'u yeroo afayaa'iin waltajjicha hogganuu hin dandeenye I/A afayaa'iitiin hogganama.
4. Murtiin yaa'ichaa hunduu kan raawwatamu ifatti yoo ta'u iccitiin sagalee kennuun filannoo pirezdaantii qofarratti ta'a.



Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

5. Murtiin yaa'ichaa kan inni dabarfamu erga ajandaan mariidhaan sirriitti bilchaatee ta'ee yoo seera majlisaa kanaan akka addaatti murteeffame malee sagaleen caalmaan murtiiwwan idilee murteessuuf ga'aadha.
6. Murticha irratti yoo sagaleen wal qixa ta'ee argame garri walitti qabaan yaa'ichaa jiru murtii argata.
7. Walga'iifi murtiiwwan, filannoofi adeemsi filannoo hunduu naamusaafi qajeelfama Islaamaa haala hordofeen hogganamuu qaba.

**Keeyyata 31: Sirna Walga'ii Yaa'ii Waliigalaa Ariifachiisaa**

1. Yaa'iin waliigalaa yeroo dhimmi ariifachiisaafi muddisiisaan tasaa uumame yaa'ii ariifachiisaa waamuu ni danda'a.
2. Yaa'ii ariifachiisaa waamuuf dhimmoonni sababa ga'aa ta'anii fudhataman:
    - 2.1 Walga'ii idilee eeguun dhaabbaticha irraan rakkoo guddaan kan dhaqqabsiisu yoo ta'e;
    - 2.2 Yoo Pirezdaantiin sababa adda addaatiin hojiirraa dhaabbate, dhaabuun barbaachise ykn fedhii isaatiin hojii gadhiisuuf xalayaa dhiheeffate;
    - 2.3 Caasaaleen yaa'ii waliigalaa jalatti gurmaa'an miseensi isaanii walakkaa ol yoo lakkisan;
    - 2.4 Taateen muddisiisaan uumamee dhimmicha irratti murtii dabarsuun barbaachisaa ta'ee dhimmichi aangoo hojiraawwachiiftuutii ol ta'ee yoo argame;
    - 2.5 Dhimmootiin ulfaatoon biroo wal fakkeenya qaban yoo uumame.
3. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 2 keessatti sababni murteeffame argamuun isaa yoo mirkanaa'ee afayaa'iidhaan, Pirezdaantiidhaan ykn miseensa yaa'ii ulamaa tokko sadaffaadhaan ykn miseensa hoji raawwachiiftuu walakkaa gadi hin taaneen ykn miseensa yaa'ii waliigalaa tokko shanaffaadhaan ykn koreen oditiifi inispekshiinii miseensa caalmaadhaan yaa'iin tasaa akka waamamu yoo deeggarameefi mallattoo isaaniitiin mirkaneessanii afayaa'iitti beeksisan, wal ga'iin tasaa yeroo ji'a tokko keessatti akka geggeeffamu murteessanii waamicha dabarsu.

**Keeyyata 32: Hundeeffama Koree Oditii fi Inispekshiinii**

1. koree oditiifi inispekshiinii qaama bilisaa 5 hanga 7 kan hammate yoo ta'u koree filannoo kanaatiif hundeeffameen dhihaatee yaa'ii waliigalaatiin muudamu. Isaan qaama too'ataa majlisaati; iitti waamamiinsi isaaniis yaa'ii waliigalaatiif ta'a.
2. Barri hojii koree oditiifi inispekshiinii yaa'ii waliigalaa itti aanu baatii ja'a ykn waggaa tokko booda kan xumuramu ta'a.
3. Korichi ji'a saditti yoo xiqqaate yeroo tokko kan wal ga'u ta'ee yoo miseensi korichaa walakkaa ol argaman guutuu yaa'ichaa ta'a.
4. Korichi sagalee caalmaadhaan murtii dabarsa.

**Keeyyata 33: Aangoofi Gahee Hojii Koree Oditiifi Inispekshiinii**

Tajaajilichi caasaa Majlisa Oromiyaa keessatti aangoofi hojiiwwan armaan gadii qabaata:

1. Hojii fi adeemsa tajaajila majlisichaa qorachuudhaan bu'aa isaa yaa'ii waliigalaatiif gabaasa ni dhiheessa.
2. Imaammanni, dambiiwwan, qajeelfamoonniifi hojimaanni majlisaa hojiraawwachiiftuufi hoji geggeessaadhaan hojiirra ooluu ni hordofa; akka hanqinni jiru sirraa'uuf hojiraawwachiiftuufi hoji geggeessaa ni akeekkachiisa.
3. Qabiinsi herregaafi qabeenyaa sirrii ta'uu ni hordofa. Yoo barbaachisaa ta'ee argame qaama ilaallatutti beeksisa.
4. Sochiin maallaqaafi qabeenya majlisaa qajeelfama hordofee oditarii keessaafi alaatiin qoratamuu isaa ni hordofa; akka hanqinni jiru sirraa'uuf ni hubachiisa, Rakkoowwan adeemsa hojii keessatti mirkaneeffateef furmaata ni akeeka.
5. Dhimmootiin yaa'ii waliigalaafi hojiraawwachiiftuudhaan murteeffaman raawwatamuu ni hordofa; ni to'ata.
6. Gabaasa dhihaatu irratti hundaa'ee qaamonni ilaallatu tarkaanfii furmaataafi sirreeffamaa fudhachuu isaanii ni hordofa.
7. Sadarkaa hojiiin irra jiru irratti hojiraawwachiiftuufi waajjira hojigeggeessaatiif gabaasa ji'a sadii sadiin ibsa kenna.
8. Caasaa hojii isaa sirriitti hojjachiisuu dandeessisu qopheessee yaa'ii waliigalaatti dhiheessuudhaan mirkaneessisa; qajeelfama hojii ifaa ta'es ni baasa.
9. Badiifi badiraawwattoota adeemsa hojii keessatti mirkaneeffate disippiliindhaan ykn seeraan akka gaafatamniif qaama dhaabbatichaa dhimmi ilaalutti ni beeksisa.
10. Majlisni dhaaba seeraafi sirna eegee hojjachuudhaan mirgaafi bu'aa hawaasa Muslimaa kan eegsisuufi hamilee ol aanaa qabu akka ta'u korichi deeggarsa barbaachisu ni godha.
11. Argannoo gabaasa oditiifi inispekshiinii yaa'ii waliigalaatiif ni dhiheessa; rakkoo gabaasicha keessatti dhihaateef yaada furmaataa ni dhiheessa.
12. Raawwatiinsi hojii karoorfamee qulqullinaafi bu'aa fooyya'aadhaan hojjatamuu hordofuudhaan yaada isaa kutaa hojii ilaallatuuf dhiheessa.
13. Dirqama hojii Kanneen biroo yaa'ii waliigalaatiin itti kennamu ni hojjata.

**Keeyyata 34: Hundeeffama Koree Hojiraawwachiistuu Majlisicha**

1. Hojiraawwachiiftuun gulantaalee majlisaa hundi miseensota yaa'ii waliigalaa keessaa ya'ii waliigalaatiin filatamu.
2. Hojiraawwachiiftuun Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa dambii kana keessatti ibsaman ulamaafi hayyoota ulaagaa ya'ii mana marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa guuttatan miseensummaadhaan hammatee bu'ura dambii kanaatiin gurmaa'a.
3. Qabatamni leeccalloofi geggeessummaa (resource & manageability) Mana Marii sadarkaa naannoo godinootaafi magaalota Oromiyaa hunda irraa bakka bu'oota walitti fiduuf waan

hin hayyamneef baayyinni hojiraawwachiiftuu sadarkaa naannoo nama kudha Shan (15) qofa ta'a; isaanis ulamoota 9 fi hayyoota barnoota digrii tokkoffaafi sanaa ol qaban 6 yaa'ii waliigalaatiin filataman ta'u.

4. Miseensonni hojiiraawwachiiftuu hundi hayyoota ykn ogeeyyotii olaanoo Afaan Oromoo irratti dabalataan Ingiliffaan ykn Arabiffaan sirriitti walii galuu danda'an ta'uu qabu.
5. Hojiraawwachiiftuun gulantaa godinaaleefi magaalotaaisaa nama 11, kanneen aanaalee 9 yoo ta'an kan gandaa 9, kan masjidootaa akkaataa barbaachiseen 9 – 13 ta'u. Bakka hundattuu ulamaafi hayyoota of keessatti hammachuu qaba; yoo 11 ta'e ulamaa ja'aa (6) fi hayyoota shan (5), yoo 9 ta'e ulamaan 5 ni ta'u; durabu'aan, itti aanaanifi barreessaan yaa'ii waliigalaatiin filatamu.
6. Miseensonni hoji raawwachiiftuu Majlisa sadarkaa naannoo 15 keeyyata 3 keeyyata kanaatiin eeraman hawaasa Muslimaa guutuu Oromiyaa bakka bu'u; Isaanis Oromiyaa Oromiyaa- kilaastaroota 6tti ramaduudhaan akkaata tilmaama baay'ina Muslimootaa kilaastarootaatiin kilaastarootaaf kan qoodaman ta'a.
7. Kilaastaroonni kunneenis kilaastarri bahaa (godinoota Harargee Bahaa, Lixaafi Magaalaa Maayaa) irraa nama 3; kilaastara kibba bahaa (Arsii, Asallaa, Arsii Lixaa, Shaashamannee, Dodolaa, Baalee, Magaalaa Robee-Gobbaa, Baalee Bahaa) irraa 3; kilaastara kibba lixaa (Jimma, magaalaa Jimmaa, Aggaaroo, Buunnoo Beddellee, Mattuufi Iluu Abbaa Booraa) irraa nama 3, Kilaastara giddu galaa (godinoota Shawaa afran, Adaamaa, Moojoo, Bishooftuu, Shaggar, Sandaafaa-Bakkee, Shanoo, Hoolataa, Amboo, Waliso) irraa nama 2; kilaastara Lixaa (godinoota Wallagga afran, Naqamtee, Najjoo) irraa nama 2; kilaastara kibbaa (godinoota Booranaa lamaan, Gujii lamman, Shaakkisoo, Buleehoraafi Moyyaalee) irraa nama 2 kan hammatu ta'a.
8. Pirezidaantiin, Dursaan itti aanaan pirezidaantii, itti aanaan pirezdaantiifi barreessaa olaanaan kilaastara garaagaraa irraa bu'ura beekumsaa, muuxannoofi ga'umsa irratti hundaa'uudhaan miseensota hoji raawwachiiftuutiin kaadhimamanii yaa'ii waliigalaatiin mirkaneeffamu. Miseensonni hojii raawwachiiftuu hafan immoo gita muudama isaanii pirezdantiidhaan qaadhimamanii dhiyaatanii yaa'ii waliigalaatiin mirkaneeffama.
9. Hojirawwachiistuun majlisa tokkoo caasaafi toora ajajaa (abboommii) majlisa itti filatameen alatti filatamuu hindanda'u.

**Keeyyata 35: Ulaagaalee Miseensummaa Hojiraawwachiistuu Majlisa Naannoo**

Miseensi hojiraawwachiistuu majlisa Naannoo dandeettiifi ga'umsa ogummaa isaaniitiin kan beekamaniifi hoggansa majlisichaatiif gumaacha gaarii ooluu kan danda'an ta'anii ulaagaalee armaan gadii guuttachuu qabu:

1. Ajajoota amantii Islaamaatiin dirqama godhaman kan hojjatuufi yakkootii ifatti beekaman irraa kan fagaate;
2. Miseensa masjida naannoo kan ta'eefi mirgaafi dirqama isaa kan ba'atu;
3. Barumsa amantii ykn idileetiin digrii lammaffaa ykn ilmii kanaan walgitu koree fatwaatiin kan mirkanaaye qabaatanii, hojii hoggansaa ykn bulchiinsaa ykn damee kana fakkaatu irratti muuxannoo waggaa shanii kan qabu; Yookiin
4. Barumsa amantii ykn idileetiin digrii tokkoffaa ykn ilmii kanaan walgitu koree fatwaatiin kan mirkanaaye qabaatanii, hojii hoggansaa ykn bulchiinsaa ykn damee kana fakkaatu irratti yoo xiqqaate muuxannoo waggaa saddeetii kan qaban;

5. Afaan Oromoo dubbachuu, dubbisuufi ittiin hojjachuu kan danda'u; dabalataan Afaan Amaaraa ykn Afaan Arabaa ykn Afaan Ingilizii dubbachuu, barreessuufi dubbisuu kan danda'u ta'uu qaba.
6. Nama miseensa Paartii siyaasaa ykn muudamaa paartii siyaasa mootummaas hin taane.
7. Nama dhaabbataadhaan mana marichaa keessa taa'ee yeroo isaa guutuu kennee tajaajiluu danda'u;
8. Ummata Muslimaa tajaajiluuf qophii ta'uu irratti dabalata Muslima Oromiyaatiifi Biyyoolessaatiif kan quuqamuufi mul'ata kan qabu ta'uu.

**Keeyyata 36: Aangoofi Ga'ee Hojiiojiraawwachiistuu Naannoo**

Hojiraawwachiiftuun qaama karoora tarsiimoofi hojii kanneen kaayyoleefi hojiilee majlisaa dambii kana keessatti caqafaman raawwachiisuuf baafaman hogganuufi qindeessuu aangoo qabu ta'ee keessumaa aangoofi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:

1. Imaammata, tarsiimoofi murtiiwwan yaa'ii waliigalaatiin mirkaneeffaman wixineessee dhiheessa. Qajeelfamoonniifi dambiiwwan adda addaa akka qophaa'aniif qajeelfamaafi kallattii ni kenna.
2. Imaammata, tarsiimoofi murtiiwwan yaa'ii waliigalaatiin mirkaneeffaman qaamolee majlisaa dabareen jiraniin hojiirra ooluu isaanii ni hordofa.
3. Majlisa federaalaa wajjin hariiroo imaammataa, tarsiimoofi kkf uumee waliin hojjata.
4. Imaammata, tarsiimoowwan, dambiiwwaniifi qajeelfamoota yaa'ii waliigala majlisa biyyoolessaatiin baafaman kanneen aangoon raawwachiisuu majlisa naannoo ta'an ni raawwata; kan godina/magaalaa ilaallatu ni hordofa.
5. Sanadoota imaammataafi tarsiimoo akkaataa sassaabbii galii, herrega qoodiinsa qabeenyaa, bajata waggaafi kanneen biroo ilaallatan kan majlisni federaalaa qopheesseen wal simsiisee naannoof qopheessee yaa'ii waliigalaatti dhiheessee mirkaneessisuun hojiirra oolcha.
6. Karoora hojii yeroo dheeraafi gabaabaa hoji geggeessaa ni dhaggeeffata; ni gamaggama; murtii ni dabarsa.
7. Galiifi bajata waggaa kan majlisaa hojigeggeessaadhaan qophaa'ee itti dhiyaatu ni qorata; Yaa'ii Waliigalaatiif ni dhiheessa; yeroo mirkanaa'e hojiirra oolcha.
8. Gabaasa raawwii hojii hojigeggeessaa baatiidhaan dhihaatu ni dhaggeeffata; ni gamaaggama; murtii ni dabarsa.
9. Qajeelfama faayinaansiifi qabeenya ilaallatu hojigeggeessaafi qaama manichi ramade waliin ta'uudhaan baafamu irratti hundaa'uudhaan dhimmootii bulchiinsa maallaqaafi qabeenyaatiin akkasumas herrega baankii sochoosuutiin wal qabatan ni hordofa; ni to'ata; barbaachisaa ta'ee yoo argamu murtii kenna.
10. Caasaa keessoo hojii Majlisaa sirnaan raawwachiisuu mijeessan akka barbaachisummaa isaatti ni diriirsa; ni jabeessa.
11. Dhimmootii hojimaataafi naamuusaa hojiraawwachiiftuu dabalatee qaamolee itti waamamni isaanii isaaf ta'e irratti murtii ni kenna. Sirniifi seerri yeroo cabsaman bu'aa madaallii irratti hundaa''uudhaan miseensa hojiraawwachiiftuu dabalatee kan biroo irrattis tarkaanfiiwwan sirreeffama adda addaa hanga hojii irraa ugguruutti ni fudhata. Murtii

dhumaatiif Yaa'ii Waliigalatti dhiyeessuun dirqama.

12. Gaaffilee mirga amantii waloofi dhuunfaa Muslimoonni qaban qaama mootummaa dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuudhaan furmaata barbaaduuf dirqama isarraa eegamu hunda ni ba'ata.
13. Sirna hojimaanni Zakaa, Hajjiifi Umraa, galii guddisuu, hojimaanni araaraafi giddu-galeessummaa ittiin hogganaman irratti mari'atee ni mirkaneessa; hojii irras ni oolcha.
14. Jaarmiyaalee fi waldaalee misoomaa, hawaasummaafi diinagdee hundeeffamanii jiraniifi fuulduratti hundeeffaman kanneen majlisni gurmeessu, akkasumas kanneen kaka'umsa mataa isaaniitiin gurmaa'uuf gaafataniif qajeelfama bal'aa ni qopheessa. Qajeelfamicha irratti hunda'ee Jaarmiyaaleen Majlisaa sadarkaa sadarkaan jiran naannoo isaaniitti aangoo isaaniitiin bakka bu'ummadhaan akka hojjataniif hoggansa ni kenna.
15. Buusii Muslimoonni dhaabbataan majlisaaf buusan yookaan yeroo murta'eef kafalan Majlisa Federaalaa waliin mari'achuun hanga isaa ni murteessa, akkasumas walitti qabuufii qooduu "itti fayyadama" isaa irratti tooftaa ni baasa.
16. Hojiiwwan biroo yaa'ii waliigalaatiin itti kenname ni raawwata, gabaasa waggaa yaa'ichaaf ni dhiheessa.

**Keeyyata 37: Walga'iiwwan Hojiraawwachiistuu**

1. Hojiraawwachiiftuun torbii torbiin yeroo tokko Walga'ii idilee kan geggeessu yoo ta'u, hojii isaa iftoominaafi itti gaafatamummaa olaanaadhaan geggeessuuf yeroo barbaachisetti waamicha pirezdaantii ykn hoggantoota sadaniitiin Walga'ii dabalataas geggeessuun ni danda'ama. Baatiitti yeroo tokko walga'ii gabaasa dhaggeeffachuufi gamaaggamuu ni gaggeessu.
2. Walga'ii hojiraawwachiiftuu irratti miseensi walakkaa ol argamnaan guutiinsa yaa'ichaa yoo ta'u; walga'iin murtiin idilee irratti dabarfamu miseensi 2/3'n argamuu qaba.
3. Murtiiwwan walgahichaa hunduu kan raawwatamu ifaan ta'a.
4. Murtiiwwan walgahichaa kan dabarfamu erga mataduricha mariidhaan bilchaatee walii galteedhaan ykn sagalee caalmaadhaan ta'ee yoo sagaleen wal qixxaate gareen walitti qabaan keessa jiru akka sagalee caalmaatti fudhatama.
5. Walga'iiwwaniifi murtiiwwan, filannoowwaniifi adeemsi filannoo hojiraawwachiiftuu hunduu naamusa Islaamaafi qajeelfama isaa haala guuttateen ta'uu qaba.
6. Walgahiin hojiraawwachiiftuu kamiyyuu Pirezidaantiidhaan hogganama. Pirezidaantichi bakka hin jirretti dursaa itti aanaa Pirezidaantii, yoo innis hin jiraanne itti aanaa pirezdaantii, yoo inni hinjirre barreessaan olaanaan, yoo innis hinjirre miseensi hojii raawwachiiftuu dabaree kanaan seeraan bakka bu'uun hogganama.

**Keeyyata 38: Wantoota Miseensummaa Hojiraawwachiistuu keessaa Nama Baasan**

Miseensi hojiraawwachiistuu kamuu sababootii armaan gadii keessaa tokkoon dhiheessa hojiraawwachiftuutiifi murtii yaa'ii waliigalaatiin miseensummaa hojiraawwachiiftuu irraa haqamuu ni danda'a.

1. Rakkoo fayyaa hojii isaa sirnaan ba'achuu isa dhorgu kamuu yoo qabaate;
2. Yakka amala wajjin hariiroo kallattii qabuun yakkamaa ta'uun isaa qaama rogummaa qabuun yoo mirkaneeffame;

3. Hojii maqaa gaariifi kabaja majlisaa hir'isu irratti hirmaachuun isaa mirkanaa'ee dhiyeessa gumii araaraatiin yaa'iin waliigalaa balleessaa ta'uu isaa yoo itti amane;
4. Amala gaarii Islaamaa bu'ura ta'e yoo diigee argame;
5. Iccitii manichaa kan eegamuu qabuufi eegamuuf walii galame yoo baasee argame;
6. Dirqama isaa ga'umsaan ba'achuu yoo dadhabe.
7. Dandeettiifi amaloota hoggansaafi geggeessummaa ijoo ta'an yoo dhabe;
8. Tumaan keeyyata kanaa kanneen armaan olii jiraatanis miseensonni hojiraawwachiiftuu yaa'ii waliigalaatiif waraqaa hojii gadhiisuu dhiheeffatee yoo fudhatama argate ykn
9. Addunyaa kana irraa yoo du'aan boqote kabajaadhaan geggeeffama.

**Keeyyata 39: Gurmaa'inaafi Ga'ee Hojii Miseensota Hojiraawwachiistuu Majlisichaa**

Gurmaa'inni koree hojiraawwachiistuu Majlisa Oromiyaa kan armaan gadii ta'a:

1. Pirezdaantii,
2. Dursaa I/A Pirezdaantii,
3. I/A Pirezdaantii,
4. Barreessaa Olaanaa,
5. Ittigaafatamaa Da'awaafi Mirkaneessa Ga'umsaa
6. >> Barnootaafi Leenjii;
7. >> Masjidaafi Waqfiiwwan;
8. >> Gurmaa'ina, Dubartootaafi Dargaggoota;
9. >> Hajjiifi Umraa;
10. >> Dhimma Halaalaa;
11. >> Karoora, Hordoffii Madaallii;
12. >> Galiifi Misooma Dinagdee;
13. >> Komunikeeshiniifi Sabqunnamtii;
14. >> Hawaasummaa, Qorannoofi Bulchinsa Hanbaalee
15. >> Nageenyaafi Dhimma Diyaaspooraa.

**Keeyyata 40: Filannoo Pirezdaantii Majlisa Naannoo**

Pireezidaantiin M/M/O/Dh/Is/Naannoo Oromiyaa dhiheessa hojiraawwachiistuutiin Yaa'ii Waliigalaatiin kan filamu yoo ta'u hogganaa Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaati. Itti waamamiinsi isaas yaa'ii waliigalaatiif ta'a.

## Keeyyata 41: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Pirezdaantii Majlisa Naannoo

Pirezdaantiin M/M/O/Dh/I/O aangoofi itti gaafatama armaan gadii ni qabaata:

1. Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Oromiyaa nihooggana.
2. Xalayaalee, qaboo yaa'iifi qajeelfamoota hojiraawwachiiftuudhaan bahan irratti ni mallateessa; akka hojiitti jijjiiramus ni godha.
3. Walga'iiwwan mana marichaa kanneen akka hoji raawwachiftuufi kanneen biroo ni waama; waltajjiiwwan yaa'ii waliigalaatiin alaa olaantummaan ni hoggana. Hojiiraawwachistuu wajjin mari'achudhaan Yaa'ii waliigalaa akka waamamu nigodha.
4. Dambiiwwaniifi qajeelfamoota yaa'ii waliigalaa fi hoji raawwachiiftuutti dhihaatee mirkanaa'e qabatamaan hojiirra ooluu isaanii ni mirkaneeffata.

5. Walitti dhufeenya mootummaa fi kanneen biroo waliin godhamu keessatti mana marichaa bakka bu'a; maqaa Mana Mariitiin waliigaltee ni seena; walii galtee bakka bu'iinsaan raawwatamuufis bakka bu'ummaa ni kenna.
6. Waliigaltee ni mallateessa; Barreessaa ykn nama hojiraawwachiistuun ramadde wajjin cheekii ni mallateessa; rakkoolee adeemsicha keessatti mudatan ni fura.
7. Marii hoji raawwachiistuutiin mallatteessitoota baankii ni muuda; ni kaasa; ni jijjiira.
8. Yeroo manni marichaa himate ykn himatame ogeessa seeraa bakka buusee himannaa ni dhiheessa; deebii kenna; falmii barbaachisu hunda geggeessisa.
9. Bakka kamittuu Muslimoota Oromiyaafi mana marichaa bakka bu'uudhaan ergaa dabarsa.
10. Gorsa boordii gorsituutiin dhihaatan yeroo itti amaname hoji raawwachiiftuu wajjin mari'achuudhaan bifa seeraafi hojimaata hordofeen hojiirra akka oolu taasisa.
11. Dambiifi qajeelfama mana marichaa hordofuudhaan miseensota hoji raawwachiiftuufi hoggantoota mana marichaa kan biroo ni bulcha; ni hoggana. kallattii hojii ni kenna.
12. Hojiiwwan piroojektii, Hajjiifi Umraafi kkf yoo gurmaa'ina fooyya'aa kan barbaadan ta'e qorannoo qoratamu irratti hundaa'ee akka raawwatamu godha.
13. Qabeenya dhaabbataafi socho'aa tajaajila majliisaatiif oolan waliigaltee ni mallateessa; akkasumas hoji geggeessaafi hoggansa majlisaa birootiif bakka bu'ummaa ni kenna.
14. Murtii yaa'ii waliigalaa fi kan hojiraawwachiistuu irratti hundaa'uudhaan, akkasumas qajeelfama bittaafi faayinaansii mootummaa hordofuun qabeenyi dhaabbataafi socho'aan akka bitamu, waqfiin akka argamu ykn akka kennamu, akka jijjiiramu, akka gurguramuufi kireeffamu walii galtee ni mallateessa ykn nama biroo bakka buusa.
15. Galiin mana marichaa kamiyyuu herrega baankii seera qabeessa maqaa mana marichaatiin baname keessatti galii ta'uu ni mirkaneeffata.
16. Sochiin qabeenyaafi herrega mana marichaa iftoominaa fi itti gaafatamummaa irratti ta'uu xiyyeeffannaan hordofa.
17. Hojii majlisichaaf galii argamsiisu olaantummaan hordofa.
18. Pirezidaantichi miseensota hojii raawwachiiftuu waliin ta'uun madda galii Mana Marichaa ni uuma; haala galii maddisiisu ni mijeessa; karooraa fi yaadicha dhugoomsuuf carraaqqii guddaa taasisa.
19. Kallattiinis ta'ee al-kallattiin yaadota guddinaafi misooma mana marichaaf barbaachisoo ta'an ni maddisiisa; hojiitti akka hiikamu ni godha; mirgaa fi faayidaa dhaabbatichaa ni kabachiisa.
20. Hoggantoota waajjira hojigeggeessaa olaanaa kanneen akka hoji geggeessaafi itti aanaa hoji geggeessaa dhiheessa garee hoji raawwachiiftuu dhimma kanaatiin ni qacara ykn murtii hojiraawwachiiftuutiin ni muuda.
21. Hojii dabalataa yaa'ii waliigalaatiifi hoji raawwachiiftuudhaan itti kennamu ni hojjata; yaa'ichaafi hoji raawwachiiftuuf gabaasa dhiheessa.

**Keeyyata 42: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Dursa I/A Pirezdaantii Naannoo**

Dursaa Ittiaanaan Pirezidaantii miseensa koree hojii raawwachiistuu irraa ta'ee hojii raawwachiistuudhaan yaa'ii waliigalaatti dhihaatee kan muudamuudha. Waamamiinsi isaa pirezidaantiif yoo ta'u aangoofi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1. Yeroo pirezdaantichi hin jirre bakka bu'ee hojjata.

2. Pirezdaanticha itti dhiheenyaan gargaara; hojiiwwan pirezdaantichaan ykn hoji raawwachiistuudhaan adda ba'ee itti kennamu ni raawwata.
3. Cimina yaa'ii ulamaatiif deeggarsa mataa isaa ni taasisa; yaa'icha keessatti miseensummaan ni hojjata.
4. Hojiiwwan da'awaa waliigalaa tokkummaa Muslimootaa irratti kan ijaarame akka ta'uuf niqindeessa koree dhimmichi ilaaluu wajjin ta'ee ni hordofa; ni gargaara.
5. Dambiiwwaniifi qajeelfamoonni mirkanaa'an hojiirra akka oolaniif deeggarsa barbaachisu ni godha.
6. Hojiiwwan dhimmoota tarbiyaafi ta'aliimaa, da'awaafi mirkaneessa ga'umsa du'aataa, kutaa qorannoofi fatwaa ni qindeessa.
7. Yeroo hojiirra hin jiraanne miseensa hoji raawwachiiftuu keessaa nama bakka buusa.
8. Karoorri hojiifi gabaasni raawwii isa ilaallatu akka dhihaatu godha; hojiraawwachistuu wajjin ni gamaaggama.
9. Qacaramtootaafi hoji raawwachiistoota isa jalatti argaman ykn ramadamaniif gargaarsa, hordoffiifi to'annoo ni taasisa.
10. Murtii hojiraawwachiiftuutiin bakka bu'ummaa pirezdaantii fudhatee Cheekiifi waliigaltee ni mallateessa;
11. Rakkoowwan hojii keessatti uumaman hoggantoota biroo waliin qindaa'ee ni hiika.
12. Hojiiwwan biroo pirezdaantiifi hojiraawwachiiftuudhaan itti kennaman ni hojjata; gabaasas ni dhiheessa.

**Keeyyata 43: Aangoofi Itti Gaafatamummaa I/A Pirezdaantii Naannoo**

Itti aanaan pirezidaantii lammaffaan koree hoji raawwachiiftuutiin yaa'ii waliigalaatti dhiheeffamee kan muudamu ta'a. Waamamiinsi isaa pirezidaantiif yoo ta'u, aangoo fi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaata.

1. Yeroo pirezdaantiifi itti aanaan pirezdaantii tokkoffaa hin jirre bakka bu'ee hojjataa.
2. Hojii Caasaalee gurmaa'inaa, ni qindeessa.
3. Pirezdaanticha itti dhiheenyaan gargaara; hojii pirezdaantichaan ykn hoji raawwachiistuudhaan adda ba'ee itti kennamu ni raawwata.
4. Dambiiwwaniifi qajeelfamoonni mirkanaa'an hojiirra akka oolaniif deeggarsa barbaachisu ni godha.
5. Hojii itti gaafatamtoota gurmaa'inaa, ijaarsa godinaaleefi magaalotaa, kan dargaggootaafi dubartootaa ni qindeessa; ni hordofa.
6. Yeroo hojiirra hin jiraanne miseensa hoji raawwachiiftuu keessaa nama bakka buusa.
7. Karoorri hojiifi gabaasni raawwii isa ilaallatu akka dhihaatu godha; ni gamaaggama.
8. Qacaramtootaafi hoji raawwachiiftota isa jalatti argaman ykn ramadamaniif nigargaara, ni hordofa.
9. Hojiiwwan biroo hoji raawwachiistuufi pirezdaantiidhaan itti kennaman ni hojjata; gabaasa ni dhiheessa.

**Keeyyata 44: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Barreessaa Olaanaa Naannoo**

Barreessaa olaanaan dhiheessa koree hojii raawwachiiftuutiin yaa'ii waliigalaatiin muudama. Barreessaa Olaanaan Ittiwaamamni isaa pirezidaantiif yoo ta'u aangoofi itti gaafatamumma armaan gadii ni qabaata.

1. Dambiiwwaniifi qajeelfamoonni mirkanaa'an qaama hoji raawwachiistuufi caasaalee Majlisaatiin hojiirra ooluu ni hordofa.



Mana Marii Waliigalaa Dhimmoota Isiaamummaa Naannoo Oromiyaa
المجلس الأعلى للشؤون الإسلامية في إقليم أوروميا

2. Cimina yaa'ii ulamaatiif deeggarsa mataa isaa ni taasisa; yaa'icha keessatti miseensummaan ni hojjata.
3. Karoora hojiraawwachiiftuu waliigalaa miseensotaa wajjin mari'atee qopheessa.
4. Pirezdaantii waliin mari'atee ajandaalee Walga'ii ni qopheessa; qaboo yaa'ii ni qaba. akka murtiiwwan barreeffamaan qaama ilaallatu dhaqqaban ni godha.
5. Sirna pirotookoola hoji raawwachiistuu barbaachisoo ta'an hoggantoota biroo gargaarsifatee qopheessa.
6. Gabaasni hojiilee qindaa'anii akka dhihaatan ni godha.
7. Walga'iin idilee hoji raawwachiiftuu yeroo isaa eegee akka geggeeffamu taasisa.
8. Yeroo hojiirra hin jiraanne immoo miseensa hoji raawwachiiftuu keessaa nama bakka buusa.
9. Sochiilee hojiiraawwachiiftota hoggansootaan alaafi kan manajimantii (qacaramtoota) hordofa, ni gargaara, ni to'ata.
10. Bakka pirezdaantiin, I/A pirezdaantiifi I/A pirezdaantii hin jirretti mana marichaa bakka bu'ee hojjata.
11. Dhimmoota hoji raawwachiiftuun murteesse irratti xalayaa ni qopheessa; qaama ilaallatutti dhiheessee akka mallateeffamu godha.
12. Bakka bu'umsa pirezdaantiitiin walii galtee ni mallateessa; sochii baankii ni hordofa; cheekiis ni mallateessa. Rakkoowwan adeemsa keessatti mudatan hoggantoota biroo waliin qindaa'ee hiika.
13. Hojiiwwan biroo hojiraawwachi'tuufi pirezdaantiidhaan itti kennaman ni hojjata; gabaasa ni dhiheessa.

**Keeyyata 45: Waajjira Pireezidaantii Naannoo**

1. Waajjirri Pirezidaantii hogganaa Waajjira Pirezidaantiifi gorsitoota Pirezidaantichaan muudaman kan qabu ta'ee, barreessaafi hojjattoota dirqama barbaachisan of keessatti hammata.
2. Waajjirri pirezdaantii hojiiwwan ijoo armaan gadii raawwata:
   - 2.1 Keessummoota gara waajjira pirezdaantichaa dhufan ni keessummeessa.
   - 2.2 Xalayaalee barreeffaman qaama ilaallatuun ni ga'a; bu'aa isaa ni hordofa; gurmeessee ni kaa'a.
   - 2.3 Keessummoota biiroolee adda addaa ykn waajjiraalee majlisaa irraa dhufan akka itti gaafatamtootaan wal argan sagantaa ni qaba; baallamicha ni hordofa.
   - 2.4 Barreessaa olaanaa wajjin ta'uudhaan ajandaalee qabamuu qaban qopheessee pirezdaantiif dhiheessa.
   - 2.5 Qaboolee yaa'iifi xalayaalee pirezdaantichaa ni gurmeessa; murtiilee qaama ilaallatuuf ni dabarsa. Adeemsa isaas ni hordofa.
   - 2.6 Hojiiwwan biroo pirezdaantiidhaan itti kennaman ni hojjata; pirezdaantiif gabaasa ni dhiheessa.

**Keeyyata 46: Waajjira Dursa I/A Pirezdaantii Naannoo**

1. Waajjirri I/A Pirezidaantii tokkoffaa hogganaa Waajjira I/A Pirezidaantichaa fi gorsitoota barbaachisan kan qabu ta'ee, barreessaafi hojjattoota biroo akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin ramadaman ni qabaata.

2. Waajjirri I/A pirezdaantii tokkoffaa hojiiwwan ijoo armaan gadii raawwata:
   2.1. Keessummoota gara waajjira I/A pirezdaantii tokkoffaa dhufan ni keessummeessa.
   2.2. Xalayaalee barreeffaman qaama dhimmi ilaallatuun ga'a; bu'aa isaa ni hordofa; faayilii godha.
   2.3. Keessummoota biiroolee adda addaa ykn waajjiraalee majlisaa irraa dhufan akka itti gaafatamtoota ulamaatiin wal argan sagantaa qaba; baallamicha ni hordofa.
   2.4. Qaboolee yaa'iifi xalayaalee I/A pirezdaantiifi yaa'ii ulamaa ni gurmeessa; murtiilee qaama ilaallatuuf ni dabarsa. Adeemsa isaas ni hordofa.
   2.5. Kutaalee hojii I/A pirezdaantii tokkoffaa jala jiranii wajjin hariiroo uumee hojjata.
   2.6. Hojiiwwan biroo I/A pirezdaantii tokkoffaan itti kennaman ni hojjata; gabaasas ni dhiheessa.

**Keeyyata 47: Waajjira I/A Pirezdaantii Naannoo**

1. Waajjirri I/A Pirezidaantii lammaffaa hogganaa Waajjira I/A Pirezidaantichaafi gorsitoota I/A Pirezidaantiitiin muudaman kan qabu ta'ee, barreessaafi hojjattoota barbaachisoo biroo kanneen ramadaman ni qabaata.
2. Waajjirri I/A pirezdaantii lammaffaa hojiiwwan ijoo armaan gadii raawwata:
   1.1 Keessummoota gara waajjira I/A pirezdaantichaa dhufan ni keessummeessa.
   1.2 Xalayaalee barreeffaman qaama ilaallatuun ga'a; bu'aa isaa ni hordofa; gurmeessee kaa'a.
   1.3 Keessummoota biiroolee adda addaa ykn waajjiraalee majlisaa irraa dhufan akka itti gaafatamtootaan wal argan sagantaa qaba; baallamicha ni hordofa.
   1.4 Qaboowwan yaa'iifi xalayaalee I/A pirezdaantii lammaffaa ni gurmeessa; murtiilee qaama ilaallatuuf ni dabarsa. Adeemsa isaas ni hordofa.
   1.5 Hojiiwwan biroo I/A pirezdaantii lammaffaatiin itti kennaman ni hojjata; gabaasas ni dhiheessaaf.

**Keeyyata 48: Waajjira Barreessaa Olaanaa Naannoo**

1. Waajjirri barreessaa olaanaa hogganaa waajjira barreessaa olaanaafi gorsitoota barreessaa olaanaan muudaman kan qabu ta'ee, barreessaafi hojjattoota biroo akkaataa barbaachisummaa isaaniitiin ramadaman ni qabaata.
2. Waajjirri barreessaa olaanaa hojiiwwan ijoo armaan gadii raawwata:
   2.1. Keessummoota gara waajjira barreessaa olaanaa dhufan ni keessummeessa.
   2.2. Xalayaalee barreeffaman qaama ilaallatuun ga'a; bu'aa isaa ni hordofa; faayilii godha.
   2.3. Keessummoota biiroolee adda addaa ykn waajjiraalee majlisaa irraa dhufan akka itti gaafatamtootaan wal argan sagantaa qaba; baallamicha ni hordofa.
   2.4. Qaboolee yaa'iifi xalayaalee barreessaa olaanaa ni gurmeessa; murtiilee qaama ilaallatuuf ni dabarsa. Adeemsa isaas ni hordofa.

**Keeyyata 49: Boordii Gorsituu**

1. Boordiin gorsituun hayyoota ogummaa adda addaa irraa fudhataman miseensa 7 hanga 11 qaban hammatee caaseffama; ulamaafi ogeeyyii adda addaa irraa walitti fidamee gurmaa'a;
2. Koree hoji raawwachiiftuu, pirezdaantii, Itti aantota pirezdaantii fi barreessaa olaanaa kan

gorsu yoo ta'u itti waamamni isaas hoji raawwachiiftuu mana marichaatiif ta'a.

3. Hirphi ogummaa gumichaa kun ogeessa amantii dabalatee ogeeyyii saayinsii hawaasaaafi saayinsii uumamaa hammatee gosa hojii barbaachisoof dursa kennee dirree ogummaa xixiqqaa adda addaa caasessuu ni danda'a.
4. Ogeessonni gorsitoonni tola ooltota mindaa malee tajaajilan yoo ta'an yeroo gaaffii dhaabichaatiin argamaniifi guyyaafi yeroo marii irratti hirmaatan shallaggii kafaltii murtiitiin durgoon isaaniif kafalama.
5. Koreen hoji raawwachiiftuun yoo sababa ga'aa qabaate miseensa boordii gorsituu keessaa ogeessa jijjiiruu ni danda'a.

**Keeyyata 50: Hojigeggeessaa**

1. Hojigeggeessaa majlisa Oromiyaa hoji raawwachiiftuutti aanee itti gaafatamaa olaanaa dhimmoota bulchiinsa M/M/O/Dh/I/Oromiyaati.
2. Hojigeggeessaan majlisa Oromiyaa koree miseensota hojiiraawwachiistuu Mana marichaa keessaa dhimma kanaaf yeroof hundeeffameen bu'ura dambii kanaafi qajeelfama humna namaatiin kaadhimamee koree Hojii Raawwachiistuutti dhiheeffamee qaboo yaa'ii hojiraawwachiiftuutiin kan muudamu ta'a.
3. Hojigeggeessaa ittiwaamamiinsi isaa barreessaa olaanaadhaafi.
4. Hojigeggeessaan walabummaan ogummaa isaa akkuma eegametti ta'ee, Barreessaa Olaanaafi hoggantoota mana marichaa biroo waliin mari'atee kan hojjatu ta'ee isa jalatti koree maanajmantii ni ijaara; akka barbaachisummaa isaatti koreewwan yeroo adda addaa ni hundeessa.
5. Kaadhimamaan gita hojigeggeessaa olaanaatiif calalamu haalduree armaan gadii guutuu qaba:
   - 5.1 Muslima ta'uu,
   - 5.2 Umuriin isaa yoo xiqqaate waggaa soddomii shan ta'uu,
   - 5.3 Amantii isaa kan hojiirra oolchu,
   - 5.4 Yoo xiqqaate barumsa bulchiinsaa, hoggansaafi kanaan hariiroo qabaniin digrii lammaffaafi muxannoo hojii waggaa 10 qabu ta'ee sana keessaa waggaa shan itti gaafatamaa ta'ee kan hojjate.
   - 5.5 Amala baduudhaan wal qabatee haala kamiinuu yakkamaa ta'uun kan hin mirkanoofne.
   - 5.6 Masjida jamaa'aadhaan itti salaatu irraa xalayaa mirkaneessa miseensummaa fiduu kan danda'u,
   - 5.7 Majlisa hogganuuf fedhii kan qabuufi mul'ata dhaabbatichaaf qabu barreeffamaan dhiheessuu kan danda'u;
   - 5.8 Afaan Oromoo, Amaariffaafi Ingiliffa kan danda'u ta'ee dabalataan Arabiffa kan danda'u yoo ta'e ni filatama.

**Keeyyata 51: Aangoofi Itti Gaafatamummaa Hojigeggeessaa**

Hojigeggeessaan itti waamamni isaa Barreessaa Olaanaaf yoo ta'u, aangoofi itti gaafatamummaa hojii armaan gadii qabaata:

1. Caasaa Majlisa Oromiyaa keessatti daangaa aangoo isaa keessatti ajaja dabarsa.
2. Mul'ata, ergamaafi tarsiimoo mana marichaa gadi dhaaba; akkasumas yaada fooyya'iinsaa ni

maddisa.

3. Karoora baatiifi waggaa waajjira hoji geggeessaa, akkasumas gabaasa raawwii hojii waggaa qopheessuufi dhiheessuu,
4. Caasaa mul'ata, ergamaafi tarsiimoo mana marichaa raawwachiisuu danda'u diriirsuufi koree qacarrii waliin ta'uudhaan humna namaa qacaruu,
5. Bulchiinsa qabeenyaafi maallaqa mana marichaa hogganuu, bulchuufi adeemsa isaa to'achuu,
6. Karoora hojiifi bajata mana marichaa qopheessuu, mirkaneessisuu, bulchuufi to'achuu,
7. Hojiiwwan caasaafi aangoo mana marichaatiin gulantaa hundarratti ramadaman sirriitti akka raawwataman carraaqqii gochuu,
8. Dhaabbilee misoomaa manneen marii dhimmootii Islaamaa sadarkaa sadarkaan jiraniifi kan mana marii olaanaatiif sirni faayinaansiifi bulchiinsaa wal fakkaataan akka diriirfamu gargaaruu,
9. Piroojektiileen jiran tarsiimoo mana marichaatiin wal madaaluu mirkaneeffachuufi raawwii isaaniitiif hojiin hordoffiifi gamaaggamii sirriitti geggeeffamuu mirkaneeffachuu,
10. Piroojektii dhaabbilee amantii biroo wajjin bocaman irratti manni marichaa dammaqqiifi sirriitti hirmaachuu mirkaneeffachuu,
11. Gurmaa'ina keessoo mana marichaa jabeessuuf koree qacarrii wajjin ta'ee bu'ura caasaa mana marichaatiin ogeeyyiin ga'umsa qaban sadarkaa sadarkaan akka ramadaniifi qacaraman gochuu,
12. Imaammata (tarsiimoo) qaama dhimmi ilaallatuu wajjin ta'uudhaan, akkasumas karoora bulchiinsaafi misooma mana marichaa qopheessuufi yeroo mirkanaa'e hojiirra oolchuu,
13. Karoora hojiifi bajata waggaa mana marichaa kutaa qorannoo karooraafi imaammataa, akkasumas daayrektoreetiifi itti gaafatamtoota seektara biroo waliin ta'uun ni qopheessa; yeroo mirkanaa'es hojiirra oolcha. Gabaasa raawwii hojii ni dhiyeessa.
14. Itti gaafatamtoonni daayirektoreetii ykn damee jala jiran karoora yeroo gabaabaafi yeroo dheeraa isaanii dhiyeessanii hojiitti akka galaniifi hojiiwwan itti gaafatamummaadhaan hordofanii akka raawwachiisaniifi gabaasa godhan hordoffii cimaa gochuu,
15. Sirni hojimaata ammayyaa akka jiraatuufi dhangala'iinsi odeeffannoo sadarkaadhaan jiran ammayyaawaa akka ta'u gochuu,
16. Maanuwaalii hojimaataa, dambiiwwaniifi qajeelfamoota adda addaa qopheessuufi yeroo mirkanaa'an dabareen hojiitti akka seenan gochuu,
17. Qabeenyi mana marichaa akka hin qisaasamne sirna to'annoo sirrii diriirsuu, raawwii isaas hordoffii gochuu; cheekii mallateessuufi herrega baankii manichaa sochoosuu,
18. Akka barbaachisummaa isaatti yeroo bakka buufame yaa'iiwwan idil addunyaa, biyyoolessaafi naannolee biroo irratti hirmaachuu,
19. Dhaabbileen misooma mana marichaa suuraafi dandeettii fooyya'aa akka qabaatan gargaaruu; Akka barbaachisummaa isaatti kanneen biroos akka hundeeffaman yaada qorannoo irratti hundaa'e kennuu,
20. Hojiiwwan bulchiinsa daayirektoreetii damee hojii isa jala jiran maraa gurmaa'ina fooyya'aa ariifataafi ammayyaawaa akka qabaatan gochuu,
21. Dhimmootii bulchiinsaafi misoomaa ilaalchisee murtiiwwan dabareedhaan yaa'ii waliigalaafi hoji raawwachiiftuun kennaman bu'ura godhatee sirrii ta'uu ilaalee ni mallateessa; baasii akka ta'an ni godha.
22. Tajaajila hojii seeraa, hojii oditii keessoofi alaa ni hordofa.
23. Daangaa aangoo isaa keessatti ibsa ni kenna ykn nama biraa bakka buusa.
24. Bu'ura qajeelfama faayinaansii fi bulchiinsa qabeenyaatiin baasii ni ajaja; Qondaaltota

herrega Majlisaa sochoosuuf aangoo qaban waliin ta'uun herrega baankii ni sochoosa; ni to'ata; Cheekii nimallatteessa.

25. Murtii hoji raawwachiiftuu bu'ura godhatee xalayaaleefi sanadoota qophaa'an, akkasumas xalayaalee bulchiinsa ilaallatan biroo irratti ni mallateessa.
26. Tarkaanfii naamusaa, fayyadama faayinaansii fi bajataa, bulchiinsa hojjattootaa, maanuwaalii raawwii bulchiinsa qabeenyaafi qajeelfama kanaan walqabatu ni qopheessa; raawwii isaaniis ni hordofa.
27. Caasaalee bulchiinsa waajjira hoji geggeessaa, kan dameeleefi daayirektoreetiiwwanii ogeessaan qorachiisee hojiraawwachiiftuutti dhiheessa; ni fooyyessa; bajanni sirriin akka ramadamuuf godha,
28. Dabalataan hojiilee biroo kan pirezdaantii, barreessaafi hoji raawwachiiftuudhaan itti kennamu ni raawwata.

### Keeyyata 52: Sababoota Hojigeggeessaan Ittiin Geggeeffamu

Hoji geggeessaan badiiwwan armaan gadii yoo raawwate akeekkachiisa tokko malee hojii irraa ni geggeeffama. Isaanis:

1. Tumaalee seera majlisaa bu'uraa cabsee yeroo argame;
2. Tumaalee waadaa qacarrii isaa bu'uraa cabsee yoo argame;
3. Hojii seeraafi hamileef faallaa ta'an irratti bobba'ee yoo argame;
4. Jireenya dhuunfaafi hawaasaa keessatti gocha kabaja Ummata Muslimaafi majlisaa hin madaalle raawwatee yoo argame;
5. Ajaja hoji raawwachiiftuu seera qabeessaafi sirrii ta'eef ajajamuu didee yoo argame;
6. Hojii mirgaafi bu'aa dhaabichaa miidhu irratti bobba'ee yoo argame;
7. Amantii Islaamaa yoo dhiise;
8. Yakkootii biroo kana fakkaatan yoo hojjate.

### Keeyyata 53: Itti Aanaa Hojigeggeessaa

Itti aanaan hoji geggeessaa yeroo barbaachisetti kan kaadhimamu koree miseensota Hojii Raawwachiiftuu Mana marichaa keessaa dhimma kanaaf yeroof hundeeffameen ta'ee qaboo yaa'ii hoji raawwachiiftuutiin muudama/ qaxarama; itti waamamiinsi isaas hojigeggeessaadhaaf ta'a.

1. Itti aanaan hoji geggeessaa aangoofi itti gaafatama armaan gadii qabaata:
   - 1.1 Yeroo hoji geggeessaan olaanaan hin jirre bakka bu'ee hojjata.
   - 1.2. Bakka bu'ummaa Pirezdaantiitiin ykn hojigeggeessaatiin waligaltee mallateessuu, sochiilee baankii hordofuu, cheekiiwwan mallateessuufi rakkoolee adeemsicha keessa jiraatan hogganssa biroo waliin ta'uun furuu;
   - 1.3. Hojii daayirektoreetii humna namaa abbummaan kan hogganu ta'a.
   - 1.4. Hojii dabalataa Pirezdaantii, barreessaa ykn hoji geggeessaadhaan itti kennamu ni raawwata.
2. Kaadhimamaan gita itti aanaa hoji geggeessaatiif calalamu haalduree armaan gadii guutuu qaba:
   - 1.1. Muslima ta'uu,
   - 1.2. Umuriin isaa yoo xiqqaate waggaa 30 ta'uu,
   - 1.3. Amantii isaa kan hojiirra oolchu tahuu,
   - 1.4. Yoo xiqqaate barumsa bulchiinsaa qabeenya namaa, hogganssaafi kanaan hariiroo

qabaniin digrii tokkoffaafi muxannoo hojii waggaa 8 qabu ta'ee sana keessaa waggaa afuriif itti gaafatamaa ta'ee hojjate.

1.5. Amala baduudhaan wal qabatee haala kamiinuu yakkamaa kan hin jedhamne.

1.6. Masjida jamaa'aadhaan itti salaatu irraa mirkanii miseensummaa fiduu kan danda'u,

1.7. Majlisa hogganuuf fedhii kan qabuufi mul'ata dhaabbatichaaf qabu barreeffamaan dhiheessuu kan danda'u,

1.8. Afaan Oromoo, Amaariffaafi Ingiliffa kan danda'u ta'ee dabalataan Arabiffa kan danda'u yoo ta'e ni filatama.

**Keeyyata 54: Waajjira Hojigeggeessaa**

1. Itti gaafatamaan waajjira hoji geggeessaa, hoji geggeessaadhaan kan kaadhimamee muudamu ta'ee itti waamamiinsi isaas hoji geggeessaadhaaf ta'a.
2. Itti gaafatamaan waajjira hoji geggeessaa hojiiwwan ijoo armaan gadii raawwata:
   - 2.1 Keessummoota gara waajjira hoji geggeessaa dhufan ni keessummeessa.
   - 2.2 Xalayaalee hoggantoota majlisaatiin barreeffaman qaama ilaallatuun ni ga'a; bu'aa isaa ni hordofa.
   - 2.3 Keessummoota biiroolee adda addaa ykn waajjiraalee majlisaa irraa dhufan akka itti gaafatamtootaan wal argan sagantaa qaba; ni raawwata.
   - 2.4 Qaamoleen majlisa Oromiyaa karooraafi bajata isaanii sirriitti raawwachuu ni hordofa.
   - 2.5 Ajandaalee qabamuu qaban qopheessee hoji geggeessaa olaanaaf dhiheessa.
   - 2.6 Qaboowwan yaa'ii ni gurmeessa; murtiilee qaama ilaallatuuf ni dabarsa. Adeemsa raawwii isaas ni hordofa.
   - 2.7 Hojiiwwan biroo hoji geggeessaa olaanaan itti kennaman ni hojjata.

**Keeyyata 55: Ramaddii Hojii Waajjira Hojigeggeessaa**

Gurmaa'inni gitoota hojii hoggantoota mana marichaa akkuma ulfaatina hojii gitoota hojii armaan gaditti tarreeffamaniin muudamaan ykn qacarriidhaan kan ramadaman ta'ee, daayrektoreetii, seektara, tajaajila, itti gaafatamummaa waajjiraa ykn mata dureewwan barbaachisoo birootiin gurmaa'uu ni danda'u. Hojii fi gurmaa'inni bal'aan gara fuulduraatti ogeessaan qoratamee qajeelfama bulchiinsa humna namaa keessatti gabaabfamee kan dhiyaatu ta'a. Gitoonni hojii kun itti gaafatamni isaanii hoji geggeessaadhaaf yoo ta'u ittigaafatamtoonni irratti muudaman ykn ramadaman dhiyeessa hojigeggeessaatiin koree hojiraawwachiistuudhaan kan ragga'u ta'a. Isaanis:

1. Itti Aanaa Hojigeggeessaa;
2. Daarektoreetii Karoora, Hordoffiifi Madaallii
3. Daayirektoreetii Bulchiinsaafi Faayinaansii;
4. Daayirektoreetii Da'awaafi Madaallii Ga'umsaa;
5. Daayirektoreetii Hawaasummaafi Qorannoofi Bulchiinsa Hambaale Islaamaa;

6. Daayirektoreetii Hajjiifi Umraa;
7. Daayirektoreetii Dhimma Halaalaa;
8. Daayirektoreetii Masaajidaafi Waqfiiwwanii;
9. Daayirektoreetii Galiiwwaniifi Misooma diinagdee;
10. Daayirektoreetii Gurmaa'ina; Dubartootaafi Dargaggootaa;
11. Daayirektoreetii Barnootaafi Leenjii;
12. Daayirektoreetii Kominikeeshiniifi Sabqunnqmtii;
13. Daayirektoreetii Nageenyaafi Dhimma Diyaaspooraa;

**Keeyyata 56: Gumii Araaraafi Ittiwaamama Isaa**

1. Gumiin araaraa gulantaa yaa'ii waliigalaa naannoo dhaaba araaraa seeraa majlisaa ta'ee filannoo waldhabbiin Muslimaa ittiin furamuudha. Innis ulamaa miseensa yaa'ii waliigalaa irraa nama lama (2), manguddoo araarsa hawaasaatiin beekaman irraa miseensa tokko(1), hayyuu seeraa irraa nama tokko (1) fi qaadii sharii'aa irraa miseensa tokko (1) hammatee ida'ama miseensa shan (5) ni qabaata.
2. Miseensonni hunduu hanga danda'ameen hojii isaanii duriitiin nama bilisaa fi madaala eeguun beekame ta'ee hojii araarsa, manguddummaafi abbaa seerummaatiin akkasumas gumaacha hawaasaatiin muxannoo qaban ta'ee umuriin isaanii yoo xiqqaate waggaa 40 guute ta'ee walitti qabaa, itti aanaafi barreessaa jidduu isaaniitii ofumaaf filatu.
3. Itti waamamiinsi gumichaa yaa'ii waliigalaatiif yoo ta'u, hoji raawwachiiftuufi waajjira hoji geggeessaa wajjin qindoominaan akkaataa waldhabbii furan sirna hojii araarsaa irratti qajeelfama qopheessuun yaa'ii waliigalaatti dhihaatee mirkanaa'a.
4. Miseensi gumichaa kamuu yoo hanqinni sirnaa ykn humni isaa murtaa'aa ta'uun mul'ate ykn sababni biraa kan dirqama isaa ga'umsaan ba'achuu dhorgu jiraachuun mirkanaa'e sagalee miseensaa caalmaadhaan yaa'ii waliigalaatti dhihaatee murtiidhaan geggeeffamuu ni danda'a.
5. Barri aangoo gumichaa waggaa shan yoo ta'u guyyaa filannoon majlisaa geggeeffame irraa kaasee yeroo baatii ja'akeessatti filannoon gumichaa kan geggeeffamu ta'a.

**Keeyyata 57: Aangoofi Hojii Gumichaa**

1. Miseensonni gumichaa sharii'aaf, seera majlisaafi mataa isaaniitiif amanamaa ta'anii dhimmootii isaaniif dhihaate irratti itti gaafatamummaan hojjatu.
2. Gumiin araaraa kun dhimmoota hoji raawwachiiftuufi yaa'ii ulamaatiin hiikamuu hin dandeenyeefi kan pirezdaantiidhaan gara isaaniitti qajeelfamu waldhabbii majlisicha ilaallatan jidduu ulamaa, hoji raawwachiiftuufi muudamtoota majlisaa jidduutti ka'u qoratee, ragaadhaan mirkaneessee yaada murtii araaraa kenna.
3. Murtiin araaraa gumichi dabarse qaama dhimmi ilaallatuun hojiirra ooluu qaba. Yaadni murtichaa qaama dhimmi ilaallatuun yoo hojiirra hin oolle murtii dhumaatiif yaa'ii waliigalaatiif dhihaata.
4. Gumichi akkuma amala dhimmichaatiin dhimmoonni inni giddu galummaa araaraatiin ilaalu kanneen armaan gadiiti:

   4.1 Dhimmi hoji raawwachiiftuuf dhihaate sirna hojimaata majlisichaa faallessuun

qaama bulchiinsa gadiitiin mirkanaa'ee, qaamichaan filannoon furmaataaf ta'u xumuramee ilaalamuudhaan dhimmichi sadarkaa sanatti furamuu waan hin dandeenyeef gumichaan akka ilaalamuuf gaaffii pirezdaantiitti dhiheessee yoo pirezdaantiinis tursiise kallattiin Gumichatti yoo dhiheesse,

4.2 Qaamni yaa'ii waliigalaa ykn hoji raawwachiiftuu ykn yaa'ii ulamaa ykn miseensi muudamaa majlisaa kamuu rakkoo sirna faallessu hojjatanii sababa kamiinuu ykn bu'ura seera majlisaa kanaan hoji raawwachiiftuun dhimmicha akka gumiin ilaalu yoo murteesse,

4.3 Hiika seera majlisaa ilaalchisee qaama yaa'ii waliigalaa kamiinuu ykn hoji raawwachiiftuu ykn yaa'ii ulamaa ykn muudamtoota majlisaa jidduutti garaa garummaan hiikaa yoo jiraate.

5. Keeyyattoonni boqonnaa kana jalatti aangoofi hojii gumii ilaalchisee tumame dhimmootii hojjachiisaafi hojjataan wal qabatan aangoo abbaa seerummaa qaama biraatiif seera rogummaa qabuun kenname hin tuqu.
6. Qaamni dhimma gumichi ilaale irratti komiin itti dhaga'ame hoji raawwachiiftuutti ol iyyannaa dhiheeffachuu kan danda'u ta'ee yoo kan sadarkaa hoji raawwachiiftuutiin hin furamne ta'e murtii hoji raawwachiiftuutiin ykn kallattii afayaa'iitiin yaa'iin waliigalaa dhimmicha ilaalee murtii dhumaa kenna.

## BOQONNAA SHAN: GURMAA'INA

### Keeyyata 58: Qajeeltoo Bu'uraa

1. Sanadni waadaa tokkummaafi wal gargaarsa ulamaa kan walga'ii ulamoota Itoophiyaatiin galma Sharaatanitti gaafa 23/08/2011 mirkanaa'e caasaalee majlisaa hundaafi, ulamaafi Muslima caasicha jalatti hirmaatan hundaafuu dhimma amantii Islaamaa ilaalchisee sanada akka bu'uraatti gargaaruudha.
2. Tumaaleen boqonnaa kanaa sanada waadaa tokkummaafi gargaarsa ulamaa kanaan wal galee hiikamuu qaba.

### Keeyyata 59: Hundeeffama Yaa'ii Ulamoota Mana Marichaa

1. Yaa'iin ulamaa caasaa mana marichaa hojiilee amantii hogganuufi qindeessu ta'ee itti waamamiinsi isaa hoji raawwachiiftuudhaaf ta'a.
2. Miseensi yaa'ii Ulamaa naannichaa Adoolessa 11 bara 2014 irraa eegalee waggoota sadiif walitti aansuun miseensuma duraan turan ulamoota 45tu Yaa'ii Ulamaa ta'anii itti fufu. Sana booda filannoo geggeeffamuun kanneen armaan gadiitu miseensa yaa'ii Ulamaa ta'a:
    2.1. Dura bu'oota majlisa godinaaleefi magaalotaa tokko tokko,
    2.2. Walitti qabaa yaa'ii ulamaa godinaaleefi magaalotaa tokko tokko,
    2.3. Ulamoota miseensa yaa'ii waliigalaa naannichaa hunda,
    2.4. Miseensa hojiraawwachiiftuu naannoo sagal kanneen ulamaa irraa dhufan,
    2.5. Ulamoota koree fatwaa naannichaa 15 yaa'ii ulamaatiin filataman.
3. Barri hojii yaa'ii ulamaa waggaa shan (5) ta'ee barri hojii miseensota fatwaa garuu waggaa torba (7) ta'a.
4. Walitti qabaan, itti aanaan walitti qabaafi barreessaan yaa'ii ulamaa yaa'ii ulamaatiin kan filatamu ta'a.

5. Waajjirri yaa'ii ulamaa qindoomina hoji raawwachiiftuufi waajjira koree Ulamaatiin gurmaa'a.

**Keeyyata 60: Ulaagaa Miseensummaa Yaa'ii Ulamaa**

Namoonni miseensa yaa'ii ulamoota Naannoo Oromiyaa ta'an ulaagaalee armaan gadii guutuu qabu:

1. Miseensummaa yaa'ii ulamaa Naannoo Oromiyaa umuriin waggaa 35 gadi kan hin taane ta'ee caasaalee gadii dabareen jiraniif garuu aalimoota umuriin isaanii soddomaa ol ta'e miseensa gochuu danda'u.
2. Yuunivarsitii ykn kolleejjii Islaamaa barumsa Islaamaatiin beekaman irraa digrii tokkoffaa kan qabu ykn maaddii qiraatii ilmii biyya keessaa irraa beekumsa madaalaa kan qabu ta'ee mazhaba arfan irraa hubannoo qabaachuu.
3. Tafsiira Qur'aanaa kan waliin ga'e, dandeettii Afaan Arabaa kan qabu, Sunan Assittaa (Kitaabban Jahan) kan waliin ga'e.
4. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 2 irratti beekumsa madaalaa jechuun kan tumame ulaagaan aalimoonni sadarkaa biyyoolessaa baasan akkuma jirutti tahee aalimoonni Oromiyaa wal ga'anii haala qabatama naannoo Oromiyaatiin walgituun madaala ifaa ni baasu.
5. Bakkaafi hojii kam irrattuu komiin ykn himannaan amalaan wal qabatu itti dhihaatee balleessaa ta'uun kan irratti hin murtoofne.

**Keeyyata 61: Haala Miseensummaa Yaa'ii Ulamaa Keessaa Nama Baasu**

1. Miseensi yaa'ii ulamaa kamuu sababootii armaan gadii keessaa tokkoon ykn tokkoo ol ta'een yeroo manni marii ulamaa gaaffii dhiheessee murtiin bulchiinsaa yaa'ii waliigalaatiin kenname geggeeffamuu danda'a.
   - 2.1 Yakka bu'ura sharii'aa faallessuun yakkamaa ta'uun isaa yoo mirkanaa'e.
   - 2.2 Bakkaafi hojii dirqama ulamootaa kan fakkeenyummaaf kaa'ame kana faallessu irratti yoo argamee fakkeenyummaan isaa badaan kun maqaafi kabajaa yaa'ichaa kan hin madaalleefi kabaja isaa gadi buusu ta'e.
   - 2.3 Hanqinni beekumsaafi hojimaataa kanneen dirqama isaa sirriitti ba'achuu dhorgan ifee mul'achuu.
   - 2.4 Bakkaafi Yeroo itti waamamanitti yeroo hedduuf argamuu yoo dhiisan.
   - 2.5 Yakkawwan gurguddoo biroo amala kana fakkaatu qabu hojjachuun isaanii yoo mirkanaa'e.

1 Tumaaleen keeyyata xiqqaa tokkoo akkuma eegametti ta'ee miseensi yaa'ii ulamaa sababootii armaan gadii keessaa tokkoon kabajaadhaan miseensummaa irraa geggeeffamuu danda'a.

   - 2.6 Waggaan shanan bara hojii isaanii dhumee filannoo itti aanu aalimoota qofaan geggeeffamu irratti osoo hin filatamin yoo hafe.
   - 2.7 Xalayaa hojii gadi dhiisuu barreeffamaan yaa''ii ulamaatiif yoo dhiheesse.
   - 2.8 Du'aan yoo addunyaa lakkise,

2.9 Dhukkubni hojii idilee yoo xiqqaate walakkaa waggaatiif hojjachuu isa dhorgu yoo irra jiraate;

2.10 Manguddumaa sadarkaa dalagaa idilee isaanii geeggeessuu irratti dhiibbaa uumtu yoo gayan.

2.11 Miseensonni yaa'ii ulamaa ykn yaa'ii waliigalaa miseensi komiin irratti dhihaate kun badii uumanillee kabajaan haa geggeeffaman jedhee sagalee lama sadaffaan yoo murteesse.

2 Miseensi yaa'ii ulamaa kabajaan geggeeffaman waraqaan ragaa galataafi tajaajila ummataa ni kennamaaf.

3 Bakka aalima geggeeffamee yaa'iin ulamootaa seera hordofee yaa'ii itti aanutti miseensa bakka bu'u murteessa.

4 Kan geggeeffame walitti qabaa ulamaa yoo ta'e immoo yeroo baatii sadii hin caalle keessatti bakka bu'uu qaba.

### Keeyyata 62: Aangoofi Gahee Hojii Yaa'ii Ulamaa Mana Marichaa

Yaa'iin ulamaa waamamiinsi isaa hoji raawwachiiftuuf ta'ee aangoofi itti gaafatamummaa armaan gadii ni qabaatu:

1. Seeraafi dambii Islaamaa sirrii hordofanii fatwaa ykn gaaffiilee amantiitiif deebii murtoo kennu.
2. Muxannoo addunyaa kan Manni Marii Ulamaa Biyyoolessaa gadi buuse irra dhaabbachuun, haala qajelfama biyyoolessaa hin faallessineen qorannoo ofiis itti dabaluudhaan akkaataa kennama barumsaafi da'awaa akkasumas sirna bobbaatii daa'ii irratti dambiifi qajeelfama qopheessa; hojiirra oolcha; ni raawwachiisas.
3. Calallii abbootii seeraa mana murtii sharii'aa akka Oromiyaatti sadarkaa hundarratti gaggeeffamu ni hogganu; of eeggannoon sirriin godhamee raawwatamuu ni hordofu; ni mirkaneessus,
4. Abbootii seeraa mana murtii sharii'aatiif hoji humna ijaaruu ni kennu; raawwii isaas ni deeggaru,
5. Tajaajila manni murtii sharii'aa kennutti hawaasni Muslimaa fayyadamuu ni hordofu.
6. Seera sharii'aa (koodii) manni murtii sharii'aa daangaa aangoo isaanii keessatti ittiin hojjatan akka naannootti ni qopheessu.
7. Wiirtuun barnoota Islaamaa turaaniifi ammayyaa akka cimaniif deeggarsa godhu. Haaraan akka hundeeffamus ni carraaqu. Sirna hojimaata ammayyaawaa yeroo madaalu qopheessuun hojiirra oolchu.
8. Wiirtuu qaraatiifi barnoota Islaamaa Naannoo Oromiyaa keessatti argamu hunda irratti sirni barnootaa wal fakkaatu akka jiraatuuf sadarkaa naannootti qopheessanii maxxansiisu; hojiirra oolchu.
9. Ulaagaafi sadarkaa (standard) naannoo madaalu baasee daa'iidhaaf, barsiisota Islaamaatiif (barsiisaa madrasaa/ustaazota) fi imaamotaaf beekamtii kenna. Akkasumas dhaabbilee barnootaafi ilmii Islaamaatiif, daa'iiwwaniif eeyyama barsiisuufi waraqaa ragaa mirkaneessituu ga'umsaa ni kenna.
10. Daa'iiwwaniifi ustaazonni barnoota amantii barsiisuuf ykn hojii da'awaatiif yeroo socho'an

miira dirqama ba'achuutiin raawwachuu isaanii ni hordofa; yoo dogoggorri jiraates tarkaanfii sirreeffamaa fudhata.

11. Yaa'ii ulamaa gulantaa gadii of jalatti caasessee isaan jalatti itti waamamtoota hojii baay'ee gurmeessa.
12. Waajjira yaa'ii ulamaafi itti gaafatamtoota hojii isaatiif barbaachisan ni gurmeessa, sochii hojii seektaroota isa jala jiranii ni hordofa; gabaasa isaanii ni gamaaggama; kallattii ni kaa'a. Murtoo ni kenna.
13. Carraa barnoota biyya alaa dhaabbilee barnootaafi yuunivarsitii Islaamaa biyya alaa irraa Barattoota nannichaatiif ni barbaada. Barattoota ofii isaaniitii carraa kana arganne jedhanii dhufaniif haala mijeessa. Gara qaama dhimmi ilaaluuttis waraqaa deeggarsaa ni barreessaaf.
14. Barattoota naannichaa dhaabbilee barnootaafi yuunivarsitii Islaamaa biyya alaatti baratanii dhufan waraqaa ragaa barnootaa isaan dhiheeffataniif majlisni biyyoolessaa waraqaa ragaa beekamtii akka kennuuf ni taasisa.
15. Oomishaafi tajaajiloota beekamtii halaalummaatti haajomaniif ulaagaa halaalaa ni kaa'a. Oomishni Halaalaa akka babal'atus ni kakaasa.
16. Hoji raawwachiiftuu wajjin mari'achuudhaan lammiifi dhaloota amala filatamaafi jaalala biyyaatiin leenjifame uumuudhaaf dhaabbilee amantii biroofi mootummaa wajjin ta'ee ni hojjata; barattootas amala gaarii leenjisa.
17. Konfaransii hawaasaa, qu'annoo xiinxallaa, agarsiisa, simpooziyeemiifi yaa'iiwwan adda addaa kanneen galmaafi kaayyoo yaa'iin ulamaa ijaarameef galmaan ga'an ni geggeessa.
18. Qorannoo adda addaa ni geggeessa; ni geggeessisa; ni raabsa. Gara hoji raawwachiiftuutti ni gabaasa.
19. Amala mataa isaafi seera hojimaata isaa dambii baasee hoji raawwachiftuutti dhiheessuudhaan hojiirra oolcha.
20. Qophii fi maxxansa hojiiwwan ogbarruu Islaamaa ilaalchisee imaammataafi qajeelfama ni baasa; beekamtii ni kennaaf.
21. Kitaabolee barnootaa amalaafi duudhaa ilaallatan kanneen biiroo barnootaa mootummaatiin qophaa'an irratti ni hirmaata,
22. Kitaabolee namoota dhuunfaatiin barreeffaman qoratee akka barbaachisummaa isaatti waraqaa ragaa ni kennaaf; kitaabolee faallaa Islaamaa barreeffaman irratti ibsa baasuu danda'a.
23. Wiirtuuwwan barnootaa, ilmiifi qiraatii guutuu Oromiyaa keessatti argaman odeeffannoo isaanii ni funaana; istaastiksii ni gurmeessa; tajaajila qorannootiif ni oolcha; bu'aa odeeffannoofi istaatistiksii isaatti fayyadamee hojii cimsuu ni hojjata.
24. Dhaabbilee leenjii ulamootaa, daa'iiwwaniifi imaamotaa ni gurmeessa; hojii ga'umsaas ni hojjata.
25. Hoji raawwachiiftuu wajjin mari'achuudhaan Majlisa Biyyooleessaatiin waliigalee daangaa Naannoo qaxxaamuree ulamoota naannoo biroo wajjin akkasumas daangaa biyyaas qaxxaamuree ulamoota idil Addunyaa wajjiin hariiroo uumee muuxannoo wal jijjiiruufi barumsa wal keessa daddabarsuu irratti ni hojjata. Koonfaransii ulamootaa guutuu

naannichaatti akka waliigalaatti qopheessee akka dandeettiifi beekumsi dabalu hojjata; Guutuu Biyyattiifi addunyaa irraa aalimoota filataman ni affeera.

26. Qur'aanniifi kitaaboleen ykn maxxansaaleen Islaamaa afaan Oromoo fi Afaanota biroo kan naannicha keessatti balinaan haasa'amanitti hiikamee ummata bira akka ga'u ni godha.
27. Hojii biroo kanneen hoji raawwachiiftuudhaan ykn yaa'ii waliigalaatiin itti kennaman ni hojjata.

**Keeyyata 63: Koree Fatwaafi Waajjira Yaa'ii Ulamaa Oromiyaa**

1. Koreen fatwaa miseensa ulamoota gurguddoo 15 kan qabu ta'ee ilmii irratti hundaa'uudhaan yaa'ii ulamaatiin filatamu.
2. Waajjirri yaa'ii ulamootaa koree fatwaatiin kan gurmeeffamu ta'ee itti waamamiinsi isaas koree Fatwaatiif ta'a.
3. Koreen fatwaa kan inni hogganamu Muftii Olaanaa yaa'iin Ulamaa filateen ta'a. Yoo Muftiin Olaanaan hin jiraanne Itti aanaa Muftiitiin hogganama.
4. Waajjirri yaa'ii ulamaa daayirektoreetii Itti aanaa Pirezdaantii jala jiran kanneen akka tarbiyaafi ta'alimaa, da'awaafi mirkanii ga'umsaa, fatwaafi qorannoo ni qindeessa. Waajjirri yaa'ii ulamaa akkaataa barbaachisummaa isaatti waajjira I/A pirezdaantii damee diinii ta'ee tajaajiluu ni danda'a.
5. Waajjirri yaa'ii ulamaa qaama hojii idilee yaa'ichaa guyyaa guyyaan geggeessuudha.

**Keeyyata 64: Aangoofi Gahee Hojii Waajjira Yaa'ii Ulamaa**

Waajjirri yaa'ichaa aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata.

1. Waajjirri yaa'ii ulamootaa bajata waliigalaa kan bulchiinsa yaa'ichaa qopheessee kallattii yaa'ii ulamootaatiin hoji raawwachiiftuuf dhiyeessee mirkaneessa.
2. Karoora hojii waggaafi gabaasa raawwii hojii dhiheessuun kallattii Yaa'iin Ulamootaa kaa'een hojii isaa ni raawwata.
3. Yaa'iin ulamootaa hooggantoota damee isa jalatti gurmaa'ân ni qajeelcha; ni qindeessa; ni to'ata. Yeroo hayyamameef hojjattoota barbaachisoo ta'aniin ni gurmeessa.
4. Waajjirri yaa'ii ulamootaa dhimmootii mata duree adda addaa kanneen karaa ulamaafi toora qunnamtii adda addaatiin guutuu Naannichaa irraa gara isaatti fidamanii barbaachisummaa isaatti amane irratti hojii fatwaafi qorannoo Islaamaa olaantummaan ni to'ata; hojiirra oolchuuf gara caasaa majlisaatti gadi buusa; uummataaf ni ibsa. Raawwii isaaniis ni hordofa.
5. Waajjirri yaa'ii ulamootaa dhimmi addaa yoo isa mudate haala addaatiin ilaaluun bu'a qabeessa jedhee itti amane hojii raawwachiiftuutti ni dabarsa.
6. Hojiiwwaniifi itti gaafatamummaa biroo amala yaa'ichaa irraa maddan ni raawwata.

**Keeyyata 65: Gurmaa'ina Yaa'ii Ulamaa Oromiyaa.**

Caasaan yaa'ii ulamoota mana marichaa akka barbaachisummaa isaatti gurmaa'ina ijoo armaan gadii kana of keessaa qabaachuu kan danda'u yoo ta'u, raawwiin hojimaataa bal'aan gara fuulduraatti hoji raawwachiiftuun kan dhiyaatu ta'a.

1. Durataa'aa Muftiiwwanii,
2. Itti gaafatamaa qorannoofi fatwaa,
3. Itti gaafatamaa da'awaafi irshaadaa,

4. Itti gaafatamaa Tarbiyaa,
5. Itti gaafatamaa Ta'aliimaafi Halaqaa,
6. Itti gaafatamaa sirna barnootaafi qophii kitaabaa,
7. Itti gaafatamaa mirkaneessa ga'umsaa,
8. Itti gaafatamaa kaadhimaafi leenjii abbaa murtii qaadii sharii'aa fi
9. Itti gaafatamaa leenjiifi bulchiinsa daa'iiwwaniifi imaamotaati.

## BOQONNAA JA'A: MAJLISA GODINAAFI MAGAALAA

**Keeyyata 66: Gurmaa'ina Caasaa Majlisa Godinaa/Magaalaa**

Caasaan bulchiinsa mana marii gulantaa godinaafi magaalotaa gurmaa'ina ijoo armaan gadii hammata:

1 Yaa'ii Waliigalaa jala gurmaa'insi armaan gadii ni jiraata:
- Oditiifi Inispekshiinii;
- Hojiraawwachiiftuu;

2 Hojiraawwachiiftuu Majlisa Godinaa jala gurmaa'insa armaan gadiitu jira:
- Yaa'ii Ulamaa;
- Dura bu'aa majlisaa;
- Boordii Gorsituu

3 Durabu'aa
- o Waajjira Durabu'aa
- Itti Aanaa Durabu'aa

4 Barreessaa
- o Bakkabu'oota Ummataa/ Ittiwaamamtoota Sektaroota Hojiilee Majlisaa
- o Hojigeggeessaa

5 Hojigeggeessaa
- 5.1 Kutaa Karooraa, Hordoffiifi Madaallii;
- 5.2 Kutaa Bulchiinsaafi Faayinaansii;
- 5.3 Kutaa Hajjii, Umraafi Hariiroo Hawaasaa;
- 5.4 Kutaa Galiiwwaniifi Misooma Diinagdee;
- 5.5 Kutaa Gurmaa'ina Caasaalee Majlisaa;
- 5.6 Kutaa Leenjii, Barnoota, Qorannoofi Bulchiinsa Hambaalee;
- 5.7 Kutaa Dubartootaafi Dargaggootaa.
- 5.8 Kutaa Da'awaafi Irshaadaa;
- 5.9 Kutaa Barnootaafi Leenjii;
- 5.10 Kutaa Masjidaafi Waqfiiwwanii.

5 Daayirektaroonniifi kutaan hojii adda addaa qacaramtoota ykn muudamtoota ulaagaa guuttatan ta'uu qaba. Haala qabatama godinichaatiin dippaartimantiileefi kutaa hojii adda addaa walitti qabuun ykn adda babaasuun ni danda'ama.

6 Caasaaleen majlisa gulantaa hundaatuu akkuma hogganaa gita isaaniitiif gabaasanitti caasaa majlisa olaanaa gita isaanii irra jiruuf ni gabaasu; qajeelfamas irraa fudhatu. Dura bu'aanis dura bu'aa majlisa gulantaa ol aanuuf gabaasa guutuu qopheessee dhiheessuu dirqama qaba.

**Keeyyata 67: Yaa'ii Waliigala Majlisa Godinaa / Magaalaa**

1. Yaa'iin waliigala majlisa godinaa fi Magaalaa sadarkaa godinaa ykn kutaa magaalaa



Jana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

keessatti ijaarametti qaama aangoo ol aanaati.

2. Ittiwaamamni yaa'ii waliigala Majlisa godinaa/ magaalaa ummata godinaa/ magaalaatiifi Majlisa naannootiif ta'a.
3. Barri hojii yaa'ii waliigala majlisa godinaa ykn magaalaa baruma hojii majlisa naannooti.
4. Miseensonni yaa'ii waliigala majlisa godinaa ykn magaalaa kanneen armaan gadiiti:
    4.1. Koree Hojiraawwachiiftuu godinichaa ykn magaalichaa hunda;
    4.2. Filatamtoota aanolee ykn kutaa magaalaa (yoo kutaan magaalaa hin jirre gandoota ykn masjiidota) bakka bu'anii gara godinaatti ykn magaaalaatti ergaman tokko tokko;
    4.3. Miseensota yaa'ii ulamaa godinichaa ykn kutaa magaalichaa hunda;
    4.4. Dura bu'aa itti aanaafi barreessaa mana marii dhimmoota Islaamummaa aanolee ykn kutaa magaalaa;
    4.5. Aanolee ykn kutaa magaalaa hunda irraa manguddoo bebbeekamoo tokko tokko,
    4.6. Gamtaa dhaabbilee Islaamaa godinicha keessa sosocho'an irraa nama lama;
    4.7. Hoggantoota gamtaalee daa'iiwwanii, dubartootaa, dargaggootaa, hayyootaa, barattootaafi afooshaa Muslimaa sadarkaa godinaatti jiraniifi gamtaalee biroo irraa lama lama; qaadii sharii'âa godinaa ykn magaalaa tokko.

**Keeyyata 68: Aangoofi Ga'ee Hojii Yaa'ii Waliigala Majlisa Godinaa/ Magaalaa**

Yaa'iin Waliigala Majlisa godinaa ykn Magaalaa aangoo fi gahee hojii armaan gadii ni qabaata:

1. Imaammata, tarsiimoowwan, dambiiwwan, qajeelfamootaafi murtiiwwan majlisa Oromiyaatiin mirkaneeffame qaamolee majlisa godinaa tartiibaan jiraniin hojiirra oolcha; ni hordofa.
2. Dhaabbilee barnootaa akka hawaasni Muslima godinichaa/magaalichaa amantii isaa baruuf gargaaru ni hundeessa; ni bulcha.
3. Olmaa daa'immanii, madrasaaleefi manneen Qur'aanaa ilmaan hawaasa Muslimaa godinicha ykn magaalaa keessa jiraatanii barumsa amantii Islaamaafi amala gaarii baratanii guddachuu akka danda'an godhu ni hundeessa; ni bulcha. Dabalata immoo abbootiin qabeenyaa dhuunfaafi tola ooltonni dhaabbilee kana fakkaatan akka ijaaran haala mijaa'aa uumuuf ni carraaqa.
4. Mirga hordoftoota amantii biroo godinicha ykn magaalaa keessa jiranii bifa kabajeefi daangaa heeraa keessa ta'ee dhaabbilee akka amantiin Islaamaa babal'atu hojii da'awaa hojjatan ni hundeessa; ni bulcha.
5. Lammiiwwan jiraattota Muslima godinichaa ykn magaalichaa dhuunfaanis ta'ee waloon mirgiifi bilisummaan heeraa amantii isaanii ibsachuufi hojiirra oolchuuf qaban seeraan ala akka hin daangeffamne ni hordofa; qaama dhimmichi ilaallatuu wajjin mari'atee ni hojjata; ni qabsaa'as.
6. Sirnootii wal gargaarsa hawaasaa kanneen amantii Islaamaatiin beekamtiin kennameef akka zakaa, waqfii, sadaqaafi kkf hojimaata iftoominaafi itti gaafatama qabuufi kallattii hawaasicha fayyaduun akka geggeeffamu dhaabbilee bulchiinsaa sirrii ta'an godinicha keessatti ni hundeessa; ni bulcha.
7. Dirree barnootaafi tajaajila hawaasaa kanneen majlisni godinaa ykn magaalaa ittiin ummaticha tajaajilu keessatti qaamolee biroo qaama seerummaa qaban kanneen tajaajila

wal fakkaatu kennanii wajjin hariiroo wal gargaaruu irratti hundaa'e ni hojjata.

8. Masjiidolee godinicha ykn magaalicha keessatti argaman ni bulcha; akka barbaachisummaa isaatiin masjiidoleen biroo deeggarsa majlisaatiin ykn tola ooltota birootiin haala isaan ijaaraman ni mijeessa; akka eegumsiifi kunuunsi malu masjiidotaaf godhamu gargaarsa barbaachisu ni godha.
9. Manneen murtii sharii'aa godinicha ykn magaalicha keessatti seeraan hundeeffamaniin bifa seerotii sirrii kabajeefi miira wal gargaarsaa irratti hundaa'een hariiroo uuma.
10. Caasaalee bulchiinsa adda addaa isa jalatti dhaabbatan jidduutti hariiroon hojii bu'a qabeessi jiraachuu mirkaneessan, dirqamoota isaanii ifatti taa'e ga'umsaan ba'achuu akka danda'an tajaajila ogummaa kennan, hojiiwwan karooraan taa'an haala baasii qusatuun hojjatamuu isaanii to'atan ni gurmeessa;
11. Hojjattoota ni qacara; ni bulcha; hojiirraa ni geggeessa; hojii isaanii ni xinxala; murtii barbaachisaa ni kenna.
12. Hawaasni Muslima godinichaa majlisa naannoo keessatti bakka bu'ummaa madaalamaa argachuu ni mirkaneessa.
13. Sirni oditiifi to'annoo bajanni bara hojii hundaa bulchiinsa majlisa godinichaatiif ramadame kaayyoo sirriif ooluu hordofu akka jiraatu ni godha.
14. Miseensa yaa'ii ulamoota godinichaafi hoggantoota hojii godinichaa ni filata; ni shaara.
15. Karoora hojiifi bajata waggaa majlisa godinichaa ni mirkaneessa.
16. Dirqamoota isaa armaan olii ba'achuu akka danda'uuf hojiiwwan biroo bulchiinsa majlisa naannichaatiin akkasumas Muslimoota godinichaatiin itti kennamu ni raawwata.

**Keeyyata 69: Baay'inaa1fi Ulaagaalee Miseensummaa Hojiraawwachiiftuu Godinaa/Magaalaa**

Baay'ìnni miseensota hoji raawwachiiftuu Godinaaleefi Magaalota sadarkaa godinaatti jiranii 11 yoo ta'u ulamoota ja'aafi hayyoota akkaadaamii shan kan hammateedha. Miseensi hojiraawwachiiftuu dandeettiifi ga'umsa ogummaa isaaniitiin kan beekamaniifi hoggansa majlisichaatiif gumaacha gaarii ooluu kan danda'an ta'anii ulaagaalee armaan gadii guuttachuu qabu:

1. Jiraataa godinichaa kan ta'e; ijaarsi korichaa hawaasa Muslimaa jiddu gala kan godhate ta'ee namni filatamu ajajoota amantii Islaamaatiin dirqama godhaman kan hojjatuufi yakkootii ifatti beekaman irraa kan fagaate,
2. Ilaalcha tokkummaa Muslimaatti kan amanu ta'ee hanga danda'ameen kutaalee godinichaa ykn magaalichaa hammachuu qaba.
3. Umuriin isaa/ isee yoo xiqqaate waggaa soddomaafi sanaa ol ta'uu.
4. Miseensa masjida godinichaa kan ta'eefi mirgaafi dirqama isaa kan ba'atu;
5. Barumsa amantii ykn idileetiin digrii tokkoffaa ykn ilmii kanaan walgitu koree fatwaatiin kan mirkanaaye qabaatanii, hojii hoggansaa ykn bulchiinsaa ykn damee kana fakkaatu irratti muuxannoo waggaa shanii qabaachuu;



Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

6. Afaan Oromoo dubbachuu, dubbisuufi barreessu kan beeku ta'ee yoo xiqqaate afaan hojii federaalaa ykn Arabiffa ykn Ingiliffa dubbachuu, barreessuufi dubbisuu kan danda'u ta'uu qaba;
7. Paartii siyaasaa kamittuu ykn kan mootummaattis miseensa kan hin taane;
8. Ummata Muslimaa tajaajiluuf qophii kan ta'eefi Muslima godinichaa, Oromiyaatiifi Biyyoolessaatiif quuqamaafi mul'ata kan qabu ta'uu.

**Keeyyata 70: Aangoo fi Ga'ee Hojii Hojiraawwachiiftuu Godina/Magaalaa**

Hojiraawwachiiftuun godinaaleefi magaalota sadarkaa godinaa akka waliigalaatti qaama karoora tarsiimoofi hojii kanneen kaayyoleefi hojiilee majlisaa raawwachiisuuf baafaman hogganuufi qindeessuuf aangoo kan qabu ta'ee keessumaa aangoo fi hojiiwwan armaan gadii ni qabaata:

1. Murtiiwwan yaa'ii waliigalaatiin mirkaneeffaman wixineessee dhiheessa.
2. Qajeelfamoonni adda addaa akka qophaa'āniif qajeelfamaafi kallattii ni kenna.
3. Murtiiwwan yaa'ii waliigalaatiin mirkaneeffaman qaamolee majlisaa isaa gadi dabareen jiraniin hojiirra ooluu isaanii ni hordofa.
4. Majlisa naannoo wajjin hoggansa imaammataa, tarsiimoofi kkf uumameen waliin hojjata.
5. Imaammata, tarsiimoowwan, dambiiwwaniifi qajeelfamoota yaa'ii waliigala majlisa naannoofi biyyoolessaatiin baafaman kanneen aangoon raawwachiisuu majlisa godinaa ta'an ni raawwata; kan aanaa/magaalaa ilaallatu ni hordofa.
6. Sanadoota imaammataafi tarsiimoo akkaataa sassaabbii galii, herrega qoodiinsa qabeenyaafi bajata waggaa ilaallatan kan majlisni naannoofi federaalaa qoph eesseen wal simsiisee godinichaaf mijeessee yaa'ii waliigalaatti dhiheessee mirkaneessisuun hojiirra oolcha.
7. Karoora hojii yeroo dheeraafi gabaabaa hoji geggeessaa ni dhaggeeffata; ni gamaggama; murtii ni dabarsa.
8. Galiifi bajata waggaa kan majlisaa hojigeggeessaan qophaa'ee itti dhiyaatu ni qorata; Yaa'ii Waliigalaatiif ni dhiheessa; yeroo mirkanaa'e hojiirra oolcha.
9. Gabaasa raawwii hojii hojigeggeessaa baatiidhaan dhihaatu ni dhaggeeffata; ni gamaaggama; murtii ni dabarsa.
10. Qajeelfama faayinaansiifi qabeenya ilaallatu Majlisa Oromiyaatiin baafame irratti hundaa'uudhaan dhimmootii bulchiinsa maallaqaafi qabeenyaatiin akkasumas lakkoofsa baankii sochoosuutiin wal qabatan ni hordofa; ni to'ata; barbaachisaa ta'ee yoo argamu murtii kenna.
11. Caasaa keessoo hojii Majlisaa sirnaan raawwachiisuu mijeessan kan naannoon boce ni diriirsa; ni jabeessa.
12. Dhimmootii hojimaataafi disippiliinii hojiraawwachiiftuu dabalatee qaamolee isaaf waamaman irratti murtii ni kenna. Qajeelfamoonniifi dambiiwwan yeroo cabsaman bu'aa madaallii irratti hundaa'uudhaan miseensa hojiraawwachiiftuu dabalatee kan biroo irrattis tarkaanfiiwwan sirreeffama adda addaa hanga hojii irraa ugguruutti ni fudhata. Murtii dhumaa Yaa'ii Waliigalatti dhiyeessuun dirqama.
13. Hariiroo godinichaan alaa fi hojii dirree hojii isaanii waliin walqabatu ni raawwatu.
14. Gaaffilee mirga amantii waloofi dhuunfaa Muslimoonni qaban qaama mootummaa dhimmi ilaallatuuf dhiyeessuudhaan furmaata barbaaduuf dirqama isarraa eegamu hunda ni

ba'ata.

15. Sirna hojimaata Zakaa, Hajjiifi Umraa, galii guddisuu, hojimaanni araaraafi giddu-galeessummaa kan naannoon diriirfame hojii irra ni oolcha.
16. Jaarmiyaalee fi waldaalee misoomaa, hawaasummaafi diinagdee hundeeffamanii jiraniifi fuulduratti hundeeffaman kanneen majlisni olii gurmeesse godina sana keess socho'aa jiran ni deeggara; raawwii isaanii ni hordofa; walitti dhufeenya cimaas ni uuma.
17. Buusii Muslimoonni dhaabbataafi yeroo murtaa'eef kaffalan majlisa naannoo waliin ta''uudhaan walitti qabuu fi qooduu isaa irratti ni hojjata.
18. Hojiiwwan biroo Yaa'ii Waliigalaatiin itti kenname ni raawwata; Gabaasa waggaa Yaa'ichaaf ni dhiheessa.

## BOQONNAA TORBA: MAJLIISA AANAA/ KUTAA MAGAALAA

**Keeyyata 71: Gurmaa'ina Caasaa Maliisa Aanaa/Kutaa Magaalaa**

Caasaan bulchiinsa mana marii gulantaa aanaa gurmaa'ina ijoo armaan gadii 9 (ulamoota shaniifi hayyoota akkaadaamii afur) hammata hammata, Innis:

1. Yaa'ii Waliigalaa
   - Oditiifi Inispekshiinii
   - Koree Araaraa
   - Hojiraawwachiiftuu
2. Hojiraawwachiiftuu Mana Marichaa
   - Durabu'aa Majlisaa
   - Yaa'ii Ulamaa
3. Durabu'aa
   - Itti Aanaa Dura bu'aa
4. Barreessaa
   - o Karoora, Hordoffiifi Madaallii;
   - o Bulchiinsaafi Faayinaansii;
   - o Da'awaa, Barnootaafi Leenjii;
   - o Masjida, Waqfiiwwan, Hariiroo Hawaasaa;
   - o Galiiwwaniifi Misooma Diinagdee;
   - o Dubartootaafi Dargaggoota.

5. Kutaan hojii adda addaa hamma majilisichi ogeeyyii idilee qaxarachuu danda'utti muudamtoota ulaagaa guuttataniin ta'a. Haala qabatama aanichaatiin kutaa hojii adda addaa walitti qabuun ykn adda baasuufi ida'uun ni danda'ama.
6. Caasaaleen majlisa gulantaa hundaatuu akkuma hogganaa gita isaaniitiif gabaasanitti caasaa majlisa olaanaa gita isaanii irra jiruuf ni gabaasu; qajeelfamas irraa fudhatu. Dura bu'aanis dura bu'aa majlisa gulantaa ol aanuuf gabaasa guutuu qopheessee dhiheessuu dirqama qaba.

**Keeyyata 72: Ulaagaalee Miseensummaa Hojiraawwachiiftuu Aanaa/Kutaa Magaalaa**

Miseensi hojiraawwachiiftuu dandeettiifi ga'umsa ogummaa isaaniitiin kan beekamaniifi hoggansa majlisichaatiif gumaacha gaarii ooluu kan danda'an ta'anii ulaagaalee armaan gadii guuttachuu qabu:

1. Ijaarsi korichaa hawaasa Muslimaa jiddu gala kan godhate ta'ee namni filatamu ajajoota

amantii Islaamaatiin dirqama godhaman kan hojjatuufi yakkootii ifatti beekaman irraa kan fagaate,

2. Ilaalcha tokkummaa Muslimaatti kan amanu ta'ee hanga danda'ameen kutaalee godinichaa ykn magaalichaa hammachuu qaba.
3. Umuriin isaa/ isee yoo xiqqaate waggaa digdamii shaniifi sanaa ol ta'uu.
4. Miseensa masjida aanichaa kan ta'eefi mirgaafi dirqama isaa kan ba'atu;
5. Barumsa amantii ykn idileetiin digrii tokkoffaa ykn ilmii sharii'aa kanaan walgitu qabaatanii, hojii hoggansaa ykn bulchiinsaa ykn damee kana fakkaatu irratti muuxannoo waggaa sadii qabaachuu
6. Afaan Oromoo dubbachuu, dubbisuufi barreessuu kan beeku ta'ee yoo xiqqaate afaan hojii federaalaa ykn Arabiffa ykn Ingiliffa dubbachuu, barreessuufi dubbisuu kan danda'u ta'uu qaba.
7. Paartii siyaasaa kamittuu ykn paartii siyaasaa mootummaattis miseensa kan hin taane;
8. Ummata Muslimaa tajaajiluuf qophii kan ta'eefi Muslima godinichaa, Oromiyaatiifi Biyyoolessaatiif kan quuqamuufi mul'ata kan qabu ta'uu qaba.

**Keeyyata 73: Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Aanaa/ Kutaa Magaalaa**

1. Yaa'iin waliigala majlisa aanaa aanicha keessatti ijaarame keessatti erga ummata Muslima aanichaatii qaama aangoo ol aanaati.
2. Barri hojii yaa'ii waliigala majlisa aanaa waggaa shan (5) ta'a.
3. Miseensonni yaa'ii waliigala majlisa aanaa kanneen armaan gadiiti:
    - 3.1 Koree Hojiraawwachiiftuu Mana Marii Aanichaa;
    - 3.2 Durabu'aa majlisa gandaa,
    - 3.3 I/A dura bu'aa fi barreessaa gandaa (yoo gandi hinijaaramin kan masjidaa);
    - 3.4 Manguddoota bebbeekamoo aanichaa nama shan kan hin caalle,
    - 3.5 Naannawa masjiidonni muraasaatti ykn magaalota sadarkaa aanaa ta'an keessatti imaamotaafi walitti qabdoota koree masjiidolees ni hammata;
    - 3.6 Miseensa mana marii ulamaa aanichaa hunda;
    - 3.7 Gamtaa dhaabbilee Islaamaa aanicha keessatti socho'anii irraa nama lama;
    - 3.8 Hoggantoota dargaggootaa, daa'iiwwanii, dubartootaa, hayyoota Muslimaa, afooshaalee Islaamaafi gamtaalee aanicha keessa sosocho'anii irraa nama lama lama; qaadii sharii'aa aanichaa nama tokko.

**Keeyyata 74: Aangoofi Ga'ee Hojii Yaa'ii Waliigala Majlisa Aanaa/ Kutaa Magaalaa**

1. Waamamiinsi yaa'ii waliigala majlisa aanaa hawaasa Muslima aanichaatiifi majlisa godinaatiif ta'a.
2. Yaa'iin waliigala majlisa aanaa aangoofi hojiiwwan armaan gadii qabaata:
    - 2.1. Imaammata, tarsiimoowwan, dambiiwwan, qajeelfamootaafi murtiiwwan majlisa naannootiin mirkaneeffamee kallattii majlisa godinaatiin ergame qaamolee majlisa aanaa dabareen jiraniin hojiirra oolcha; ni hordofa.
    - 2.2. Olmaa daa'immanii, madrasaaleefi manneen Qur'aanaa ilmaan hawaasa Muslimaa aanicha keessa jiraatanii barumsa amantii Islaamaafi amala gaarii baratanii

guddachuu akka danda'an godhu ni hundeessa; ni bulcha. Dabalataan immoo abbootiin qabeenyaa dhuunfaafi tola ooltonni dhaabbilee kana fakkaatan akka ijaaran haala mijaa'aa uumuuf ni carraaqa.

2.3. Mirga hordoftoota amantii biroo aanicha keessa jiranii bifa kabajeefi daangaa heeraa keessa ta'ee dhaabbilee akka amantiin Islaamaa babal'atu hojii da'awaa hojjatan ni hundeessa; ni bulcha.

2.4. Lammiiwwan jiraattota Muslima aanichaa dhuunfaanis ta'ee waloon mirgiifi bilisummaan heeraa amantii isaanii ibsachuufi hojiirra oolchuuf qaban humnaanis ta'ee kallattii seeraan alaa kamiinuu akka hin daangeffamne ni hordofa; tarkaanfiin sirreeffamaa akka fudhatamu qaama dhimmichi ilaallatuu wajjin mari'atee hojjata; ni qabsaa'as.

2.5. Sirnootii wal gargaarsa hawaasaa kanneen amantii Islaamaatiin beekamtiin kennameef akka zakaa, waqfii, sadaqaafi kkf hojimaata iftoominaafi itti gaafatama qabuufi kallattii hawaasicha fayyaduun akka geggeeffamu dhaabbilee bulchiinsaa sirrii ta'an aanicha keessatti ni hundeessa; ni bulcha.

2.6. Dhaabbilee barnootaa akka hawaasni Muslima aanichaa amantii isaa baruuf gargaaru ni hundeessa; ni bulcha.

2.7. Masjiidolee aanicha keessatti argaman ni bulcha; akka barbaachisummaa isaatiin masjiidoleen biroo deeggarsa majlisaatiin ykn tola ooltota birootiin haala isaan ijaaraman ni mijeessa; akka eegumsiifi kunuunsi malu masjiidotaaf godhamu gargaarsa barbaachisu ni godha.

2.8. Manneen murtii sharii'aa aanicha keessatti seeraan hundeeffamaniin bifa seerota sirrii kabajeefi miira wal gargaarsaa irratti hundaa'een hariiroo uuma.

2.9. Seeraafi sirna eeggatee of jalatti hojjattoota bulchiinsaa ni qacara; ni bulcha; hojiirraa ni geggeessa; hojii isaanii ni xinxala; murtii barbaachisaa ni kenna.

2.10. Hawaasni Muslima aanichaa majlisa godinaa keessatti bakka bu'ummaa madaalamaa argachuu ni mirkaneessa.

2.11. Sirni oditiifi to'annoo bajanni bara hojii hundaa bulchiinsa majlisa aanichaatiif ramadame kaayyoo sirriif ooluu hordofu akka jiraatu godha.

2.12. Miseensa hoggansa hojii aanichaa ni filata; hojiirraa ni kaasa.

2.13. Karoora hojiifi bajata waggaa majlisa aanichaa ni mirkaneessa.

2.14. Dirqamoota isaa armaan olii ba'achuu akka danda'uuf hojiiwwan biroo bulchiinsa majlisa godinchaatiifi Muslimoota aanichaatiin itti kennaman ni raawwata.

## BOQONNAA SADDEET: MAJLIISA GANDAA/ ARADDAA

### Keeyyata 75: Gurmaa'ina Caasaa Bulchiinsa Gandaa/ Araddaa

Caasaan bulchiinsa mana marii gandaa ummata bal'aatti waan dhiyaatuuf baayinni isaa akkaataa haalaatiin dabaluu ykn hirdhisuun kan danda'amu ta'ee gurmaa'ina ijoo armaan gadii hammata:

1. Yaa'ii Waliigalaa

- Oditiifi Inispekshiinii
- Hoji raawwachiiftuu

2 Hojiraawwachiiftuu Mana Marii Gandaa

- Durabu'aa Majlisaa
- Koree Ulamaa

3 Dura bu'aa

- Itti Aanaa Dura bu'aa

4 Barreessaa

- Karooraa, Faayinaansii, Galii;
- Da'waa, Barnoota, Leenjii;
- Misoomaafi Carraa hojii
- Dubartoota
- Dargaggoota
- Hawaasummaafi Hariiroo

5 Kutaaleen hojii adda addaa bakkabu'oota ulaagaa guutaniin ykn ogeeyyii qacaramaniin ta'uu qaba.

6 Akkaataa qabatamaatiin kutaalee dabaluun ykn hir'isuunis ni danda'ama.

**Keeyyata 76: Miseensota, Aangoofi Hojii Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Gandaa/Araddaa**

Majlisni gandaa akkuma qabatama haala gandichaatiin gulantaa gandaa irratti kan ijaaramu ta'ee adeemsa bu'ura armaan gadii hordofuu danda'a.

1. Yaa'iin waliigala majlisa gandaa gandicha keessatti ijaarame keessatti qaama aangoo ol aanaati.
2. Barri hojii yaa'ii waliigala majlisa gandaa kan aanaa isaatiin wal fakkaata.
3. Miseensonni yaa'ii waliigala majlisa gandaa kan armaan gadiiti:
   - 3.1 Hojiraawwachiiftuu majlisa gandaa hunda;
   - 3.2 Koree ulamaa majlisa gandaa;
   - 3.3 Imaamaafi mu'azzina masjiidolee gandicha keessatti argamanii;
   - 3.4 Dura bu'aa, itti aanaafi barreessaa koree masjida hundaa;
   - 3.5 Gamtaa dhaabbilee Islaamaa gandicha keessatti socho'anii irraa nama lama;
   - 3.6 Hoggantoota dargaggootaa, daa'iiwwanii, dubartootaa, hayyoota Muslimaa, afooshaalee Islaamaafi gamtaalee gandicha keessa sosocho'anii irraa nama lama lama;
4. Waamamiinsi yaa'ii waliigala majlisa gandaa hawaasa Muslima gandichaatiifi majlisaa aanaatiif ta'a.
5. Yaa'iin waliigala majlisa gandaa aangoofi gaheewwan hojii armaan gadii ni qabaata:
   - 5.1 Ajandaalee majlisa gara olii irraa ergamaniifi dhimmoota Islaamaafi Muslimoota ilaallatan miseensonni kaasan irratti mari'atee murtii dabarsa; kallattii caasaa isaatiin ni raawwata.
   - 5.2 Masjidaafi naannawa isaaniitti rakkoowwan Muslimootaa, kan misoomaafi bulchiinsaa furuudhaan fayyadamummaa mirkaneessa.
   - 5.3 Qajeelfama sharii'aan tumeen Islaamaafi Muslimoota eega; qajeelfama amantichaafi duudhaalee Islaamawaa ni kabaja; ni kabachiisa.

5.4 Hambaalee Islaamaafi Muslimootaa masjidaafi naannichatti argamu gulantaa majlisaa gara olii wajjin ta'uufi kallattii fudhachuudhaan ni tiksa.

5.5 Barattoonni yeroo boqonnaa isaanii barumsa amala gaarii Islaamaa akka argatan godha.

5.6 Gaa'ila Islaamaa ni jajjabeessa; tajaajila gorsaa gaa'ila ilaallatu ni kenna.

5.7 Hojii tola ooltummaa biyyoolessaa fi waamicha biyya abbaa ofii siyaasa hin qabne qaama majlisa olii wajjin qindaa'uudhaan hirmaannaa Muslimootaa mijeessa; kaka'umsa yaada kana fakkaatu burqisiisuu fudhatee qaamolee ga'ee qabanii wajjin mari'atee raawwata.

5.8 Masjiidota namoota dhuunfaafi dhaabbileen ijaaramaniifi bulfaman, akkasumas masjiidota gara fuulduraatti dhuunfaan hojjatamanii waqfummaafi dhuunfaadhaan qabaman kallattii bulchiinsa isaaniitiin ni qindeessa. Tajaajila hawaasni naannoo masjida irraa argachuu qabu Naazirootaa fi Majlisa waliin ta'uudhaan kallattii barbaachisaa ta'een kaa'a. Yoo gandi hin jiraanne caasaa oliitu kana raawwata.

5.9 Gurmiiwwan Muslimootaa baay'ee kan dargaggootaa, dubartootaa, guddattootaa, ogeeyyiifi namoota ogummaa piroofeshinaalii, warra fedhii qaban adda addaa, goototii misooma magariisaafi kanneen biroo diriirsuudhaan dirree isaanii irratti walitti qabuudhaan akka isaan hawaasichaaf hojii amantiifi misoomaa qindaa'e hojjatan godha.

5.10 Barnoota Islaamaa Muslimoota barsiisuufi barumsicha babal'isuu; seenaa Islaamaafi Muslimootatti xiyyeeffatu ni barsiisa. Akka jaalalli amantiifi biyyaa Muslimoota naannawaa keessa gadi seenuuf itti gaafatamummaa Islaamaa ni ba'ata.

5.11 Ummata risaalaan (ergaan Islaamaa) itti hin dhaqqabin Islaama ittiin ga'uufi bakka tamsa'ina isaa bal'isuu;

5.12 Namoonni akka kufriif hin saaxilamne hojjachuu;

5.13 Warra zakaa barbaadu adda baasuu;

5.14 Dhimma imaamaafi hoggansa biroo kanneen koree masjidaatiin ugguramanii ilaalee fura.

5.15 Murtiiwwaniifi raawwii koreen bulchiinsaafi gurmaa'ina masjidaa aangoo kallattiitiinis ta'ee bakka bu'ummaadhaan hojjate gamaaggamee mirkaneessa; ni shaara ykn ni fooyyessa.

5.16 Ragaa bu'uraa hawaasa Muslimaa, masjiidota, madrasaa, ilmii halaqaafi dhaabbilee Islaamaa biroo ilaallatu ni funaana; ni bulcha; gara aanaattis ni dabarsa.

5.17 Raawwii karooraafi bajata kutaalee hojii kallattii koree bulchiinsaafi gurmaa'ina masjidaatiin gabaasa dhaggeeffatee gamaaggama; murtii sirriis ni dabarsa.

5.18 Masjida Jumu'aan itti salaatamuuf ta'u ilaalee eeyyama; dirree Salaata Iidaafi lafa awwaalchaa ni to'ata; seera qabeessa godha. Bakka hin jirretti immoo bifa seera kabajeen qaama mootummaa irraa fuudha. Yoo majlisni gandaa dadhabe ykn hin jirre majlisa caasaa oliitu raawwata.

5.19 Masjiidoleen gandicha keessatti argamu hunduu seera qabeessa akka ta'uuf qaama

mootummaa wajjin kaartaafi qabiyyee itti baasa.

5.20 Majlisa gulantichaa ilaalchisee waadaa ni seena; ni himata; ni himatama; qabeenya ni oomisha; hojiiwwan galii argamsiisuufi qabeenya guddisu majlisa aanichaa wajjin ni hojjata; hojiiwwan biroo seeraan bu'aa argamsiisan ni raawwata.

5.21 Naannolee Muslimoonni masjida hin qabnetti "Mana marii Jiraattota Musliimaa Masjiida maleeyyii (majlisa)" ni hundeessa.

5.22 Bakka bu'oota koree bulchiinsaafi gurmaa'ina masjidaatiin filatamanii majlisaa gulantaa olaanaatti dabarfaman irraa yoo amantaa dhabe, bifa hojimaata seera majlisa kanaatiin bakka bu''ummaa isaanii ni kaasa. Koreen bulchiinsaafi gurmaa'ina masjidaa nama biraa akka bakka buusu ni godha.

5.23 Hojiiwwan biroo majlisa aanaatiifi Muslimoota gandichaatiin itti kennaman ni hojjata; gabaasas ni dhiheessa.

**Keeyyata 77: Ulaagaa Miseensummaa Majlisa Gandaa**

1.1 Masjida aanicha keessa jiruu kan qabu;

1.2 Umriin isaa/ isee waggaa 25 fi sanaa ol kan ta'e;

1.3 Paartii siyaasaa kam keessattuu abbaa taayitaa ykn mootummaa biratti muudama siyaasaa kan hin qabne.

1.4 Magaalaatti barumsa amantii ykn kan idileetiin yoo xiqqaate dippiloomaa ykn sadarkaa barumsaa sana madaalu kan qabu; baadiyyaatti kutaa 10 fixuu qaba.

1.5 Waraqaa deeggarsa kaadhimamummaa aalimoota beekamoo lama naannoo masjida jama'aa itti salaatuu ykn naannoo isaa jiran irraa fiduu danda'uu;

1.6 Yoo xiqqaate muxannoo wagaa tokkoo dhaabbilee mootummaa, amantii ykn dhuunfaa keessa tajaajiluu isaa agarsiisu.

1.7 Afaan Oromoo dubbisuufi barreessuu kan danda'u.

## BOQONNAA SAGAL: GURMAA'INSA CAASAA MAJLIISA MASJIDAA

**Keeyyata 78: Hundeeffamaafi Ulaagaalee Miseensummaa Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Masjidaa**

1. Yaa'iin waliigalaa majlisa masjida naannoo, masjida keessatti hundeeffame sana irratti qaama aangoo guddaati.
2. Yaa'iin walii gala majlisa naannoo masjidaa Muslimoota jiraattota naannawa masjidichaa kanneen masjidichatti fayyadamaniifi ulaagaa guuttatan hunda hammata; imaamotii masjidaa, mu'azzinootaafi hojjattoota dhaabbatoo biroo (staff members) yoo masjida birootti hin galmaa'in miseensa ta'uu fedhanii galmaa'uufi buusii yeroo kafaluun isaanii mirkanaa'ee miseensa yaa'ii waliigalaa ni ta'u;
3. Khaadhimamaan miseensummaa Majlisa Masjidaa ulaagaalee keeyyata 77 irratti tumaman guutuu kan qabu ta'ee dabalataanis kanneen armaan gadii guutuu qaba.

3.1 Nama naannoo masjidichaa jiraatuufi yoo xiqqaate waggaa tokkoof jama'aa masjidichaa ta'ee ture.

3.2 Nama buusii yeroo yeroon kafalamu kafale ykn yoo haaraa seene immoo kafaluuf fedhii qabaatee waadaa isaa barreeffamaan mirkaneesseefi waraqaa eenyummaa masjidichaa fudhate.
3.3 Magaalaatti yoo xiqqaate barnoota amantiitiin ykn barumsa idileetiin kutaa 10 kan fixe yoo ta'u baadiyyaatti ammoo yoo xiqqaate nama barumsa sadarkaa tokkoffaa barateefi amantii isaa hojiirra oolchu ta'uu qaba.
3.4 Nama tola ooltummaan tajaajiluuf qophii ta'eefi madda galii mataa isaa qabu.
3.5 Paartii siyaasaa kam keessattuu abbaa taayitaa ykn mootummaa biratti muudama siyaasaa kan hin qabne.
3.6 Umriin isaa/ isee wagaa 25 fi sanaa ol kan ta'e.
3.7 Osoo adda hin kutin buusii miseensummaa kan kafale.
3.8 Amala Islaamaa kan qabu.
3.9 Afaan Oromoo dubbisuu, dubbachuufi barreessuu qaba.

**Keeyyata 79: Aangoofi Gahee Hojii Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Masjida**

1. Waamamiinsi yaa'ii waliigala majlisa masjidaa miseensa Muslima naannawichaafi caasaa majlisa kallattiin gubbaa isaa jiruuf ta'a. Miseensi yeroo bakka jireenyaa jijjiiran lakkisuufi miseensi haaraan yeroo hundaa seenuun akkuma eegametti ta'ee barri hojii yaa'ichaa daangaa yeroo kan hin qabneefi hin murtoofne ta'ee garuu barri hojii Afayaa'ʿiifi hoggansa biroo waggaa shan shanitti ta'a.
2. Yaa'iin walii galaa kun karooraafi ajajoota majlisa olii irraa dhufu hojjachuu irratti dabalata aangoofi hojii armaan gadii raawwata:

    2.1 Aangoofi hojii seera majlisaa kanaan majlisa gulantichaatiif kenname hojjata.
    2.2 Ajajaafi qajeelfama majlisoonni gulantaalee olii daangaa aangoo isaanii keessatti majlisa gulantichaatti dabarsan raawwatamuu ni to'ata.
    2.3 Haala qajeelfamoota majlisa olii hin faallessineenifi majlisa gandaa wajjin mari'achuudhaan dhimmoota muudama imaamaatiifi ramaddii mu'azzinaa irratti murtii ni kenna.
    2.4 Baay'inni miseensota Majlisa Masjidaa namoota 9 hanga 13 ni ta'u. Imaamniifi itti aanaan imaamaa ykn mu'azzinni filannoo malee miseensa korichaa ni ta'u.
    2.5 Itti waamamni koree masjidaas yaa'ii kanaafi Majlisa gandaatiif ykn kan aanaatiif ta'a.
    2.6 Itti waamamni imaamaa, itti aanaa imaamaafi mu'azzinaa mana marii aanaatiif ta'a.
    2.7 Imaamaafi itti aanaa imaamaa kan kaadhimee dhiheessu yaa'ii ulamaa masjidaa, ykn gandaa ykn aanaa ta'a. Murtiin dhumaa garuu yaa'ii waliigala masjidaatiin ta'a.
    2.8 Karooraafi bajata kutaalee hojii koreedhaan itti dhiheeffamu qoratee mirkaneessa; murtii dabarsa.
    2.9 Hojimaata karooraafi bajata kutaalee hojii gabaasa koreedhaan dhihaatu dhaggeeffatee xinxalee murtii sirrii dabarsa.
    2.10 Murtiiwwaniifi hojimaata koreen masjidaa bakka bu'aadhaan ykn kallattiidhaan hojjate xinxalee ni mirkaneessa; ni shaara ykn ni fooyyessa.
    2.11 Bakka bu'ootii filatamanii majlisa gulantaa olii kamuu dhaqqaban irraa yoo

amantii dhabe sirna seera majlisa kanaan tumameen bakka bu'ummaa isaa ni kaasa; yaa'ii dhaabbataan nama akka buusu godha.

2.12 Aangoofi hojiiwwan biroo amala hojichaa irraa maddan ni raawwata.

**Keeyyata 80: Walga'iiwwan Yaa'ii Waliigalaa Majlisa Masjidaa**

1. Yaa'iin walii galaa idilee kan masjidaa waggaatti yeroo tokko ta'ee jalqaba ji'a fulbaanaa walitti qabamu.
2. Miseensa yaa'ichaa ji'a afurii ol buusii adda hin kutin keessaa yoo walakkaa ol yaa'icha irratti argaman yaa'ichi guutuu ta'a.
3. Ajandaan wal ga'ii dursee koree masjidaatiin kan qophaa'u yoo ta'u yoo bakka bu'aa duraan filatame deebisuuf (recall) ta'e malee murtiin hunduu sagalee caalmaadhaan ta'a.
4. Bakka bu'aa filatame deebisuuf (Recall) wal ga'iin geggeeffamu yaa'iin isaa guutuu kan ta'u miseensa yoo baay'ee ture ji'a afurii ol buusii addaan hin kunne keessaa lama sadaffaan isaanii wal ga'icha irratti argamuu ta'ee yoo sadii afraffaadhaan deeggarame malee murtii dabarsuun hin danda'amu.
5. Wal ga'ii kam irrattuu yoo sagaleen wal qixaa uumame sagaleen afayaa'ii murtii kennisiisa.
6. Sababoonni wal ga'ii tasaa yaa'ii waliigala oliitiif tumame akka barbaachisummaa isaatti yaa'ii waliigala masjidaatiif kan tajaajilu ta'ee wal ga'ii tasaa kallattii yaa'ii dhaabbataatiin waamuu kan danda'an:
   6.1 Yeroo gaaffichi dhihaatu miseensonni buusii hin dhaabin tokko kurnaffaan;
   6.2 Koreen masjidaa sagalee caalmaan yeroo murteesse kallattii imaamaatiin ykn afayaa'iitiin ykn walitti qabaa koreetiin wal ga'ichi ni waamama.

**Keeyyata 81: Gurmaa'ina Majlisa Masjidaa**

1. Tumaaleen ulamoota ilaalchisanii dambii kana keessatti tumaman kanneen biroollee akkaataa qabatama isaaniitiin asiifis ni tajaajilu.
2. Gurmaa'inni gulantaa masjidaa irra jiru itti gaafatamaa hojii armaan gadii yoo qabaatan, gurmaa'inichi humnaafi haala masjidichaa bu'ura godhatee caasicha hambisuu ykn kan murtaa'an bakka tokkotti sassaabuu danda'a. Hanga danda'ameen caasaa kana guuttachuun murteessaadha.
   2.1 Yaa'ii Waliigaa
      - Koree Hojiraawwachiiftuu
      - Odiitiifi Inispeekshiinii
   2.2 Koree Hojiraawwachiiftuu
   2.3 Durabu'aa Koree;
   2.4 Barreessaa;
      2.4.1 Imaamaafi Mu'azzina;
      2.4.2 Da'awaa, Leenjii, Qaraatiifi Barnoota;
      2.4.3 Miseensummaa, Misoomaafi Tola'ooltummaa;
      2.4.4 Qindeessaa Hawaasummaa, Ayyaanaa, Konfaransii, Sagantaalee/ Dhimmoota gaa'ilaa/ gaddaa, gammachuufi sadaqaa;
      2.4.5 Qindeessaa gargaarsa khaadimoota Diinii (ulamaa, qaraasisaa, ustaaza, mudarrisa, imaama, mu'azzina, du'aata);
      2.4.6 Ittigaafatamaa Bulchiinsaa, Faayinaansii (muudamaa herregaa, qarshi



Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamaa Naannoo Oromiyaa

qabaa; hoggansa qabeenyaa, tajaajila waliigalaafi naamuusaa);

2.4.7 Ittigaafatamaa Gurmaa'ina Dargaggootaa, Ogummaafi Khalaqa adda addaa;

2.4.8 Ittigaafatamtuu Gurmaa'ina Dubartootaa;

2.4.9 Itti gaafatamaa Maddisa Galii, Misoomaafi Kunuunsa Masjidaa;

2.4.10 Ittigaafatamaa Godambaa, Seenaafi Ogbarruu;

2.4.11 Ittigaafatamaa Waldaa Daldaltootaa;

2.4.12 Gurmaa'inni barbaachisoon koree bulchiinsa masjidaatiin itti amaname biroos ni jiraatu.

**Keeyyata 82: Aangoofi Hojii Majlisa Masjidaa**

1. Majlisni masjidaa hoji raawwachiiftuu majlisa masjida naannoo ta'anii waamamiinsi isaanii ya'aii waliigala masjida naannoo saniifi mana marii gandaatiif/ aanaatiif ta'a.
2. Koreen Majlisa masjidaa imaamaafi itti aanaa imaama/mu'azzina masjidaa filannoo malee dabalaman ida'atee miseensota 9 hanga 13 kan Muslimoonni masjida naannoo mana jireenyaa irraa filatu ta'ee walitti qabaa, I/A walitti qabaafi barreessaa yaa'ichumatu filata. Itti gaafatamtoota kutaa adda addaa korichumatu filata.
3. Koreen bulchiinsaafi gurmaa'ina masjida naannoo kutaalee hojii majlisa masjidaa dambii kanaan ibsaman kanneen hojiif gargaaran ni hundeessa. Akkasumas:
   - 3.1. Karoorawwan, dambiiwwan, qajeelfamootaafi murtiiwwan majlisa naannichaatiin mirkaneeffamee kallattii majlisa godinaa, aanaafi gandaatiin ergame koreefi Muslimoota naannoo masjidaatiin hojiirra ooluu ni mirkaneeffata; hojiirra oolcha.
   - 3.2. Olmaa daa'immanii, madrasaaleefi manneen Qur'aanaa ilmaan hawaasa Muslimaa naannicha keessa jiraatanii barumsa amantii Islaamaafi amala gaarii baratan akka cimu carraaqqii godha.
   - 3.3. Lammiiwwan jiraattota Muslima naannoo masjidichaa dhuunfaanis ta'ee waloon mirgiifi bilisummaan heeraa kan amantii isaanii ibsachuufi hojiirra oolchuuf qaban kallattii kamiinuu akka hin daangeffamne ni hordofa; eegsisuufis ni qabsaa'a.
   - 3.4. Sirnootii wal gargaarsa hawaasaa kanneen amantii Islaamaatiin beekamtiin kennameef akka zakaa, waqfii, sadaqaafi kkf hojimaata iftoominaafi itti gaafatama qabuufi kallattii hawaasa naannoo fayyaduun akka geggeeffamu ni godha.
   - 3.5. Masjida isaa ni bulcha; hojjattoota dhaabbataa ni qacara; ni bulcha; seera hordofee ni geggeessa.
   - 3.6. Akka masjida naannootti hojiin da'awaa babal'atu carraaqqii godha; ni qindeessa.
   - 3.7. Muslimoota naannoo masjidichaatiif waraqaa eenyummaa ni kennu; xalayaa deeggarsaas ni kennu.
   - 3.8. Fudhannaafi fayyadama lafa awwaalchaa ni hordofu; kunuunsa ni godhu; ni bulchu.
   - 3.9. Muslimoota naannoo masjidaafi tola ooltota irraa buusiifi gargaarsa ni sassaabu.
   - 3.10. Musliimoonni naannoo sanaa tajaajila amantii akka argatan carraaqqii godha; ayyaanonni amantii Muslimoota naannoo masjidaatiin waloon akka kabajamu

qindeessuufi tokkummaa eegsisa.

3.11. Hambaaleefi aadaan Islaamaa naannoo san keessa jiru akka hin banne yaalii godha.

3.12. Milkaa'ina sagantaalee akka "sagantaa sassaabbii maallaqa masjidaa irratti" fi "buusii miseensummaa" fi kkf gumaacha isaa ni ba'ata.

3.13. Maqaa warra zakaa fudhatanii adda baasa.

3.14. Gabaasa raawwii hojii yaa'ii waliigala gulantichaatiif ni dhiheessa.

3.15. Bakka bu'aa amantiin irraa dhabame ilaalchisee sirna sirrii hordofee gabaasa xinxalaafi yaada murtii yaa'ii waliigala gulantichaatiif dhiheessa.

3.16. Dhimmootii naannoofi biyyoolessaa akkasumas ajandaa Muslimoota ilaallatu irratti mari'atee ilaalchaafi ijjannoo isaanii yaa'ii waliigalaa gulantichaatti beeksisu.

3.17. Nama jama'aa masjidaa ykn Muslimoota bakka bu'ee gara majlisa gulantaa itti aanuutti ergamu filatee ergee gabaasa dhiheessa.

3.18. Komii koreewwan, imaamotaafi mu'azzina bulchiinsa masjidaa irratti ka'u ni dhaggeeffata.

3.19. Hojiiwwan amantii naannoo isaaniitti hojjataman ni xinxala; ni hordofa; hanga aangoo isaatiin tarkaanfii ni fudhata.

3.20. Misoomaafi piroojektii galii argamsiisan naannoo masjidaa jiran irratti majlisa gulantaa olii wajjin qindaa'uudhaan qajeelfama kenna; qabeenyichaafi bulchiinsa masjidichaa ni sakatta'a.

3.21. Hojiiwwan biroo majlisa aanaatiin itti kennaman ni hojjata.

## BOQONNAA KUDHAN: FILANNOO

### Keeyyata 83: Filannoodhaaf Nama Kakaasuu

1. Namni kamuu haala kamiinuu masjida keessatti mataa isaatiifis ta'ee nama biraatiif na filadhaa jedhanii kakaasuun dhorgaadha.
2. Miseensonni hoggansa majlisaa, imaamonni masjidaa, aalimoonni, mu'azzinoonni, koreen masjidaa ykn kanneen biroo itti gaafatama kam irrayyuu jiran kaadhimamtoota dhihaatan keessaa isa kamuu akka filatuuf kallattiinis ta'ee alkallattiin, adda baasanii beeksisuun ykn waan kana fakkaatu kan filattoota irratti dhiibbaa dhaqqabsiisu kamuu gochuun hin eeyyamamu.
3. Akka ummanni kaadhimamtoota filannoo adda baasee beekuuf barreeffamni eenyummaa isaanii qophaa'ee jiru qaamotii filannoo raawwachiisaniin filannoo duraafi guyyaa filannoo san filannoo dura masjida keessatti dubbifama akkasumas ni maxxanfama.
4. Barreeffamni eenyummaa filatamtootaa ibsu afaan ummanni beekuun masjida keessatti maxxanfama. Hanga filannichi dhumutti waraqicha kaasuun, tarsaasuufi barreeffama isarraa homaa haquun hin eeyyamamu.
5. Yeroo filannoon torbii tokko hafu akka miseensonni jamaa'aa guyyaa filannootti dhihaatanii filataniif barreeffamni eenyummaa kaadhimamtootaa haala mullatuun masjida keessatti ni maxxanfama.

### Keeyyata 84: Haala Raawwii Filannoo Hayyootaa

1. Filannoon gulantaa hundaatuu, yoo rakkoon humnaa olii uumamee akka turu godhame malee, guutuu naannichaa keessatti guyyaafi sa'aatii walfakkaatu irratti godhama.
2. Filannoon iccitiidhaan kaardiin geggeeffamee ka'ee qabxiin isaa taajjabdoota fuulduratti lakkaa'ama.
3. Taajjabdoonni filannichaa namni shan (5) ni jiraatu.
4. Yeroo filannoo filataan hunduu masjida keessatti filannoon geggeeffamu waraqaa miseensummaa masjidichaa agarsiisuufi hanga filannichaatti buusii kafaluu isaa mul'isu agarsiisaa gara masjidaa akka seenu godhama.
5. Bulchiinsa masjidaatiif namoota miseensummaa jama'aatti galmaa'anii sagadan qofatu filatamu.
6. Masjinni hunduu Muslimoota jama'aa dhaabbataa ta'anii masjidichatti sagadaniif waraqaa eenyummaa qopheessuu, guyyaa waraqaan eenyummaa kennameefi kafaltii miseensummaa isaa hundaa kan agarsiisu galmee miseensaa qophaa'e irratti galmeessuufi hanga humni eeyyameen kompiyuutara irratti galmeessuun dirqama ta'a.
7. Yeroo filannootti miseensi masjidaa kamuu kan inni gara masjidaa ykn wiirtuu filannoo seenu waraqaa miseensummaa isaa agarsiisaafi mirkaneeffamaa ta'a.
8. Yeroon filannoon itti geggeeffamu dursee kan beekamuu qabu ta'ee yoo jiini dursee beekamu Ramadaana irra bu'e yeroon filannoo Ramadaanni ba'ee guyyaa soddoma keessatti geggeeffamuu qaba.
9. Jalqaba filannoon koree bulchiinsa masjidaa ni xumurama. Ittiin aansee kaadhimamtoota masjidicha bakka bu'anii gandaaf akka dorgoman ergamantu filatamu.
10. Masjida hunda irraayyuu namni tokko tokko masjida bakka bu'ee ummata jama'aa masjidaatiin filatamee majlisa gandaatiif ergama. Garuu yoo jama'aan masjidichaa baay'ee ta'e mataa nama kumaa irratti nama tokko tokkotu dabalamee gandatti ergama.
11. Warri masjida irraa filatamanii gara gandaa deeman miseensa yaa'ii walii galaa yoo ta'an isaan keessaa hoji raawwachiiftonni majlisa gandaafi namni tokko kan ganda bakka bu'ee aanaa deemu ni filatama.
12. Yoo ummanni Muslima gandichaa baay'ate mataa nama kuma kudhannii irratti bakka bu'aa tokko tokkotu isaaf dabalamee gara aanaa deema.
13. Warri ganda irraa filatamanii gara aanaa deeman miseensa yaa'ii walii galaa yoo ta'an isaan keessaa hoji raawwachiiftonni majlisa aanaafi namni tokko kan aanaa bakka bu'ee gara godinaa deemu ni filatama.
14. Ummanni Muslimaa aanichaa yoo baay'atan mataa kuma dhibbaa irratti nama tokkotu dabalamee aanaa irraa gara godinaa deema.
15. Warri aanaa bakka bu'anii gara godinaa deeman miseensa yaa'ii walii gala godinichaa yoo ta'an jidduu isaaniitii hoggantoota godinaafi nama tokko godina bakka bu'anii Oromiyaa dhufan filatu.
16. Yoo muslimoonni godinichaa baay'atan mataa nama miliyoona tokkoo irratti bakka bu'aa tokko dabalatee gara Oromiyaatti ergata.
17. Warra godina irraa filamanii Oromiyaa dhufan irraa hoji raawwachiftoonni Oromiyaafi warri Oromiyaa bakka bu'anii federaala dhaqan filatamu.
18. Bulchaan, itti aanaafi barreessaan godinaa miseensa yaa'ii walii gala naannichaa ta'u.

19. Sirniifi raawwatiinsi filannoo gosti hunduu suuraa socho'uufi qaboo yaa'ii raawwachiiftotaan mallatteeffame keessa taa'uu qaba.

**Keeyyata 85: Haala Raawwii Filannoo Ulamootaa**

1. Ulamoota kan filatu beektolee amantii Islaamaa qofa ta'uu qaba. Garuu yeroo filannoo koreen filannoo dubbannee dabarsineefi taajjabdoonni ni jiraatu.
2. Aalimoonni, barsiisonni madrasaa, daa'iiwwaniifi warri beekumsa amantii Islaamaa qaban naannoo masjidaa jiraatan miseensummaa masjidichaa qaban aalima masjidichaafi aalima masjida bakka bu'ee ganda deemu filatu. Isaan irraa walitti qabaan ulamaa gandaafi kan ganda bakka bu'ee aanaa deemu ni filatamu. Sadarkaa masjidaafi gandaa irratti ulamaan ulaagaa dubbanne guutu yoo dhabame kan irra ol aanaa ta'etu filatama. Garuu sadarkaa aanaatti ulaagicha guutuun dirqama ta'a.
3. Aalimoonni masjida bakka bu'anii ganda dhufaniifi walitti qabaan yaa'ii walii gala majlisa naannoo masjidaa (afashuuraan) miseensa mana marii ulamoota gandaa ta'u.
4. Manni marii ulamaa gandaa aalima gandicha bakka bu'ee aanaatti hirmaatu ni filatu. Hoggantoonni ulamaa aanaafi ulamoonni aanaa bakka bu'anii godina dhaqan isaan irraa filatamu. Kan filatu mana marii ulamaa aanaati. Manni marii ulamaa aanaa bakka bu'oota ulamoota gandaafi hogganaa aalima ganda hundaa ta'a.
5. Warra aanaa bakka bu'anii godina dhufan irraa hoggantoonni ulamaa godinaafi aalimoonni godina bakka bu'anii Oromiyaa deeman ni filatamu. Manni marii ulamaa godinaa ulamoota aanaa bakka bu'anii dhufaniifi hogganaa ulamaa aanaa irraa hundeeffamu.
6. Ulamoota godina bakka bu'anii Oromiyaa dhufan irraa hoggantoonni ulamaa Oromiyaafi warri Oromiyaa bakka bu'anii federaala deeman filatamu. Manni marii ulamaa Oromiyaa ulamoota bakka bu'oota godina irraa naannoo dhufaniifi hoggantoota ulamaa godinaa irraa hundeeffama.

**Keeyyata 86: Wantoota Kaadhimamummaa Nama Hanqisan**

1. Nama Muslima hin taane ykn amantii Islaamaa dhiise.
2. Boordii raawwachiiftuu filannoo keessatti miseensummaan kan filatame.
3. Nama masjida filannoon itti geggeeffamutti miseensummaa jama'aatti galmaa'ee kaardii miseensummaa hin fudhatiniifi buusii barbaachisu hin kafalin.
4. Namni gulantaa majlisaa kam irraayyuu rakkoo amala gaariitiin ragaadhaan mirkaneeffamee ari'ameefi murtii dhumaa argate yoo xiqqaate yeroo filannoo lamaaf kaadhimamaa ta'ee dhihaachuu hin danda'u.
5. Nama mana murtiitiin filannoo ummataa irratti akka hin dhihaanne daangeffame.
6. Nama adeemsa filannoo jeequudhaan badii dalageefi maqaan isaa galmee gurraacha irratti galmaa'ee yeroo adabbii isaa hin xumurin.

**Keeyyata 87: Akkaataa Dhiheessa Komii**

1. Komiin filannoo masjidaa irratti kan geggeeffamu yeroo ummanni filannoo fixe, osoo inni masjida ykn wiirtuu filannoon itti geggeeffame irraa hin bittinnaa'in ta'a.

2. Komiin filannoo sadarkaa masjidaa irratti argamu yeroma filannoo sana osoo ummanni masjida keessaa hin bittinnaa'in harka baasee yeroo eeyyamameef komii isaa haala sirrii ta'een hubachiisuu qaba.
3. Komiiwwaniifi himannaa filannoo ilaallatanii dhihaatan hundaayyuu dhaggeeffataan komii caffee ulamaa dabareen jiran himannicha ni ilaalu.
4. Qaamni murtii dhaggeeffataan komii caffee ulamaa kennetti hin quufin ol iyyannoo isaa guyyaa torba keessatti dhaggeeffataa komii caffee ulamaa gulantaa itti aanuutti dhiheeffata.

**Keeyyata 88: Haqama Qabxiin Filannoofi Irradeebii Filannoo**

Filannoo majlisa gulantaa kamii irrattuu yoo komiin dhihaate boordii raawwachiiftuufi caffee ulamaatiin sirrii ta'ee argame qabxiin filannoo himannaan irratti dhihaatee haqamee filannichi irra deebi'amuu ni danda'a.

**Keeyyata 89: Sirna Amantaan Bakkabu'aa Irraa Dhabame Itti Deebifamu**

1. Bakka bu'aa filannoodhaan gulantaa majlisaa kam irrayyuu dhaqqabe deebisuufi amantiin irraa dhabameera jedhanii murtii dabarsuun yaa'ii waliigala jamaa'aa inni irraa dhufe kan barbaachisu ta'ee dhimmicha ajandaa Walga'ii godhanii dhiheessuuf:
    1.1. Tokko sadaffaan miseensa yaa'ii waliigalaa ajandichaaf mallattoo deeggarsaa barreeffamaan walitti qabaatti yoo dhiheessan ykn
    1.2. Yeroo gaafichi dhihaatu miseensonni buusii adda hin kutin tokko sadaffaan barreeffamaan gaafachuudhaan ta'a.
2. Yaa'iin waliigalaa dhimmicha irratti murtii dabarsuu isaatiin dura bakka bu'aa komiin itti dhihaate sana komii Muslimoonni dhiheeffatan maqaa wajjin yaadaafi deebii sirrii akka itti kennu godhamuu qaba.

## BOQONNAA KUDHATOKKO: SIRNA SEERRI MAJLISICHAA ITTIIN FOOYYEFFAMU

**Keeyyata 90: Yaada Seera Majlisichaa Fooyyessu Maddisiisuu**

1. Tumaalee seera majlisaa kamuu yaanni fooyyessu kan madduu danda'u qaamolee armaan gadii qofaani:
    1.1. Miseensa yaa'ii waliigala naannoo tokko sadaffaa oliin yaanni fooyyeffamuu yoo deeggaramee dhihaate;
    1.2. Yaanni fooyyessuu kun hoji raawwachiiftuu naannichaa sagalee caalmaan deeggaramee gaaffiin yoo dhihaate.
    1.3. Yaanni fooyyessuu kun mana marii ulamoota naannootiin sagalee caalmaan deeggaramee gaaffiin yoo dhihaate.
    1.4. Yaanni fooyyessuu kun yaa'ii waliigalaa godina kamiitiinu sagalee caalmaan deeggaramee yoo dhihaate.
2. Keeyyata kana keeyyata xiqqaa 1 keessatti qaamotii ibsaman keessaa tokko yaada fooyyessuu seeraa kana yoo maddisiisanii waajjira yaa'ii waliigalaatiif dhiheessanii yaadichi seera majlisa federaalaa kan hin faallessine yoo ta'e ajandichi mariitti dhihaata.

**Keeyyata 91: Fooyyessa Idilee Mirkaneessuu**

1. Dhimmootii ciccimoo sirna fooyyessuu addaa barbaadan boqonnaa seera majlisa kanaa kutaa sadii jalatti tumamaniin ala jiran kanneen tumaalee seera majlisaa idilee ta'anii aangoon fooyyessuu kan yaa'ii waliigala naannichaati.
2. Yaa'iin waliigala naannichaa fooyyessuu idilee kan inni mirkaneessu miseensotii argaman keessaa yoo xiqqaate 2/3 ffaan yoo deeggarame qofa.

**Keeyyata 92: Tumaalee Murteessoo Sirna Fooyyessa Addaa Barbaadan**

1. Tumaaleen murteessoon dhimmootii ciccimoo ilaalchisanii keeyyata kana keeyyata xiqqaa lama jalatti tumaman sirna fooyyessuu addaa kutaa kanaan tumameen yoo ta'e malee hin fooyyeffaman.
2. Tumaaleen majlisa kanaa kan isaan 'tumaalee murteessoo sirna fooyyessuu addaa barbaadaniidha' jedhaman dhimmootii armaan gadii keessaa yoo xiqqaate tokko kan ilaallatu yoo ta'eedha. Isaanis:

2.1 Dhimma imaamaafi bulchiinsa masjidaa irratti kan murteessuu mirga guutuu qabu Muslima masjidichatti galmaa'ee sagadu qofa ta'uu;

2.2 Filatamaa dhimma Islaamummaa gulantaa kam irrayyuu jiru mirgi aangoo irraa kaasuu kan qaama kallattiin filatee qofa ta'uu;

2.3 Namni dhimma Islaamummaa keessatti ummataan filatame kamuu yeroo ummanni sun amantii irraa dhabe taayitaa isaa lakkisuun dirqama ta'ee dambii bulmaataa, ajajaafi qajeelfama kana faallessu baasuun kan hin danda'amne ta'ee qaamni gulantaa tokko irratti filatamee gulantaalee itti aanan dabareen jiraniin amanamtummaa argatee filatame, gulantaa duraa qofaan amanamtummaa dhabuudhaan osoo warri dabareen jiran amantii isaanii irraa hin kaasin taayitaa isaa kan hin lakkifne ta'uu;

2.4 Muslimni kamuu ulaagaalee filannoo guuttatee dhihaannaan sababa ilaalcha diinii inni hordofuu kaadhimamaa majlisaa ta'ee akka hin dhihaanne gochuun hin danda'amu.

2.5 Sadarkaa masjidaa irraa kaasee hanga biyyoolessaatti waldaaleen daa'iiwwanii, dubartootaa, dargaggootaa, hayyootaafi ogeeyyii Muslimaa ni gurmaa'a. Waamamiinsi isaaniis hoji raawwachiiftuu gulantaa sanaan jiruuf ta'a.

2.6 Koree bulchiinsaafi gurmaa'ina masjidaa irraa jalqabee hanga majlisa biyyoolessaatti kanneen jiran waggaa shan shanitti filannoon geggeeffama. Sababa kamiinuu yeroon filannoo kan hin dheereffamne ta'ee garuu haalli baay'ee rakkisaan uumamuun yaa'ii waliigala federaalaa lama sadaffaan yoo mirkaneeffame qofa yeroo tokkoof hanga waggaa tokkoo qofatti bara filannoo dheeressuu danda'u.

2.7 Caasaan dhimma Islaamummaa gulantaa kam irrattuu argamu Muslima tokko ijjannoo amantii ykn siyaasaa inni qabuun ykn sababa biraatiin tajaajila akka hin arganne gochuun hin danda'amu.

2.8 Qaama majlisaa kam irrattuu qajeelfamni tokkummaa ummata Muslimaa tuqu, ykn jamaa'aa tokko ykn hordoftoota mazhaba tokkoo boodatti hambisu ykn miidhu hunduu kufaadha.

2.9 Bulchiinsi masjida kamiituu nama masjidichatti salaatuufi jiraataa naannoo sanaa ta'eef yeroo ulaagaa guuttate waraqaa eenyummaa miseensa jama'aa masjida sanaa ta'uu isaa akeeku kennuufii dirqama qaba. Ijjannoofi eenyummaa isaa kamiinuu waraqaa eenyummaa dhorgatamuu kan hin dandeenye ta'uu;

2.10 Hoggantoonni majlisaa gulantaa hunda irrattuu argaman kaayyoon ijoon majlisaa Islaama tiksuu, babal'isuu, mirgaafi faayidaa Muslimootaa eegsisuu ta'uu hubatanii kan inni dhaabbateefi aantummaa godhatu Islaamaafi Muslimootaaf ta'uu hojiin agarsiisuun dirqama ta'uu;

2.11 Hoggantoonni majlisaa hanga federaalaatti jiran Muslimoonni naannoo isaanii jiraatan karaa seerri eeyyamuun gurmaa'anii hawaasa isaanii akka tajaajilan gargaaruun dirqama isaanii ta'uufi warra gurmaa'anis hanga humni eeyyameen gargaaruun, akkasumas karaa isaan ittiin ciman barbaaduun dirqama isaanii ta'uu;

2.12 Majlisni gaaddisa ummata Muslimaafi dhaabbata isaan bakka bu'u waan ta'eef walitti qabama maqaa Islaamaafi Muslimaatiin gurmaa'an hundaa garaa garummaa kamiin alatti hammachuufi gargaaruu, mirgiifi bilisummaan isaanii akka hin tuqamne cinaa isaanii dhaabachuun akka irra jiru;

2.13 Gulantaa dhimmoota Islaamummaa hundarrattuu murtiin kan inni dabarfamu sagalee caalmaan ta'ee namni yaanni isaa sagalee caalmaan kufe hanga fatwaa hin taaneen murticha jala buluun dirqama ta'uu;

2.14 Manni marii dhimmoota Islaamummaa gulantaan isaa gadi aanaan inni dhumaa mana marii masjida naannoo yoo ta'u filannoon yeroo hundaa mooraa masjidaa keessatti qofa ta'uu;

2.15 Muslimni kamuu mirgi masjida kamittuu salaatuufi barnoota hordofuu isaa eenyunuu daangessuu kan hin dandeenyeefi garuu filannootti kan inni hirmaachuu danda'u masjida naannoo jireenya isaa jiruufi buusii miseensummaa itti kafale qofa ta'uu tumaaleen dubbatan tumaalee murteessoodha.

**Keeyyata 93: Kaayyolee Murteessoo Sirna Fooyyessa Addaa**

1. Tumaaleen boqonnaa kanaa akkaataa kaayyolee murteessoo keeyyata kana jalatti ibsamniitiin hiikamuu qabu.
2. Kaayyoleen murteessoon majlisaa sirna fooyyessuu addaa boqonnaa kanaa kanneen armaan gadiiti:
   2.1. Amantii Islaamaafi faayidaalee Muslimootaa eeguuf;
   2.2. Tokkummaafi gamtaa Muslimootaa eeguuf;
   2.3. Karaa nagaa ta'een Islaama biyyattii keessa babal'isuu;
   2.4. Akka Muslimoonni daa'imummaa kaasanii Islaama gadi fageenyaan hubataniifi hojiirra oolchan dandeessisuuf;
   2.5. Muslimoonni karaa Islaamawaafi seerri biyyattii eeyyamuun karaa barbaadaniin bifa dhuunfaatiinis ta'ee gurmiidhaan dhimmootii biyyattii hunda keessatti dammaqinaan akka hirmaatan gochuu;
   2.6. Qaamotii kallattii adda addaatiin Muslimoota hundaawuu, keessumaa warra naannoo



Mana Marii Waliigala Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

lakkoofsi Muslimaa xiqqoo ta'e jiraatanitti, ummata Muslimaa amantii isaa irraa baasuuf socho'an kamuu fuuldura dhaabachuun akka isaan Islaama sirriitti hubataniifi hojjatan dandeessisuu;

**Keeyyata 94: Sirna Fooyyessa Addaa**

Tumaaleen murteessoon dhimmootii ciccimoo kanneen sirna fooyyessuu addaa boqonnaa kanaan tumaman barbaadan, yaanni fooyyessuu isaanii keeyyata 85 irratti hundaa'ee dhihaatee ajandichi yaa'ii waliigala naannoo 2/3'n erga deeggaramee yaa'iin waliigala majlisa godina hundaatuu Walga'ii addatti godhaniin yoo sagalee 2/3'n mirkaneessan qofa ta'a.

## BOQONNAA KUDHALAMA: TUMAALEE ADDA ADDAA

**Keeyyata 95: Miseensummaa Majlisaafi Buusii Miseensummaa**

1. Muslimoonni hunduu abbaan manaa ykn haati manaa ykn itti waamamaan maatii Muslimaa miseensa mana jireenyaa tokko keessa wajjin jiraatan kanneen gaa'ila hin uummanneefi of hin dandeenye ykn umriin isaanii ga'eessa ta'ee hojii ga'aa ykn galii hin qabne hundaa bakka bu'uudhaan buusii miseensummaa yeroo qeenxee ta'e hangaafi yeroo majlisa naannoofi biyyoolessaatiin murteeffamu kafalee waraqaa miseensummaa fudhachuu qaba.
2. Namni miseensa ta'e hundi buusii miseensummaa murtaa'e waggaatti altokko ni kafala;
3. Buusiin miseensota irraa sassaabamu qoodiinsa qajeelfama keessatti ibsamuun, akka bajata majlisa gulantaa adda addaa deeggaruuf majlisa naannootiin eerama.
4. Masjidoonni hundi tajaajilaafi eegumsa/ gaaddisa majlisa irraa waan argataniif kafaltii tajaajilaa majlisni naannoo murteessu ni kafalu.

**Keeyyata 96: Madda Galii Majlisaa**

Buusii miseensummaatiin alatti maddi galii Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa kanneen armaan gadiiti:

1. Gargaarsaafi kennaa tola ooltota alaafi biyya keessaa irraa argamu;
2. Qophiiwwan maallaqa sassaabuu adda addaa irraa;
3. Kafaltii tajaajila keessummeessaa adeemsa hajjiifi umraa
4. Galii mirkaneessa Halaalaa irraa argamu;
5. Galii fandii pirooppoozaala qophii waqfiifi piroojektii irraa argamu;
6. Daldalaafi kiraa gamoo haala kaayyoo isaa raawwachiisuu danda'u;
7. Gargaarsa dhaabbileefi qooda fudhattoota adda addaa irraa argamu.
8. Kiraa bakkaafi manaa irraa,
9. Waldaalee adda addaa irraa gosaan,
10. Sochii daldalaafi investimentii seera qabeessaa fi
11. Karoota seera qabeessa biroo kam irraayyuu ni ta'a.

**Keeyyata 97: Faayidaa Addaa Hoggantoota Kabajaan Geggeeffamanii**

Faayidaa addaa hoggansa yaa'ii ulamaa, hoji raawwachiiftuufi hoggansa olaanoo bulchiinsaa kabajaan geggeeffamanii ilaalchisee hoji raawwachiiftuun tumaalee ifaa ni baasa.

**Keeyyata 98: Yeroo Dambichi itti Ragga'u**


Seerri majlisaa kun erga Yaa'ii waliigala Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaatiin akka lakkoofsa biyya keenyaatti guyyaa har'aa 29/01/2016 mirkanaa'e irraa eegalee kan ragga'e ta'a.


Kabajamoo Sheykh Jamaal Muusaa Jiloo


Pirezdaantii Mana Marii Olaanaa Dhimmoota Islaamummaa Naannoo Oromiyaa

Sheyk Jamaal Muusaa Jiloo
Pirezdaantii
الشيخ جمال موسى جلو — رئيس المجلس
ሸይኽ ጀማል ሙሳ ጂሎ -ፕሬዝዳንት
Sheik Jemal Musa Jilo- President


Yaa'ii Waligalaa Majlisa Naannoo Oromiyaa
Gumii Araaraa
Pireezidaantii
Oodiitiifi Inspeekshinii
Koree H/Raawwachistuu
Boordii Gorsituu
D/I/A/Piree(Dh.Dinii)
I/A/Piree(dhi Gurm)
W/ra D/I/A/P
Qindeessaa Dhimma Diinii
Qind/Dh/ Gurmaainaa
W/ra D/I/A/P
M/M/ Ulamaa Oromiyaa (Muftii Oromiyaa)
Barreessaa Ol'aanaa
Waamamtoota Kilaastaroota
W/ra Barreessaa
Hojii Gaggeessaa
I/A/H/Geggeessaa
W/ra H/G
D/B/Faavinansii
D/Karoora,Hor, Madaal
Ooditii Keessaa
Taj/Seeraa
D/Halaalaa
D/Bar. Leenjii
D/Mas. Waq
D/Koomun.
D/Nag. Dia
D/Haj.U
D/Da'.fi Mad.
D/Gal.Mis
D/Gur. D/D
D/Haw. C/H
Majlisoota Godinaalee/Magaalotaa


Yaa'ii Waligalaa Majlisa Godinaaf Magaaloota
Oditii fi Inspeekshinii
Koree Hojii Raawwachiftuu
Koree Araaraa
Yaa'ii Ulama'a
D/Ta'aa
Boordi Gorsituu
I/A/D/Ta'aa
Barreessaa
Hojii Gaggeessaa
Karoora
Kutaa Fatwaa
Dip/Tarbiyaaf Ta'alimaa
Dip/ Masjidaaf Dhaabilee Islaamaa
Dip/Galii fi Misooma
Dip/ Gurmaa'inaa
Dip/ Dargaggootaf Dubartoota
Dip/ Da'awaaf Irshaad
Dip/Nageenyaaf Haawaasumaa
Dip/ Bulchinsaaf Faayinansii
Dip/ Leenjii Barnootaa fi Qoorannoo Hambaalee
Dip/ Hajji Fi Umra


Yaa'ii Waligalaa Majlisa Aanaa
Oditii Fi Inspeekshinii
Koree Hojii Raawwachiftuu
Gumii Araaraa
Yaa'ii Ulama'a
D/Ta'aa
Boordi Gorsituu
I/A/D/Ta'aa
Barreessaa
Hojii Gaggeessaa
Karoora
Dip/ Da'awaaf Irshaad
Dip/ Masjidaaf Dhaabilee Islaamaa
Dip/Nageenyaaf Haawaasumaa
Dip/Galii fi Misooma
Dip/ Gurmaa'inaa
Dip/ Dargaggootaf Dubartoota
Dip/Tarbiyaaf Ta'alimaa
Dip/ Bulchinsaaf Faayinansii
Dip/ Leenjii Barnootaa fi Qoorannoo Hambaalee
Dip/ Hajji Fi Umra


Yaa'ii Waligalaa Majlisa Masjidaa
Oditii Fi Inspeekshinii
Koree Hojii Raawwachiftuu
Koree Araaraa
Imaama
W/Qabaa
Mu'azin
Qindeessaa Ta'alima Qiraati fi
I/G Da'awaa fi Tarbiyaa
Barreessaa
I/G Dhimma Haawaasummaa
It/g/ bulchiinsafi faayinaansii
Itti gaafatamaa Barnootaafi Madrasa
It/ga/gur/ dubartootaa
It/g/ Gur/ dar/fi ogummaa
Qin/misooma haw.,taj. tola ooltummaafi
It/ ga/ naamusa
Qind/ayyaan,konfaransiifi sagantaa adda addaa
It/gaa/miso. fi kunuunsa masiidaa
It/ ga/ gur/ Dubartootaa
Qin/dhimmoota gammachuu.fi gaddaa
It/ga/waldaalee daldalaa/fi ogum/ adda addaa
It/ ga/ galii guddisuu
Qin/gar. khaadimoota diinii